# FAARUU SHIMALAA DHIICHISAA KEESSAATTI IJA XIINWALALOO NAANNOO HAWAASA AANAA WARRA JAARSOOTTIIN

**SHAAMBAL WAAQJIRAA ALAMAAYYOO**

**WARAQAA QORANNOODIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMII FI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**SADAASA, 2021/2014**

**FINFINNEE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA, JORNAALIZIMIIFI QUNNAAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIITIIF KAN DHIHAATU**

***FAARUU SHIMALAA DHIICHISAA KEESSAATTI IJA XIINWALALOO NAANNOO HAWAASA AANAA WARRA JAARSOOTTIIN***


**SHAAMBAL WAAQJIRAA ALAMAAYYOO**

**GORSAA: ASAFAA TAFARRAA DIBAABAA**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**



**SADAASA 2021/2014**

**FINFINNEE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA DHAABBATA QORANNOO DURAATTIN BOODDEE**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digrii lammaaffaa (AM) Afaan Oromoo fi ogbarruu gamisaan guuttachuuf Shaambal Waakjiraa Alamaayyoo mata duree “Faaruu Shimalaa Dhiichisa Keessatti Ija Xiinwalaloo Naannoo Hawaasa Aanaa Warra Jaarsootiin qaaccessuu” jeshu qopha’ee sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa’e guute jira

## Koree qormaataaa

Qoraa alaa ___________________________mallattoo_________________Guyyaa____________

Qoraa keesaa__________________________mallattoo_________________Guyyaa____________

Gorsaa__________ ____________________mallattoo_________________Guyyaa____________

# AXEREERAA

*Kaayyoon qorannoo kanaa faaruu shimalaa dhiichisaa keessatti ija xiinwalaloo naannoo hawaasa aanaa Warra Jaarsoo maal akka fakkaatu qo'achuudha.Kaayyoo kanaas galmaan naaf ga'a jedhee malli iddattoo qorannichaas kan filataman,mala miti carraa kaayyeeffataafi iyyaafannoon namoota waliin afgaaffiifi Marii gareetiin adeemsifameera.kanaa malees,qorataan qorannoo kanaa,bakka dhiichisni jirutti argamuun yoomessa uumamaa keessatti daawwannaa a ggeessuun,dabalataanis,namoota dhiichisa irratti hirmaataniifi daawwatan waliin afgaaffii gaggeessuun odeeffannoo funaannateera.Yeroo daawwannafi afgaaffiin adeemsiffamu kanaas odeeffannoofunaannuuf maloota waraabbii suursagaleefi uunka daawwannaa (check list) guutuu n odeeffannoon barbaachisu walitti qabameera.Kana malees Waajjira Aadaafi Turizimii aanichaa dhaquun odeeffannoo argachuuf yaalu illee waajjirri kun waan shimala wal qabatu hanga har'atti wanti hojjetame hin jiru garuu gara fuunduratti karoora akka qaban odeeffadheera.Ragaaleenmaloota armaan olii kanaan walitti qabaman kanneen;yaaxxina haala, yaaxxina uummama naannoo/ecocritism/fi Yaaxxina naannoo faarsuu/ecopoetics/fayyadamuun mata duree garagaraa jalatti qoqqoodamaniiru.Itti aansuun,mala qorannoo qulqulleeffataatti gargaaramuun,yaaxxina haala,yaaxxina ummama naannoofi yaaxxina naannoo faarsuu itti fufiinsaa bu'uura godhachuun odeeffannoowwan kunniin qaacceffamaniiru.Adeemsa qaaccessa ragaalee kana keessatti uummanni aanaa sanaa dandeettii kalaqaafi falaasamaa seenaa,duudha a,safuufi ilaalcha naannoo isaaniitii qaban dhiichisaa ibsachuu akka danda'an irra ga'ameera.*

*Walumaagalatti, firiin qorannoo kanaa, uummata Oromoo Godina Shawaa Kaabaa yookaan salaale kan aanaa Warra Jaarsoo keessatti dhiichisni haalotii garagaraa kan akka siyaasaa,ama ntii,hawaasummaafi aadaa keessatti kan tajaajiluudha.Haalotii kanneen keessatti, ergaawwaan akka onnachiisuu,balaaleffachu too'achuu,walgorsuu, faarsuu/jajuu/ kutannoon,barsiisuu,qeequ fi quuqaa baafachuu of keessaa qaba.Dabalataanis, dhimmootii irratti xiyyeeffatanii dhiichisan irratti hundaa'ee hurruubummaan dhiichisaa garaagarummaa kan qabuudha. Kana jechuunis, akkaataan hurrubummaa kan kabaja sirna amantii Ortodooksiifi waaqeffannaa qaalluu tokkoo miti.Akkasumas,hurrubummaan dhiichisa xiiqiifi kan yeroo hojii haamaa gargariidha.Kanaaf,fir iiwwan dhiichisaa kana bu'uura godhachuun dhimmi dhiichisaa kun dhimma kalaqaafifalaasa Oromoo waan ta'eefi dandeettii afaanii afran barsiisuuf akkuma goorowwan afoola biroo ga'ee guddaa waan qabuuf, qophii kitaaba barnootaa keessatti qophaa'ee yoo ittiin barsiifameefi ittiin baratame kalaqnifi falaasamni uummatichaa dabalaa akka deemuu danda'u; akkasumas, qaamni dhimmi kun ilaallatu afwalaloo dhiichisaa gara barreeffamaatti jijjiiranii maxxansuufisu ursagaleen dhiichisa waraabanii olkaa'uun dhaloota dhufuuf akka dabarsan yaadni furmaataa k ennameera.*

## Galata

Kaayyoo qorannoo kootii akkaan galmaan ga’uuf dadhabbii tokko malee karaa hundaan na cinaa dhaabbachuun kan na waliin dhama’an gorsaa koo Asafaa Tafarraa (PhD) baay’een galateeffadha. Kana malees yeroo sababa dhukkuba yeroo amma dhufeen tuttuqaan hin danda’amu jedhamaa tureetti isaan garuu kutannoo mataa isaanittin naaf ilaalun, kana galchi, kana immoo keessaa baasi naan jechaa turuu isaaniitiif galanni koo daanga hin qabu.Waaqayyo umrii dheeraa isaaniif yaa kennu, jechuun barbaada.

Itti aansuudhaan guyyaa barnoota digirii lammaffaa (MA) eegalerraa kaasee hanga xumura qorannoo kanaatti ta’ee yaadaan kan na biraa dhaabattefi ijoollee koo faana ta’uun obsaan kan naaf guddisse haadha manaa too Asteer manyuutiif galanni koo daangaa hin qabu.

Dabalataanis,maatiifi firoottan koo marri, akkasumas,namoota odeeffannoo qorannoo kanaa naaf kennuun na gargaaran, yaadaan waan na gargaaraniif guddaan galateeffadha.Akkasumas, qeerroo Aanaa Warra Jaarsoo kanneen dhiichisa irratti hirmaataniifi namoota iddoo dhiichisaatti haala naaf mijeessan hunda isaanii osoo galateeffatiin bira darbuu hin barbaadu.

## Hiikaa jechootaa

| | |
|---|---|
| Afee------------------------- | Hambaa hawaasa |
| Afwalaloo---------------------- | Walaloo afaaniin darbu |
| Arii’e---------------------------- | Kaachiise |
| Burkutuu---------------------- | kan tortoore |
| Buusuu-------------------------- | Baasuu |
| Cabsaa-------------------------- | Ceesiisa |
| Daanyaa------------------------ | Abbaa murtii |
| Fokkortuu---------------------- | Ofjeejjuu |
| Haanxa’uu--------------------- | Luqqaa’uu |
| Kuulee--------------------------- | Bareechee |
| Lugna---------------------------- | Gadhee |
| Qa’ee---------------------------- | Araddaa/Gooxii/ |

# Qabiyyee

**Bafata** **Fuula**

AXEREERAA ........................................ i
Galata ........................................ ii
Hiikaa jechootaa........................................ iii
BOQONNAA TOKKO:SEENSA ........................................1
1.1 Seenduubee Qorannichaa ........................................ 1
1.2 Ka’umsa Qorannichaa........................................ 3
1.3. Kaayyoo Qorannoo ........................................ 4
1.3.1. Kaayyoo Gooroo ........................................ 4
1.3.2. Kaayyoo Gooree ........................................ 4
1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa........................................ 5
1.5. Daangaa Qorannoo........................................ 5
1.6. Hanqina Qorannichaa........................................ 6
1.7. Ibsa Naannoo Qorannichaa ........................................ 7
1.7.1. Akkaataa Moggaasa Maqaafi Daangaa Aanaa Warra Jaarsoo. ........................................ 7
BOQONNAA LAMA........................................11
2.Sakatta’a Barruu........................................11
2.1. Oguma........................................ 11
2.1.1. Ogafaan........................................ 11
2.2. Faayidaa Ogafaanii (fookiloorii)........................................ 13
2.3. Goorowwan Ogafaanii ........................................ 13
2.3.1 Afoola ........................................ 14
2.3.2. Duudhaa hawaasaa........................................ 18
2.3.3. Aartii sochii hawaasaa ........................................ 19
2.3.4. Wanta Aadaa........................................ 19
2.4. Duudhaa Hawaasaa........................................ 25

2.5. Aartii Sochii Qaamaa ........ 26
2.6. Afwalaloo ........ 27
2.6.1. Afwalaloo Dhiichisa Akka Sochii Qaamaatti ........ 30
2.6.2. Amaloota Afwalaloo ........ 32
2.6.3. Faayidaa Afwalaloo ........ 34
2.6.4. Gosoota Afwalaloo ........ 36
2.7. Faaruu ........ 39
2.7.1. Maalummaa Faaruu ........ 40
2.7.2. Gooreewwan Faaruu ........ 42
2.7.3. Faayidaa Faaruu ........ 52
2.8. Yaaxxinaalee (Dayeessota) Qorannoo Fokloorii ........ 53
2.8.1. Yaaxxina Haalaa (Contextual Theory) ........ 54
2.8.2. Walaloon Naannoo Faarsuu/Ecopoetics ........ 55
2.9. Walsimannaa Yaaxxinaalee Foklooriifi Faaruu ........ 56
2.10. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii ........ 56
BOQONNAA SADI ........ 58
3. Mala Qorannichaa ........ 58
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 58
3.2. Madda Odeeffannoo ........ 58
3.3 Mala Iddatteessuu ........ 59
3.3.1. Iddattoo Bakkaafi Irraawwatamtootaa ........ 59
3.3.2 Iddateessuu ........ 59
3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaalee ........ 60
3.4.1 Af-gaaffii ........ 61
3.4.2.Daawwannaa ........ 61
3.4.3 Marii Garee ........ 62

3.5.Meeshaalee odeeffannoo ittiin funaannamu. .... 62
3.6. Qindaa'ina Qorannichaa .... 63
BOQONNAA AFUR .... 64
4. Xiinxala Ragaalee .... 64
4.1. Maalummaa Dhiichisaa Shimalaa .... 64
4.1.1. Hariiroo shimalaafi dhiichiisa gidduu jiru .... 66
4.1.2.Hariiroo Fayyadamtoota Shimalaafi Dhiichisa gidduu jiru. .... 67
4.1.3.Haala Qabannaa Shimalaa .... 68
4.1.4. Haala Rukkutaa Shimalaa Dhiichisa keessatti .... 69
4.1.5.Haalafi yoomessa Rukkutaan shimalaa dhiichisa keessaati. .... 70
4.2. Gaheen RukkutaaShimalli Dhiichisa Keessatti qabu .... 73
4.2.1.Kunuunsa shimalaafi Iddoo Olkaa'a Shimalaa .... 75
4.3. Faaruu Shimala dhiichisa keessatti Dhiyaatu .... 77
4.3.1. Akkaataa Dhiyaatinaa Faaruu Shimalaa Dhiichisa Keessatti .... 77
4.3.2. Yoomessa Faaruu Shimalaa Bifa Dhiichisaan dhiyaatu .... 80
4.3.3. Hirmaattota Faaruu Shimalaa Dhiichisaan Keessatti Dhiyaatuu .... 82
4.3.4.Qooda Hirmaattota Faaruu Shimalaa dhiichisaan keessaatti qabanii. .... 83
4.3.5.Haala Dhiichisa Faaruun Shimalaa Yeroo Amma Irra Jiru .... 85
4.3.6. Baay'ina Hirmaattota Faaruu Shimalaa Bifa Dhiichisaan Dhiyaatuu; .... 86
4.3.7.Garaagarummaa Faaruu Shimalaa Dhiichisa keessatti Dhiyaatuufi Afwalaloo Biroo Keessatti dhiyaatu .... 87
4.4.Bu'aa Faaruu Shimalaa Dhiichisa Keessatti Qabu. .... 88
4.5. Seerota hirmaataan faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu osoo gara dhiichisaa hin dhaqin beekuu qabun .... 90
4.6 Akaakkuwwan Faaruu Shimalaa Bifa Dhiichisaan Dhiyaatuu Keessatti Argamuu .... 91
4.6.1. Faaruu Cimina Shimalaa Agarsiisu .... 91

4.6.2. Faaruu Madaan Shimalaa Ulfaataa Ta’uu Agarsiisu ........................................ 93
4.6.3. Faaruu Haala Qabannaa shimalaa Mul’isu ........................................ 95
4.6.4.Faaruu Rukuttaan Shimalaa Daangaa Qabaachuu Agarsiisu ........................................ 96
4.6.5. Faaruu Shimalli Fayyadamtoota Isaa Waliin Hariiroo Cimaa qabaachuu Agarsiisu . 97
4.6.6. Faaruu Dabeessa Qeequ ........................................ 100
4.6.7.faaruu shimalli kan hin bilchaanne ta’uu isaa ibsu ........................................ 100
4.6.8. Faaruu wal Tuffii waliin waliinii Agarsiisu ........................................ 101
BOQONNAA SHAN; GOLOBAAFI YABOO ........................................ 103
5.1 Goloba ........................................ 103
5.2 .Yaboo ........................................ 104
Wabiile ........................................ 107
Dabalee .A ........................................ 111
Dabalee .B. ........................................ 112
Dabalee.C. ........................................ 113
Dabalee .D ........................................ 115

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Uummanni Oromoo uummata aadaa,duudhaa,safuufi seenaa baay'ee isa calaqqisiisu kan akka galanaa warrabamee hin dhumne kan mataa isaa qabuudha.Aadaa,duudhaafi seenaa gabbataa qabu kanaas kallattii garagaraan waldhaalchisaa kan tureefi yeroo ammaas waldhaalchisaa kan jirufi funduraattis kan itti fufu ta'uu isaati.karaalee ittiin waldhaachisaa har'a ga'e kunnis inni tokko afoola.

Afoolligoorowwanfooklorii keessa tokko ta'ee ogummaan barreeffamaa osoo hindagaagina dura afaanniffaan aadaafi seenaa hawaasaa hubachiisuu keessatti gahee guddaa taphachaa kan tureefi taphachaa kan jiruudha.Kanuma cimsuuf haayyonni afaanii afoolarratti yaada adda addaa lafa kaa'aniiru.

Kafyaalawn (2016) Georges fi Jones (1995: 314) wabeeffachuu yoo ibsu:"Through the folklore people can educate each perpetuate challenge or a group socialnorms and values information others about the basis for or nature of their calture and entertain or be entertarined,"jedha.

Yaadni armaan olii kana irraa wanti hubatamu foklooriin hawaasa keessatti kallatti adda addaattiin gumaacha gochuu isaa hubachiisa.kana jechuun hawaasni afoola gargaraamuun eenyumma isaa, quuqqaa isaa,duudhaa isaa kan itti ibsatufi addunyaa ittin barsiifatuudha.kana malees afoolli hawaasa fayyadamuuf kallattii adda addatiin qeequu,barsiisuu,bashannansiisuu akka danda'u nu hubachiisa.yaaduma kana cimsuun

Tafarii (2004:133 irratti"Afoolli hojii huccuu miidhaginaa uffatee jiruufi jireenya hawaasaa miidhaksee qindeessuun afaaniin dhalootaa dhalootatti dabarsaa tureedha.Kanaafuu aadaafi seenaa saba tokkoo, sadarkaaguddina hawaasichi irra turefi sadarkaa guddinaa akkasumas bal'ina afaanii kan calaqqisiisudha."

Akka yaada kanaatti afoolli kalaqa sammuu dhala namaa ta'ee kara waan keessi nama yaadu afaaniin dabarsaniidha. Inni kunnis callisee osoo hin taane miidhagina gonfachiisuun gurra nama dhaggeeffataa qiqirsaa kan erga dabarsu ta'uu isaati.kana malees afoolli haala sadarkaa ummanni irra jiruufi haala akkami keessa akka ture illee ibsuuf qooda gudda kan qabuudha.Inni biroo

afoollis haala dhiyaatina isaarratti hundaa'uun dameewwan garagaraatti qoqqoddama danda'a.yaada kana ilaalchisee ayyoonni adda addaa yaada ka'aniiru.Misgaanu.G.(2011)

> *Ogafaan bifa hololoo/seenessuutin/(sheekkoo,durdurii,baacoo,afseenaa…),uunkaalee gaggab aabon kan mul'atan (hiibboo,mammaaksa)fi bifa afwalaloon(weedduu jaalalaa,weedduu hojii geerarsa, mararoo,weedduu ateetee,sirba,faaruu loonii,weedduu dhimmaa siyaasaa, weedduu huruursa mucaa, weedduu gootummaa,weedduwwan seenaa,tapha ijoollee,weedduwwan amantii,weedduwwan ajjeechaa,hiibboo al tokko tokko)fi k.k.f ni mul'achuu danda'a.*

Yaada armaa olii irraa akkuma hubatamu afoolli haala qabiyyee isaati qoqqodamuu kan danda'u ta'uu isaati isaan kuni afoolli bifa hololoo, uunkaa gaggabaaboofi bifa afwalaloon dhiyaachuu akka danda'uudha.Kanaafuu gosoonni afoolaa akkuma gargar ta'an faayidaan isaan kennanis gargarta'uuisaaniiti. Kanneen keessaafulleffannaan qorannoo kanaa garuu faaruu ta'a.

Gosoota afoolaa keessaa ogwalaloon isa tokko ta'ee jechoota muraasan ergaa bal'aa dabarsuu kan danda'uufi karaa biraatiin ogwalaloon amala muuziqaa kan qabu ta'ee bashannansiisaa yaada keenya kan itti ibsanuudha.Sababni isaas gosoota ogwalalaloo keessaa immoo faaruwwan adda addaa argamuu danda'a waan ta'eefi.

Yaada kana Finnegan (1970) yoo ibsitu"songs can be used to report and comment on current affairs political propaganda and to reflect and mould public opinion" faaruun dhimmoota adda addan walqabsiisun dhiibbawwaan tureefi isa ammajiru ittin ibsachuuf gargaara.kana malees haala yeroon walqabsiisundhiibbaa siyaasaa, kaka'umsaafiilaalcha dhuunfaafi hawasaa ibsuuf kan fayyaduudha.Kanaaf namoonni waan yaadan sana aadaa isaanitti waan faarfachuun barbaachise irratti hundaa'un ni faarfatu.

Walumaagatti namoonni ogwalaloo adda addaatti gargaaramun waan quuqqaa isaaniifi haqa ummata bal'aa keessaa jiru gosoota ogwalaloo keessaa faaruuti fayyadamuun yaada isaaniifi waan ummanni gungumu ummataa isaaniif ifa baasuudha.Faaruun kunnis bifa aadaatiin meeshaalee itti fayyadamnu haala gurra namnatti tolutti kan farafamuudha.kanaaffaaruun aadaa gosa afwalaloo ta'ee kan wal irra baratamuufi maatiifi garee hawasaa murta'aa biratti bal'inaan argamuudha.Yeroo kana jennu faaruun sagalee muuziqaatiin kan dhiyaatu ta'ee kan nama biroo irraa barachuu dandeenyufi kan ofumaa keenyaafillee uumuu dandeenyu ta'uu isaa hubanna.

Xiyyeeffannoonqorannoo kanaas gosoota afoolaa keessaa kanneen bifa afwalaloon dhiyaatanirratti yoo ta'u, afoolota bifa afwalaloon dhiyaachuu danda'an keessa immoo faaruu shimalaa dhiichisa keessatti ija xiinwalaloo ummata Oromoo salaalee keessatti fi haala ilaalcha Oromoo Aanaa Warra Jaarsoottikan jedhu irratti kanxiyyeeffateedha.

## 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Namni qorannoo adeemsiisu tokko lafumaa ka'ee qorannoo kan adeemsifaamu osoo hin taane rakkoo waan tokkoo ka'umsa godhachuunfi rakkoo kanaaf immoo furmaata maaltu barbaachisaa yaada jechu ka'umsa godhachuun kan geggeeffaamuudha.kanaaf ka'umsa qorannoo ilaalchisee.

Addunyaan (2011:53- 54)gidduutti,"ka'umsi qorannoo tokkoo dhugaa hawaasa keessatti yookan waa'ee hawaasichaa dhimma barreeffameerratti mul'atu; dhimmichis rakkoo yookan qaawwa jiru tokko duuchuufi yaaxxina tokko haaromsuuf, ibsa bal'aa dhimmicharratti kennuufi k.k.f ta'uu danda'a".

Akka yaada hayyuu kanaatti kallattii ykn bu'uura wanta qoratamu sanaa eessaa ka'anii garamitti akka deemsisan agarsiisa.Kana jechuun rakkoolee furmaata argachuu qaba jedhee qorataan sammuusaa keessatti yaaduuf deebii akka argatu kan hubachiisuudha.Kun immoo rakkoolee yookan qaawwa jiru tokko duuchuuf, akkasumaas, haaromsuuf deeman kan agarsiisudha.

Wantoonni qorannoon kun akka adeemsifamu qoraticha kakaasan keessaa.Faaruun shimalaa dhiichisakeessatti haa dhiyaatu malee hanga qorataan qorannoo kanaan hubatetti faaruun shimalaa ilaalchisee qorannoon waa'ee shimalaan wal qabate dhiyaate baay'een kan hinjirreefi carraa gara barreeffamaatti jijjiirramuu kan hinarganne ta'uu isaati.Kun immoo carraa faarsuu shimalaa iddoo dhabuufi beekkamtii qabu gadi buusaa deema.

Dabalataanis wanti qorannoo kana mata duree kana irratti  hojjechuuf na kakase.Ummanni Aanaa Warra Jaarsoo kun aanaa saba birooti wal daangessu waan ta'eef aadaa ummata achi jiraatu irratti dhiibbaa adda addaa geechiisaa waan jiruufi.dabalaatanis shimalli guyyaa gabayaafi sirna adda addaa jiru qaamolee nageenyaa (poolisiin) guurramee waan gubuufi caccabsuu akkasumaas  jijjiirrama  qilleensaan walqabatee haphachaa dhufuun  shimala gara baduutti oofaa jira.inni biraa immoo sababa amantaatin wal qabatee faaruun shimalli akka baduuf sababa ta'eera.

Akka waliigalaatti rakkoon qorataan kun qabatee ka'e shimalli baduu,faaruun shimalaa baduufidhiichisni baduudha.kanuma sababeeffachuun badii shimalaas ta'ee faaruu shimalaa akkasumaas dhiichisni kun badee akka hin banneef carra qorannoo argatee akka beekamuufi barreeffamaan illee akka ta'uuf akka duriitti deebi'e ummanni akka kununfatuufi.kanaaf adeemsa qorannoo kana keessatti gaaffileen armaan gadii deebii argatu.

- ❖ Yoomessi shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatumaal fakkaata?
- ❖ Ga'een faaruu shimalaa bifa dhiichisaan keessatti qabu maal fakkaata?
- ❖ Seeronni hirmaatotni faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu ta'uuf dursanii beekkam u qaban maal maali?
- ❖ Faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu keessatti baay'inaan eenyutu dhimma bahaa?
- ❖ Gosoota faaruu shimalaa dhiichisa keessatti dhiyaatu maal maal bu'uureffataa?

## 1.3. Kaayyoo Qorannoo

Qorannoon tokko yeroo adeemsifaamu kaayyoo adeemsifamuuf qaba kaayyoon adeemsiffamuuf kunnis galmaa barbaadame ga'uuf kan gaggeeffamuudha.Kaayyoon kun immoogama lamaan kan ibsamu yoo ta'u innis gama kaayyoo gooroofi gooreen ta'a.Kaayyoon qorannoo kanaas bifa armaan gadiin dhiyaateera.

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa faaruu shimalaa dhiichisaa keessatti ija xiinwalaloo naannoo hawaasa aanaa Warra Jaarsoo mala qorannoo kanneen akka afgaaffii,daawwannaafi marii garee gargaaramuun qaaccessuudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooreen qorannoo kanaa qabxiilee armaan gadiiti.

- ❖ Yoomessa faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu ibsuu.
- ❖ Ga'een faaruu shimalaa bifa dhiichisaan keessa qabu tarreessuu.
- ❖ Seerota sirba dhiichisaa faaruu shimalaa keessatti dursa beekkamuu qaban addeessuu.
- ❖ Gosoota faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu keessatti eenyutu baay'inaan qooda akka fudhaatu addeessuu.
- ❖ Gosoota faaruu shimalaa dhiichisa keessatti argaman ibsuu.

## 1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuun faayidaa mataa isaa qaba. Qorannoon kun sirba bifa dhiichisaaan dhiyaatu keessatti gahee shimalaa dhiichisa keessatti qabu Ija xiinwalaloo hawaasa naannoo aanaa Warra Jaarsoo irratti xiyyeeffate xiinxalu yoo ta'u. bu'aan qorannoo kana irraa argames rakkoo faaruu shimalaa dhiichisaa keessatti qabu gahee shimalaa waliin walqabatee jiru ifa gochuudha.kana malees sadarkaa gahee shimaalli dhiichisa keessaatti qabu ibsuu ta'a.

Barbaachisumma qorannoon walqabsiisee Adunyaa .B. (2011:55) irratti,"Barbaachisummaan qor annoo tokkoobarbaachisummaa mata-duree qorannichi irratti gaggeeffameefi qabatamummaa odeeffannoo bu'uura qorannichaa ta'e irratti hunda'a" jechuun ibseera.akka yaada hayyuu kanaatti mata dureen qorannoon irratti geggeeffamu fi odeeffannoo bu'uura qorannichaa ta'ee barbaachisummaan qorannoo wal simachuun murteessaa akka ta'etti kaasa.

Qorannoon kun adeemsiifamuu isaa qaamota armaan gadii kanneenifi bu'aa buusa jedhamee yaadama.

- Namoota waa'ee shimalaa irratti hubannoo hin qabnees akka hubannoo horatan gochuu danda'a.
- Ga'ee shimalli dhiichisa keessatti qeerroo Oromoo beekee akka kunuunsu gochuu.
- Waajjirri AadaaTurizimii Aanaa Warra Jaarsoo carra kanatti fayyadamuun mata duree kanafi kana fakkaatan irratti qorannoo akka hojjetaniif kakasuudha.
- Namoota mata dureekana irratti qorannoo geggeessu barbaadaniifi akka madda odeeffanno lammaaffa ta'ee tajaajilu danda'u hubachiisuu ta'a.

## 1.5. Daangaa Qorannoo

Qorannoon tokko yeroo adeemsifaamu eessa hanga eessaa,eessatti akka adeemsifamu heeru dirqama qorata tokko irraa eegamuudha.Kana malees waan barbadame tokko galmaan ga'uufi yeroo barbaachisaa keessaatti rawwaatamu,ka'umsaafi gahumsa isaa milkeessuuf daanga'uu qaba.Qorannoo daangaa malee gaggeessuun jechuun akka farda luugama malee gulufsiisuu ta'a.Kanaaf ka'umsaafi ga'umsa qorannoo beekuun dirqama barbaachisa.Yoo kana hin taane qorannoon nutti geggeessinu sun yeroo barbaachisu keessaatti qaama barbaaduf ga'uu dhiisu

mala.Kana malees rakkoo yeroo fixuu fiduun alatti rakkoo baajataafi human guddaa barbaaduu danda'a.Kanaafuu qorannoo daangessuun baay'ee murteessaadha.

Daangaa qorannoo ilaalchisuun Addunyaa B.(2011:56) irratti, "Qorannoon tokko daangaa qaba. Daangaan kunis bakkaafi qabiyyeedhaan ta'a"jechuun ibsa.Akka yaada kanaatti daangaa qorannoo murteessuuf qabbiyyeefi bakkiiddoo guddaa qabachuu isaa ibsa.

Qorataan kunnis kanuma ka'uumsa godhachuun qorannoo kana iddoon Naannoo Oromiyaa Godiina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsootti kallattiin kan fuulleffate yoo ta'u gama matadureenis faaruu shimalaa dhiichisaan keessatti Ija xiinwalaloo Hawaasa naannoo sana irratti xiyyeeffachuun kan giddun galeeffateedha.Qorannoon kun Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoorratti fuulleffachuun kan gaggeeffameedha.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun yeroo adeemsifamaa turetti, hanqinoonnifi rakkooleen hedduun na mudateera. Hanqinoota na mudatan keessaa inni duraa,haqina yerooti, hanqinni yeroo kun na muudachuu kan danda'eefi bakki jireenyi koofi bakki ani qorannoo kana hojjechuufi filadhe wal irra baay'ee waan fagaatufi deddeebi'ee hojechuufi rakkoo ture yaa ta'u malee rakkoof harka osoo hin kennine keessa darbeera.

Rakkoon inni lammaffaan yeroo qorannoo kana adeemsisu keessatti naqaqqabe rakkoo Covid 19 waliin walqabate .Yeroo kana immoo namni walitti dhufee dhiichisa adeemsisuu hin danda'amu jedhanii waan dhorkamaniifi daawwannaafis ta'ee marii garee adeemsisuuf baay'ee rakkoo ture.Haata'u malee bara 2013tti hanga tokko walitti dhufuu waan jalqabameefi rakkoosana dandamaachuun odeeffannoo guutu argadhee keessa darbeera.Rakkoon inni sadaffaan immoo, rakkoo baajataaf yeroo yoo ta'u,namoonni tokko tokko illee na hubachuu dadhabuun maallaqa n uuf kenni yookin nu hin waraabin,akkasumas,odeeffannoo siif hin kenninu kan jedhu na mudatee ra.Hanqinaalee armaan olitti kaase kunniin yoo na mudate illee, tooftaa adda addaa fayyadamuun rakkoowwankana hundarra tarkaanfadhee maloota qorannoo,afgaaffii,daawwannaafi marii gareetti fayyadamuunodeeffannoo barbaachisu funaannadhee jira.Odeeffannoo barbaachisu akkaataa tartiiba mata duree isaatin walitti qindeessuun boqonnaa afraffaa keessatti qaaccesseera.


## 1.7. Ibsa Naannoo Qorannichaa

Akka ragaan waajjira aadaafi turizimii aanaa Warra Jaarsoorraa argame hubachiisutti.Dur Oromoon gosa hin lakkaawwatu ture; tokkuma ture jechuudha.Akkaatuma wal horaa tureen jiruuf jireenya ofii jiraachuuf jecha naannoo adda addaatti godaanuun qubate.Yeroo sanaa eegalee hortee isaafi gosa isaa lakkaawwachuu eegale jedhama.kanaaf gosti Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo jedhamuus gosoota Oromoo godina Shawaa Kaabaatti yookiin salaaleetti argaman keessaa tokko ta'ee kan maatii tokko ta'anii bara dheeraadhaaf gosa ormaa malee waliin jiraachaa turuu isaaniiti.Kanarraan kan ka'e moggaasa "Warra Jaarsoo"ganamaa argatte jedhama.

### 1.7.1. Akkaataa Moggaasa Maqaafi Daangaa Aanaa Warra Jaarsoo.

Jaarsoon Salaalee qofa keessatti kan argamu osoo hin taane,Gosti maqaa Jaarsoo jedhu Tuulamaa, Wallaggaafi Harargee keessatti niargama. Jaarsoo Tuulamaa wanti adda isa godhu garuu, maatii tokko ta'anii bara dheeraadhaaf gosa ormaa malee waliin jiraachaa turuu isaaniiti. Gosti kun Salaalee keessa waggoottan hedduudhaaf hanga qarqara Sulula Mogoritti jiraachaa turaniifi ammas jiraachaa kan jiraniidha. Kanaaf, moggaasa har'aa kan "Aanaa Warra Jaarsoo" jedhamu kana argatte.

Waalumaagalatti Hidda laatinsa hortee Warra Jaarsoofi seenaa aanaa Warra Jaarsoo fudhannee yoo ilaale: hortee gurguddookan jedhaman Booranaafi Baarentuu yoo ta'aan Warri Jaarsoo gosa Oromoo Tuulamaa keessaa tokko ta'ee hortee Booranaati.Booranni hangafa yommuu ta'u, Baarentuun quxusuudha.Booranni bakka gurguddoo saditti qoodama. Isaanis: Boorana Kaabaa, Kibbaafi Gidduuti.Booranni Kaabaa Maccaafi Tuulamaatti qoodama.Tuulamni hangafa.Macci quxusuudha .Tuulamnis Daccii, Bachoofi Jiilleetti qoodama. Sadeen tuulamaa kunneenis of jalaa gosoota qabu.Hubannoo kana caatoo armaan gadiin yoo ibsinu.




Madda Caatoo 1.Hortee Oromoo

Caatoo kanarraa akka hubatamutti Warri Jaarsoo sadeen Tuulamaa Daaccii keessaa hortee Galaanidha.Galaan horteewwan Daaccii keessaa isa hangafadha.Ammas caatoon armaan gadii caalaatti hubannaa kana cimsa.

Oromoo

↓

Boorana

↓

Boorana Kaabaa

↓

Tuulama

↓

Daaccii

↓

Galaan

↓

Warra Jaarsoo

Caatoo 2: Dhufaatii Hidda Latinsa Warraa Jaarsoo

Aanaan Warra Jaarsoo biyya Oromiyaa Godina Salaalee (ShawaaKaabaa) tti argamti. Aanaan kun magaalaa guddoo biyyattii Finfinneerraa Km 186fi magaala guddoo godinittii Fiicheerraa ammoo, Km 72 fagaattee argamti. Aaanaan kun Kibbaan Aanaa Kuyyuu, Kaabaan Naannoo Amaaraa, Bahaan Aanaa Hidhabuu Abooteen, Kaaba Bahaan Aanaa Darraafi Dhihaan ammo, Godina Shawaa Dhihaan daangeffamtee argamti. Aanaan Warra Jaarsoo gandootii baadiyyaa 27fi magaalota 4 qabdi.Akka ragaan ibsutti bal'inni lafa ishee heektaara 91729 yoo ta'u, haalli qilleensa ishee Baddaa, Badda dareefi Gammoojjiidha.Irri jireessi haalli qilleensa Aanaa tanaa gammoojjii akka ta'es ragaan jiru ni'ibsa.Baay'inni ummata Aanaa Warra Jaarsoo tilmaamaan 190,488 ta'u.Akkaataa ragaan waajjira qonnaa aanaa kana ibsuutti, Aanaa Warra Jaarsoo Anaalee 14 Godinni Shawaa kaaba qabdu keessaa tokko yoo taatu.Magaalli guddoon aanaa tanaa Qarree gohaa jedhamuun beekamti.Haala moggaasa magaala kanaa ilalchisee magguddoon aanaa sanaa.

Obbo Daffaaruu Kabbadaa akka jedhanitti,Moggaasni maqaa Qarree Gohaa maqaa ganamaa ta'uu isaati.Innis,yeroo durii namoonni yookiin Oromoonni Walaabu irraa ka'anii gibe cehuun gara giddu galeessa Oromiyaatti yommuu dhufan lafa keessa darbaniifi haala naannoo isaanii ilaaluun moggaasa maqaa adda addaa kennaa dhufan jedha.Fakkeenyaaf:Kuuyuu yommuu

gahan, garba baay’ee gurraacha’u tokko arganii maali garbi akkana gurraacha’u kun jedhanii gaafatan.kana irraakan ka’e maggaasni garba gurraachaa jedhu dhufe.

Akkasumas,Tulluu Milkii yeroo gahan fardiifi raadni isaanii waan dhalaniif milkiin nutole jechuun waan gammadaniif iddoon kun Tulluu Milkii ta’uu qaba jedhanii bira kutan. Haaluma kanaan, yeroo toora Tulluu Badhaadhaa gahan immoo haadha manaaa gaarii waan argateef maali badhaadhinni akkanaa kun jechuu diqisiifate,kanarraa moggaasni badhaadha jedhu dhufe jedha.Itti fufees yeroo haadha manaa badhaadhaatti dhiiseeiddoo amma magaalaan tun hundeeffamte tanatti dhufuun iyya jaldeessa dhagahuun maali iyyi kun?gohi kun maali?maali qarreen akkana iyyu?jechuun qarree kanaan qarree gohaa jedhee moggaase.

# BOQONNAA LAMA

## 2. Sakatta'a Barruu

Boqonnaa kana jalatti  yaada hayyoonni biyya alaafi biyya keessaa matadoree kana ilaalchisee kaa'an sakatta'uun akkasumas barruuwwan walfakkii sakatta'u ta'a.Qabiyyeewwan boqonnaa kana jalatti ibsaman:maalummaa ogumaa(wisdom),maalummaa ogafaan(oral literature),faayidaa ogafaanii,gosoota ogafaaniimaalummaa afoolaa,faayidaa afoolaa,gosoota afoolaa,amaloota afoolaa,maalummaa afwalaloo(oral poerty),faayidaa afwalaloo,gosoota afwalaloo,maalummaa faaruu,Faayidaa faaruu, gosoota faaruu,maalummaa faaruu shimalaa dhiichisa salaalee keessatti tajaajilan,hirmaattota faaruu dhichiisa shimalaa,sirni kabaja faaruu shimalaa yeroo ammaa maalirra akka jiru ,adeemsa faaruu shimalaafi faayidaan faaruu shimalaa ibsamanii jiru.

### 2.1. Oguma

Yaadni oguma jedhu walitti qaban yoo ilaalle hojii uumeti.haa ta'u malee akka barnoota afaanitti yoo ilaalle ogumni waan lama of keessatti qabachuu danda'a.isaan kunnis oguma afaaniifi oguma barreeffamaa ta'u.yaada kana ilaalchise Asafaan (2009:20) irratti "ogumi (wisdom)waa'ee jiruufi jireenyaa(finna)dhala namaa ta'ee,namootan qindeeffamee namootaaf dhiyaata. Kun immoo namoonni hojaafi qorannoo adda addaa irra hiriiran akka hubannoo ofii isaaniitti hiika adda addaa ogumaaf akka kennaan taasisaa jira.Jedha."

Itti dabalees fuuluma kana irratti "hiikkaawwan hunda as keessatti tarreessinee hin dandeenyu. Yaada qo'attoonni oguma irratti qaban keessaa,ibsa kan oguma uumeeykn kalaqaa oguma isa barreeffamaan dhiyaatu ykn ogbarruu jedhuun ilaala."jedha.

#### 2.1.1. Ogafaan

Ogafaan yaada bal'aa of keessatti qabachuu danda'a.Hayyoonni gara garaa ogafaan hiikaa adda addaa kennaanii jiru.Kanaafuu ogafaan ilaalchisee hiikni murtaa'aan lafa kaa'ame hinjiru jechuudha.kun immoo dirree ogafaan (folklore) baay'ee bal'aa waan ta'eefi.Mee isaan muraasa yaa ilaallu. "folklore is the social,material and oral culture of primitive societies .the social Culture comprises such forms as festivals ,dances and religious rises.The material Culture comprises architecture and crafts.The oral culture includes songs ,tells legends, proverbs and riddles" (A. Isaacs 1981 : 457)

Yaada kana irraa akka hubatamutti fookloориin hawaasummaa meeshaalee hambaafi afoola hawaasaa waliigalaa ta'uu isaati.Meeshaleen aadaa immoo ogummawwan harkaa yeroo kabaja ayyaana adda addaa,yeroo dhiichisa amantiwwan kan of keessatti qabatufi ogwalalookeessa faaruun aadaa kannen akka sirba,abseenaa,hiibboo of keessatti qabachuu danda'a.kanamalees yaanni kanaan walfakkaatu akka gadiitti kennamee jira."Folklore in its broadest sense is the part of the culture customs and beliefs of Society that is based on popular traditional. It is transmitted orally or by Demonstration. In addition to folklore and poetry the principal subjects treated in this article, folklore includes arts and music dance". (Encyclopedia American, 1983:498).

Akka yaada armaan olii kana irraa hubataamuuti fokloorii jechuun dirree bal'aa kan ta'ee duudha a,barsiitaamantiifi aadaa hawaasa bal'aa kan dhaloota dhalootatti darbaa ture ta'uu isaati.Inni kunnis hawaasa irra kan maddu ta'ee afaanniffan kan daddarbuudha.Yeroobal'isnee ilaalluuaadaa,barsiifataafi gochaawwan duudhaa hawaasa beekamaa irratti kan hundaa'udha.Kan uumamus hawaasummaan ta'ee afaaniin dhalootaa dhalootatti kan dadarbu ta'uu isaati.

Ben Amos (1979:430) "Folklore is a sphere of interaction, a mirror of culture,a perspective screen of personality" jedha.Akka yaada hayyuu kanaatti immoo fooklooriin walqunnamsiistuu hawaasaa, ibsituu aadaafi ibsituu eenyummaa saba tokkooti jedha.Asirraa kan hubannu fooklooriin walitti dhufeenya hawaasummaa keessatti gahee akka qabuufi aadaa saba tokkoo calaqqisiisuun eenyummaa saba sanaa ibsuu irratti gahee guddaa akka qabu ibsa.

Oring (1984) "Folklore is acompound word built up from "folk" refers to learning or knowledge, specially handed down from past time or possessed by a class or group of people" jedha. Akka yaada kanaatti jechi folklore jedhu jecha dachaa folk garee hawaasaafi lore beekumsa gareen kun waliin qabuudha jedhu.Beekumsi kunis irra caalaa kan durii akka ta'e dabalataan ibsee jira. Hayyuun kun fookloorii haala kanaan hiika.

> *Folkloreis informally learned unofficial knowledge about the world,our Selves, our communities our belief our cultures and our traditions that Is expressed creatively through words music customs, actions, behaviors And materials. It is also the interactive, dynamic process of creating, Communicating and performing as we share that knowledge with other People.* Smis M.stephen (2005: 12)

Yaada kana irraa kan hubatamu beekumsi ogfaanii karaa nannawwaa waa’ee addunyaa keenya, amantaa,aadaafi basiifata keenya kan ittiin ibsinuu kanneen osoo itti hin yaadin jechoota, muuziqaa, gochaan, amalafi meeshadhaan oguma hawaasa ibsaniin.kara biraa hariiroo beekumsa wal jijjiruu keessa muxxannoo wal kennaa deemu.

Faaruun shimalaas kunnis afaaniin daddarbaa kan tureefiammas daddarbaa kan jiruudha. Gosoota afoola Oromoo bifa afwalalootiin dhiyaatu ta’ee dhimoota garagaraa ittiin dabarsachuuf kan gargaaru.dhimmoota garagaraa yoo jennu dargaggeessi faaruu kanatti fayyadamuun quuqqa gammachu, gaddaa, dhiibbawwan adda addaa hiriyoota isaaniif gorsa nikennuuf yeroo faaruu kana faarfatan waa’ee aadaa isaani illee hawaasa biraa barsiisuu danda’u.Egaa faaruu shimalaa kunnis osoo itti hinyaadamiin kan uumamu kalaqa hawaasaati.Hawaasumaan uumamee hawasaaf tajaajila kennaa kan jiru gosa afoolati jechuudha.

## 2.2. Faayidaa Ogafaanii (fookiloorii)

Faayidaa fookiloorii ilaalchisee yaadni hayyoonni adda addaa kennan akka gadiitti kennamee jira. Misgaanuu (2011:14) yoo ibsu Afoola keenya kan yeroo darbee achi deebinee fiduun iddoo har’a irra jiru akka ilaallannuufi isa itti aanu akka raajnu yookan kalaqnu nugargaara.Aadaa boonsaa sabni keenya qabu kun saayinsii hammayyaa keessatti wanta inni dorgomaa hin taaneef hoomtuu hinjiru.jechuun afoolli uummata oromoo isa hammayyaatiin bakka bu’uu akka hin qabne yookin ukkaamamee akka hin banne ibsa.

Yaada kanaan kan wal fakkaatu Fekede (1998) “….studding the oral literature of a given people or group may of apermunt importance to understand and appreciate it value history, philosophy, wisdom…” jedha.

Akka yaada Hayyuu kanatti Afoolli Eenyummaa hawaasaa tokko qo’achuun seenaa, falaasama, ogummaa, duudhaafi kan kana fakkaatan hubachuufi dinqisiifachuuf kan gargaarudha jechuun ibsa.

## 2.3. Goorowwan Ogafaanii

Gooroowwan fokloorii ilaalchisee hayyuun .Dorson (1972:1-2) “…folklore can be divided in to four categories these are termed the oral literature, the material culture the social folk custom and the performing folk arts. Each of these is in turn divided in to different sub divisions.”

Akkuma yaada armaan olitti irra hubatamuutti fookilooriibakka afuritti qoodee dhiyeessa.isaan kunnis afoola, meeshaaaadaa,duudhaa hawaasafi aartii duudhaa jechuun kaa'a.

Warren kanis qabxiiwwan gara garaatti qoodamu.Fakkeenyaaf,afoolli kanneen akka afseenaa,dur durii, afwalaloo,mammaaksa,hiibboo,geerrarsa,dubbii qolaa,faaruu,tapha ijoollee,jechama,ciigoo fi kan kana fakkaataniidha.Hawaasaa keessa immoo qoricha aadaa,jiilawwan bashannanaafi taphoota amantaalee duudhaa fa'a hammatanii argamu.Meeshaa aadaa jalatti immoo meeshaalee aadaa, ogummaa harkaa fi diizaayinii aadaa hammatu.Raawwiin aartii hawwaasaa sirba aadaa, shubbisa, sochii diraamafi kan kana fakkaatan of keessatti hammata.Qabiyyeen afoolaa hamma kana bal'achuun isaa afoolli kallattii adda addaatiin akka ilaalamu taasisa.

### 2.3.1 Afoola

Afoolli barreeffamaan osoo hin ta'in afaaniin dhaloota irraa dhalootatti kan darbuudha. Haala jireenya hawaasa tokkoo gadda isaa, gammachuu isaa, jibbaafi jaalala isaa ibsuuf humna guddaa qaba.Waa'ee afoolaa Adunyaan yoo ibsu;

> *Afoola gargaaramee hawaasni eenyummaa ofii beeksiisa dhuftee Hidda dhalootaa isaa seenessa; waa'ee jireenya waliigalaa irratti Falaasama qabu ibsata.Aadaafi Duudhaa ofii kan ittiin tursiifamus Afoolaaniidha.Gaddaafigammachuu hawwiifi abdii,jibbaafi jaalala Injifachuuf injifatamuu,deegarsaaf mormii, hunduu afoolan Ibsamu; afoola keessa jiru kanaafuu afoolli mankuusa jiruufi Jireenya beekumsaati jechuun ibsa.*Addunyaa Barkeessa( 2014:167)

Asirraa wanti hubannu, afoolli daawwitii jireenyaa isa kaleessaa yaadachiisuun; isa har'aa irra dhaabbatee akka kan boruu tilmaaman gochuuf, akkasumas, dhalli namaa afoolan kan wal gorsuufi wal jajjabeessu ta'uu isaa argina.Gamabiraatiin Finnegaan (1976:24) "oral literature is by difinition dependent on a performer who formuletsit in the words on specific occasion.There no other ways which it can berealized as literary products."jetti.

Yaada kana wanti hubamu,waa'ee hiika afoolaa ilaalun haala itti fayyadama afoolaa irratti hundaa'uu isaati.Kana jechuun immoo afoolli gochaan dhaloota irraa dhalootatti kan darbuu ta'uu isaa agarsiisa.

Bukenyan(1994:85) afoolaa ilaalchisee yoo ibsu,”Oral literature is the heart of a people’s way of life. It is the very soul of their culture. As the reservoir of a people’s values, it expresses a given .Akka yaada kanaatti afoolli haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo karaa jireenya isaa gara funduraatti fuudhe itti fufu kanmurteesuufi muuxxannoo darbeefi beekumsaa kan fuulduratti fuudhee deemu ta’uu isaati hubanna.

***2.3.1.1. Gosoota Afoolaa***

Afoolli qabiyyee isaan ibsan irratti hunda’uun damee garagaraatti qoqqodamuun ilaalun ni danda’ama.Haala qoqqoddii afoola ilaalchisee hayyoonni adda addaa yaada garagaara kaasu.

Yaadannoo G. (2014:9-10) irratti yeroo baay’ee jechi afoola jedhu yoo ka’u yaanni keenya gara hiibboo, mammaaksaafisheekkoo akka dhaqu ni beekkama.Haa ta’u malee durdurii, sheekkoo ragamtaa, seeneffamoota, afoolaafi sirba aadaa hammachiisuun gosa afoolaa keessatti ramaduun nidanda’ama.

Akka yaada barreeffama olii kana irra hubachuu danda’amutti hawaasni gaafa waa’ee afoola gurra isaanitti dhufu dursanii waa’ee hiibboo, mammaaksa fidurdurii ta’uu hubatu yaa ta’u malee afoolli warree kana alas jiraachuu isaa nama hubachiisa.

Masfin (1995:42), “Afoolli yaaxina baay’ee bal’aa ta’ee kan hambaa hammatuudha.Durdurii, hiibboo, sirboota aadaa, tapha ijoollee faaruu adda addaafi k.k.f.afoola keessatti hammatamu” jechuun gosoota afoolaa tarreessuuf yaalee jira.Tafarii (2004:133) irratti“Bifoonni afoolli ittiin dhiyaatu mammaaksa, jechama, cigoo, hiibboo, oduu durii, geerarsa, tapha ijoollee.eebbaafi k.k.fa’a”jechuun dameewwan afoolaa ibsee jira.

Rabbirraa T.(2009:159) “Afoola Oromoo akka cirracha galaanaa lakkaa’anii fixuun ulfaataadha. Isaan
keessaa muraasni:mammaaksa,sheekkoo,geerarsa,hiibboo,eebbaafiabaarsa,taphaijoolleefi k.k.fa’ a”jechun gosoota afoolaa eeruuf yaalee jira.

Shawaayyeefi Firreehiwot (1999:vi) “Maalummaa sabatokkoo kan himan keessaa afoolli isa tokko yoo ta’u damee hedduus niqaba.Isaanis kanneen akka afwalaloon geerarsaa,faaruu, tapha ijoolleefi sirba adda addaati”jechuun afoola dame garagaraa jalatti qooduuf yaalaniiru.

Getaachoo(2014:140)irratti yaada hayyoota olii deegaruun, “Afoolli akaakuu hedduu qaba.Isaani is:eebba,mammaaksa,hiibboo,cigoo,sheekkoo,geerarsa,sirba,taphaijoollee faaruufi k.k.f.” jechuun gosoota afoolaa murteessuuf yaalee jira.

> Misgaanuu (2011:41) *Gooroowwan ogafaaniikana jedhanii qoqqooduun ni cima haa ta'u ogafaan bifa hololoo /seenessuutiin/ (sheekkoo,durdurii,baacoo,afseenaa,…) oga faan uunkaalee gaggabaaboon warren jedhamaan(hiibboo,mammaksa,jechama…)fi warreeogwalaloon(weedduu,geerarsa,mararoo,weedduu ateetee,sirba,faaruuloonii,w eedduu dhimmoota:siyaasaa,weedduu hurursa mucaa,weedduuwwan gootummaa,wee dduwwan seenaa,tapha ijoollee weedduuwwan ajeesaa,hiibboo altokko tokkoo)fi k.k.f.tiin mul'achuu danda'a jechuu qoqqoda.*

Waalumaagalatti haala qoqqooddii Afoola Oromoo ilaalchisee hayyoonni adda addaa yeroo qoqqodaan Afoola bakka afuritti qoodu isaaniis wanta aadaa, duudhaa hawaasaa, Artii sochii qaamaafi ogafaanitti qoodu. Ogafaan immoo bakka lamatti qoodaamu;isaan kunnis afwalaloofi ogafaan seeneffamaa jechuun qoodu.afwalaloo jalattii immoo sirba,geerersa, faaruwwaan adda addaa,weedduu,ururaa daa'immanii,fi bo'icha fa'a jechuun qoqqooduun lafa ka'u.Akka yaadolee hayyoota armaan olii irra hubachuun danda'amutti afoola haala dhiyaatina isaaniifi qabiyyee isaan of keessatti qabatan afoola bifa hololoo,warra unkaa gaggababoo qabaniifi warren bifa walaloo qaban jechuun akka qoqqoduu dandeenyu kan ibsaniidha.kanneen keessa qorannoo kunis afoola keessa ogwalaloo irratti kan xiyyeefatuudha.Kanaafuu qorataan gosoota afoolaa keessaa kanneen bifa afwalaloon dhiyaatan keessaaa faaruu shimalaa dhiichisa keessatti dhiyaatu haala xiinwalaloo Oromoo naannoo hawaasa aanaa warra jaarsoo jiraatan irratti xiyyeeffatee kan deemu ta'a.

#### *2.3.1.2. Faayidaa Afoolaa*

Afoolli faayidaan hedduu ilma namaaf kennuu qaba.faayidaa afoolli ilma namaaf kennu keessa haala ummata tokkoo seenaa, duudhaafi aadaa issan qaban akka ragaatti waan dhiyeessuuf ummata seenaa barreeffamaa hin qabne biratti akka ragaatti kan fayyaduudha.karaa biraatti immoo ummata seenaa barreeffamaa qaban birattis faayidaa adda addaa ni qaba faayidaa inni qabus barnoota keessatti,sirna siyaasa keessatti,aartii keessatti,dinaagdeefi hawaasummaa keessatti ni fayyaadu.Georgesfi Jones (1995:314) kallattii bu'aa fooklooriin tokko hawaasaaf qabuun yoo ibsan:

Through folklore people can educate or acculturate each other; perpetuate, challenge or modify a groups social norms and values; inform others about the basis for or nature of their culture; reveal ordisplay their identity, traditionality, knowledge, or competence; and entertain or be entertained.

Akka yaada hayyoota armaan olii kun ibsuuti,afooli meeshaa ilmi namaa gargaramuun kan ittiin walbarsiisu,aadaa isaa, duudhaa isaa kan ittiin calaqqisifatuufi eenyummaa isaa addunyaaa dhugaati beeksifatuudha.kana malees hawaasni haala ammayyoomeen kan seeran wal bulchuufi siyaasa keessattis ta'ee amantaan kan wal bashannananiifi bashannansiisan ta'uu ibsa.inni kun immoo kan kale ta'ee har'a hafu yookaan immoo har'a ta'ee kan boru hafu osoo hin taane kan itti fufu ta'uu isaa hayyoonni fookilooriin ni ibsa.

Bifuma walfakkaatuun hayyoonni kunneen itti dabaluudhaan faayidaa fookloorii, "…it is the case that in folklore implicit world views principles and themes are made explicit," jedhu. Kunis,afoolli hubannaa hawaasa tokkoofi ergaa isaan dabarsuu barbaadani homaa irra osoo hin hambisiin ifa baasuun agarsiisa.Kana jechuun afoolli daawwitii hawaasni tokko ittin ilaalamu akka tahe agarsiisa.

Akka waliigalaatti yaada hayyoonni adda addaa kennan irraa ka'uun afoolli aadaa, duudhaafi seenaa hawaasa darbee gara hawaasa ammaatti qajeelchuun akkahawaasni tokkummoommee jiraatu kan taasisaa tureefi ammas kan taasisaa jiruudha.Bukeenya (1994:85) yaada hayyoota olii deeggaruun,"Oral literature impacts to the growing person useful cognitive, informative and affective skill which enable the person to life and to be useful member of a society," jedha.

Akka yaada isaati afoolli beekkumsa, ilaalchaafi ogummaa namni tokko qabu cimsuu keessatti gahee guddaa taphata.

Birhanuun (2009) "Oral Literature still plays a significant role on the culture of various peoples on the world.This is because it is impossible to commit to writing the totality of the societies experiences and creations" jedhee kaa'a.

Akka yaada kanaattin afoolli aadaa hawaasa barsiisuu keessatti ga'een inni qabu ammana kan jedhamuu miti.Kun immoo muxxannoofi mudannoo hawaasni qabu osoo barreeffamni hin eegalin dura yookaan yeroo barreeffamaan daddabarsuun ulfaata ta'eeti, afaaniin dhaloota irra

dhalootaati waan dabarsuufidha.yaaduma kana Hinseenee.(2010:3) faayidaa afoolaa,“Afoolli ijoolleef gama barumsaafi beekumsa afaaniif bu’aa guddaa qaba.Naannoo barsiisa,dandeettii waa qabaachuu niguddisa, seeraafi miidhagina afaanii nibarsiisa.”

Walumaagalatti afoolli hawaasa seenaa barreeffamaa hinqabne biraatti galmee seenaa ta’uun kanneen ragaa barreeffamaa qaban biratti immoo madda ragaa barreeffamaa ta’uun aadaa, seenaa afaanfi duudhaa hawaasa darbeefi hawaasa ammaa walitti hidhuu keessatti riqicha bakka bu’aa hinqabneedha. Kanaafuu faayidaan afoolli hawaasaaf qabu salphaatti kan ilaallamuu miti

### *2.3.1.3. Amaloota Afoolaa*

Afoola dameewwanogafaan biroo irraa wanti adda isa baasu inni tokko amala mataa isaa qabachuu isaati.Amaloonni afoola kunninis isaan gurguddoofi buura kanneen ta’an hurrubumma a,jijjiramumma,lufummaa,ummatummaafi miidhagummaadha.Jaarraa W.fi Wasanee B.(2001:16 3)isaan kunniin amaloota afoolaa isaan gurguddoo dha jedhu.Amaloota afoolaa ta’an kanneen keessa afoola walitti qabuuf qaaccessuudhaaf gahee olaanaa kan qabu hurrubummadha.

Finnegan (1977:4) hurubummaa ilaalchisee yommuu ibsitu “…..there is no mystery about the first and the most basic characterstic of oral literature even through it conistantly over looked in collactions and analysis.There is the significance of the actual performance”jetti.

Akka yaada kanaatti amaloota afoola keessa hurrubummaan ga’ee olaanaa kan qabuufi warren jira keessa ogafaaniifi hurrubummaan gargar bahanii kan ilaalamne ta’uu isaanii ibsa.kanaafuu amaloonni olitti tarra’an kun afoola keessatti yaa argaman malee gahee olaanaa kan qabu hurrubummaa jechuudha..

### **2.3.2. Duudhaa hawaasaa**

Duudhaan hawaasaa gochaafi taatewwan namoota dhuunfaan raawwatan irra maddu danda’a.gochiifi taatewwan namoonni dhuunfaan raawwachaa turan kun immoo adeemsa keessa baratamaa dhufuun gara gareetti jijjirama kan dhufeedha.yaada kana Dorson (1972:3) Duudhaan hawaasaa ilaalchisee yoo ibsu duudhaan hawaasaa gochaafi ogummaa dhuunfaa irratti xiyyeeffannaa kan itti godhu walitti dhufeenya gareetirratti jechuun ibsa.

Yaadni kana irra kan hubatamu namoonni waliin jireenya hawaasummaa yeroo dheeraa keessatti qaban dhimmoota garaagaraa irratti aadaa kuufatan qabu.Aadaan isaan kuufatan kun immoo

eenyummaa isaaniit ibsa. Kana irraa ka'uun aadaan mirkaneessituu eenyumaa hawaasaa yookaan saba tokkooti jechuun ni danda'ama.

### 2.3.3. Aartii sochii hawaasaa

Aartii sochii qaamaakan jedhamu wanta qaamota akka miila, harkaa, mormaa, mataafi k.k.f sosochoosuun kan raawwatamyoo ta'u inni kunnis seera fi haala irratti hunda'uun kan jijjiramuudha.Aartii sochii qaama kunnin sirba, faaruu, diraamafi kalaqa adda addaattin ta'u mala.

Iristeen (2012) Aartiin sochii qaamaa: waraqaaqorannooisaakeessatti akka ibsitetti"aartiin duudhaa ogummaa aartii hawaasa tokkoo yoo ta'u, gosa mul'ina fookloorii bifa faaruwwan duudhaa, ragada, diraamaafitapha fardaa kanneen sochii qaamaan qindaa'anii dhiyaataniidha."

Yaada kana irra wanti hubatamu aartiin gosa sochii mul'ina fookiloorii bifa faaruuttii qophaa'u ta'ee hala sochii qaamattin kan raawwatu kanneena akka ragadaa, sirba, diraamaafi tapha fardaa bifa qinda'een kan dhiyaatuu isa ibsa.

Aartiin sochii hawaasa bifa nama hawwatuun bashannansiisaa fakkii sammuu keessatti uumuun aadaa ummata tokkoo akka salphaatti dhalootaa dhalootatti dabarsuu kan danda'uudha.Yaada kana kan cimsu"Folk performance refered as folklore in action.Icreats mental image."Dorson (1972).

### 2.3.4. Wanta Aadaa

Hawaasa keessatti wanti akka aadaatti ilaallaman hedduun jiraachuu malu.Dhimmootafiwaa'ee wanta aadaa jalatti ramadamuu danda'an kanas hayyoonni afaanii bifa armaan gadiin ibsuuf yaalu.Mitikkee (2001:175) irratti wanta aadaa yoo ibsitu,"

Aadaan ibsituu mallattoo eenyummaa saba tokkooti.Maalummaa amantaa,haala jireenyaafi falaasama isaa kan ittiin ibsatuudha."

Yaada hayyuu kanaarraa ifatti kan calaaqqisu, wanti aadaa calaaqqee eenyummaa saba tokkoo ta'uufi kallattii jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan agarsiisudha.

Yaaduma kana cimsuun Filee (2016) aadaan wantoota ijaan hinmul'anne kanneen akka sirboota adda addaa,duudhaalee amantii,jibbaafi jaalala,heeraafi seera,safuu hawaasaa,aadaalee afaaniin

ibsamaniifi ijaan mul'atan kanneen akka sirna fuudhaafi heerumaa,sirna awwaalchaa,ijaarsa manaa,bobbocawwan adda addaa,uffata,meeshaalee faayaafi k.k.fa'a.

"The term material culture emphasises how apparently inanimate things within the environment act on people, and are acted up on by people, for the purpose of carrying out social functions, regulating social relations and giving symbolic meaning to human activity." Woodward (2007:3)

Akka yaadni kun kan agarsiisu jechi meeshaa aadaa jedhu kan xiyyeeffatu,akkamittiakka meeshaaleen uummataan tolfamaniifi uummataaf tajaajila garaagaraa kennan, walitti dhufeenya

#### *2.3.4.1. Maalummaa meeshaalee dhiira ibsan*

Hiika meeshaaleen aadaa kana jennee lafa ka'uun ni cima sababni isaas wantoota hedduu of keessatti qabata waan ta'efi kanaaf Hayyoonni afaanii hiika meeshaalee aadaa kana jennee lafa kaa'u irra akkuma hiika fookilarii wantoota meeshaa aadaa jalatti ka'an kaasuutu gaariidha jedhu.Meeshaaleen faayaa aadaa dameelee garaagaraa ofjalatti qaba.

Akka Darajjee Darrasaa (2008) waraqaa qorannoo isaa keessati, Feqaden (2003:20).wabeeffachu un ka'uutti Damee fookiloorii kanaaf hiika akka kennutti meeshaan aadaan kun ogummaa harkaa ummataan, fakkiiwwan bifa aadaatiin ummataan hojjataman, ogummaa ijaarsa gamoofi k.k.f gama aadaatin ummatan hajjetaman, uffata aadaa, qophii dhugaatif nyaataa aadaa hammata. Dameeleen kunninis,akkuma amalafi ummama isaanitiin akka itti qoratamaniis adda addaa. Meeshaa aadaa kun ilmi namaa teeknolojii hammayyaatiin fayyadamuu otoo hin jalqabin dura ogummaa ummata bira tureedha.Barreeffaman otoo waligaluun hinjalqabamiin ilmi namaa meeshaalee aadaa garaagaraa harka isaatiin tolchuun ittifayyadamaa tureera;ammas itti fayyadamaa jira.

Ogummaanis, ta'ee meeshaalee aadaa kun seenaa bara dheeraa haala qabataman xiyyeeffannoon ittii hinkenname qoratamaa hin turre (Roberts, 1986 :101 ). "Material culture that may refer to traditional tools used by the people ; performing folk arts that traditional drama, song and dance, and social folk custom that embraces peoples traditional belief, wearing, and other ways of life"

Akka yaada kanatti meeshaaleen aadaa haala aadaatti meeshaalee ummataan kan hojjetama kan ittifayyadamin yeroo ogummaa kannen akka:- diraamaa aadaa, sirbafi shubbisaa kannen jireenya aadaa saba mul'isaa kan uffataman fi kan jireenya biroo ibsuuf tajaajilaniidha. Meeshaalee kana

ammo, kaa'udhaan dhaloota dhufuuf dabarsuun baratamaa waan hin tureef dhimmii aadaa dagatamaafi irranfatamaa akka dhufuuf sababa ta'eera.Uummanni Oromoo aadaa hedduu qaba.Kanneen keessaa aadaa meeshaalee faayaaf oolan, aadaa fuudhaafi heeruma aadaa awwaalcha aadaa sirbaafi kanneen kana fakkaatan fa'aadha.

Meeshaaleen aadaa faaya dubartoota akka mallattoolee hiika ergaa qabaniitti nigargaaru.Kana malees,odeeffannoo gadi fagoo ta'e dabarsuu danda'u.Maalummaa saba tokkoos,meeshaalee aadaa isaan ittifayyadamaniifi uffata isaan uffatannii akka mallattoo eenyummaa isaaniitti gargaaraman irraa baruun nidanda'ama.

Yaada kana Maya Pines (1982:101) yoo ibsu akka kana jedha. "When we read people, either in real life or in mass-mediated texts such as advertisements, commercials, and films, we pay a great deal of attention to things like their hair styles, the clothing and the shoes they wear, and their body or naments."

Yaada kana irra wanti hubatamuu danda'u namoota yeroo agaru wanti nuti nama sana irratti ilaalu yeroo baay'ee haala uffata isaanii.haala dabbasaa isaanii, kophee isaafi faaya miidhagina isaanii haala qqma isaanitti godhatan kan ta'an ta'uu ibsa.kanaafuu mallattoolleen kunnin hunduu aadaa ummata sana karaa adda addaa keessatti ibsu akka dandahuudha.

***2.3.4.2. Ka'umsaafi Guddina Ogummaa Meeshaalee Aadaa***

Waa'ee ka'umsa meeshaalee aadaa ilaalchisee Darajjee Darrasaa (2008) waraqaa qorannoo isaa keessatti jalqabbii "meeshaalee aadaa bara kana jalqabe jechuun rakkisaa ta'u illee, bara duri keessa meeshaalee namoonni ittifayyadaman turan naannoo bara 1980 hayyoon Antiropolojiifi Arki'olojii aadaa qo'achuu jalatti damee meeshaalee aadaa itti dabalun qoratumu jalqabe." Meeshaaleen aadaa hawaasa ittifayyadamu birattii faayidaa mataa isaa kan qabufi eenyummaa saba sana kan ibsuu ta'uusaa nama hinshaaksisuu.Kanaaf jalqabin meeshaa aadaa kanas, yerummaa namni hawaasummaan jiraturraa ta'usaa mul'isa.Yaadumma kan ilaalchise jalqabni isaa kan qoratamuu jalqabe ibsaa armaan gadi ilaalun ni danda'ama.

> *Since the early 1980s, many archaeologists and anthropologists have called attention to the importance of things in determining culture and have criticized theoblivion to which the material has been subjected. Inrecent years, some of them have insisted that objects are not just important, they have agency as well. They are not passive containers of*

*culture. Thus, Chris Gosden hasnoted that it is not necessarily the mind that imposes its form on material objects, butvery often just the opposite: things shapethoughts. (Gosden 2005:196).*

Akka yaada kanatti bara 1980 keessaa hayyoonni Arki'olojiifi Antiropolojii qalbi isaani wantoota ijoo aadaa ibsaanifi qeeqani dhufatti meeshaalee aadaa akkamata duree tokkooti qorach uufi walfalmuu jalqabame.Bara duri keessaa hanga tokko mata duree kun akka barbaachisa tokkotti sirriiti irratti hin hojjetamne.Qorataan akka Chris Gossen jedhamu xiyyeefannoo sammuu itti gochuun meeshaa qorachuun hin barbaachisuu,sababni isaa waantonni kallatti nama qabsisaan nama barsiisan meeshaalee kanarratti argamuu waan ta'eef jedha. Akkaasumas kaayyoo meeshaa aadaa bu'uura godhachuun akka ogummaa qaama murta'a tokkotti ilaalamu akka qabu hubachiisa.

### *2.3.4.3. Faayidaa Meeshaaleen Aadaa Hawaasa Ibsuu Keessatti Qaban*

Meeshaaleen aadaa maalummaa hawaasa tokkoo ibsuu keessatti bakka olaanaa qabu.Hawaasni addunyaa kanaa kamuu meeshaalee aadaa adda addaa dhimma addaa addaaf kan ittifayyadamu yoo ta'u, meeshaaleen aadaa kunniin akkuma hawwaasicha keessatti bakka olaanaa qaban sana hiikni isaan hawaasa sana ibsuuf qabanis akkanuma olaanaadha. Gamooleen duriifi ammayyaa, meeshaaleen aadaa ogummaa harkaan hojjetaman hawaasa abbaa ogummaasaan bocate sana ibsuuf bakka olaanaa qabu.Kana malees halluun hawwaasni meeshaalee aadaarratti mul'atu dhimma yookaan ergaa adda addaaf itti gargaaramu hiikaa mataa isaanii qabu. Dubartoonnis, meeshaalee aadaa fayyadamamun mallattoolee adda addaa gargaaramuun sagalee isaanii dhaggeessifatu; mirgaafi aangoo qabanis gargaaramu.Yaaada kana Hodder (1991:141) irratti akka kanaa gadiitti ibsa:

*Any society has their own material culture which identifies them from another society. Ancient and modern buildings and artifacts, the intended and unintended residues of human activity, give alternative insights onto the ways in which people perceived and fashioned their lives.The decoration of materials has been interpreted as a form of silent discourse conducted by women whose voice has been silenced by male dominant interest. Signs may be used to mark out silently and to draw attention to, tacitly areas of female control such as female areas of houses and power that women have. This expresses female power.*

Akkuma yaada armaan olirraa hubatamuti hawaasni tokko meeshaalee aadaa itti fayyadamuu irratti hunda'uun eenyummaa isaani addaa baafanna.Ijaarsi meeshaalee faaya aadaa durifi ammayyaa ogummaalee karaa hawaasan tolfaman aadaa isaani irraatti hunda'uun.Faayni meeshaalee kabaja mirga dubartootaa kan ibsuufi kan dhaggeesissuu dhiibbaa dhiiran isaanirra ga'u qolachuuf gargaara.Mallattooleen kunnis dubbii caalaa ergaa guutuu sammuu keessatti kaasuun iddoo shamarrannif kennamu naannoofi iddoo aangootis mirgaa isaani qaban ibsa. Kun immoo, aangoo dubartoota meeshaalee faaya aadaa isaan fayyadaman irratti hunda‟uun akka ta'e yaadni waraabbii armaan oliirraa hubachuun nidanda'ama.Hawaasni tokko meeshaalee aadaattin miidhaginaafi eenyummaa isaani ittin mul'isuuf gosoota meeshaalee aadaa heddutti kan ittidhimma bahan yoo ta'u, isaanis haala armaan gadiin ilaaluu dandeenya. Hawaasaa kallattii qabsiisuufi sochii dhala namaa keessatti hiika fakkoommii kennan agarsiisa.

### *2.3.4.4. Gosoota Meeshaa Aadaa*

Hawaasni Oromoo adeemsa afoolaan quuqqaa isaa ibsachuuf yaalutti meeshaalee aadaa kanneen afoola inni itti yaada isaa dabarfachuu barbaade waliin deemuu danda'aniin afoolli isaa miidhagina akka argatu taasisaa deema.Meeshaaleen aadaa raawwii afoolaa keessatti hawaasichi itti fayyadamu hedduun jiraachuus nimalu.Yaada kanas Hayiluun (2016:23) irratti Solomon (2007:250) wabeeffachuun.

Gosoota meeshaalee aadaa yoo ibsu, meeshaaleen aadaa akaakuuwwan fookiloorii keessaa tokko ta'ee, ogummaa hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti goonfateefi waliin gabbifateen kan hojjetamani. Kunis looriiwwan garaagaraa kan ofjalatti hammatu yoo ta'u, isaanis hojii harkaa (folk craft), maandisummaa aadaa (folk architecture), aadaa nyaataafi dhugaatii (folk food and drink), uffannaa aadaa (folk costume/folk dress) jechuun qoqqooda. Yaada kana oli irraa kan hubatamu dhimmi meeshaa aadaa jedhu yaada gooroo tokko ta'ee garuu yaada gooree hedduu kan of keessaa qabu ta'uu isaati.Yaadota gooree meeshaalee aadaa jalatti hammataman keessaa tokko ulee shimalaati.yaadni Hayiluun Solomoon wabeeffachuunyaada armaan olii keessatti kaase kallattiin jechi ulee shimala jedhu mul'achuu yoo baates shimalli meeshalee aadaa harkaan hojjetaman jalatti ramadama isaati.

### *2.3.4.5. Faayidaa Meeshaa Aadaa*

Hawaasni meeshaalee aadaa adda addaa akka uummatu kan dirqisiise meeshaan aadaa hundi tajaajila mataa mataa isaanii waan qabaniifidha.Hawaasichi meeshaa tokko qofa oomishee kan

dhiisu yoo ta'e tajaajila meeshaa aadaan argachuu danda'u hunda argachuu hindanda'u.Kanaaf jecha lakkoofsi meeshaalee aadaa hawaasa biratti beekkamaniifi tajaajijila kennaa jiraniis hedduudha.Faayidaa meeshaa aadaa Darajjeen (2008) Hayiluu (2016) wabeeffachuun hawaasni meeshaalee aadaa jireenya guyyaa guyyaan keessatti oomishaalee garaagaraa ittiin oomishuufi fedhiiwwan bu'uura adda addaa ittiin guuttachuuf kan fayyadamudha.

Akka ibsa oliirraa hubatamutti meeshaaleen aadaa jiruufi jireenya ilmi namaa guyyaan dabarsu keessatti bakka guddaa qabu.Meeshaalee aadaa jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qooda qaban keessaa tokko shimala.

#### 2.3.4.5.1. Shimala

Jecha "Shimala‟ jedhu gaafa dhagahu Oromoon Tuulamaa, keessattuu dargaggoonni kan naannoo saalaalee irra qubatanii jiran kallattumaan yaadatamu. Shimalli adeemsa hawaasni gamtoomee afoolaan quuqqaa keessa isaa ibsachuuf yaalutti dogoggora hirmaattota afoolaa gidduutti uummame sirreessuufis ta'ee faaruu isaanii hoo'isuu keessatti qooda guddaa qaba.Shimalaafi dargaggeessi halkanis ta'ee guyyaa gonkumaa gargar hinba'an. Yoo karaa deemanis ta'ee yeroo hojiis yaa ta'uu dhimmoota hawaasummaa adda addaa irratti yeroo argaman dargageessi Salaalee shimala of harkaa hindhabu. Namoonni jecha "shimala‟ jedhu hin beekne maalinni? jechuu danda'u. Shimalli, ulee dargaggeessi qabatu. Uumama isaatin aangii qaba. Akka salphaatti kan hin cabne, amala haanxa'uu kan qabuudha. Meeshaa ittiin diina ofii ofirraa ittiin dhoorkaniidha. Dhiichisa yeroo kaasan shimalli yookin uleen biraa hinhafu. Namni dhiichisa keessatti hirmaatu mukuma ta'ellee qabata malee harka qullaa hindhiichisu. Shimalli dhiichisa keessatti meeshaa si'eessituudha. Dhiichisa yeroo dhiichisan inni dhiichisa buusus ta'ee warri jalaa qaban shimala yookin ulee qabatanii hurruubu. Shimallifi hurrubbiin hinjiru taanan dhiichisni dhiichisa hin jedhamu. Gosti ulee shimala irraa kan hafe biqilootuma naannoo sanaa irraa tolfama. Isaanis, kanneen akka bargamoo, arooressafi ceekaa irraa tolfama. Uleen arooressaafi shimalaa kan bargamoofi kan ceekaa caalaa baay'ee jabaata. Garuu mijummaafi bareedinaaf amma kan shimalaa hinga'u. sababa shimalli guurramee gubachuu jalqbabeef, gabaarrattis dhoorkameef, namni shimala qabu, yeroo ammaa kana akka laayyootti manaa baasee qabatee hindeemu. Akka lubbuu isaatti ilaallata waan ta'eef, mana olkaawwatee ulee bargamoo irraa murame qabatee bobba'a. Darbee darbees haala jiru ilaalee kan shimala qabatee dhiichisaaf dhufus ni jira. Akka walii galaatti yeroo ammaa kana shimala qabachuun adeemsa keessa ulee

bargamoo qabachuudhan bakka bu'amaa akka jiru afgaaffiifi daawwannaan mirkaneeffadheera. Dargaggoonnis bu'a qabeessummaa shimala dhiichisa keessatti gochaan agarsiisaa kan turaniifi ammas hanga duriis yoo ta'uu baates agarsiisaa kan jiraniidha.

## 2.4. Duudhaa Hawaasaa

Hawaasni tokko akkaataa itti toluufi sirna bulmaataa isaa waliin deemuu danda'uun aadaa isaa ni tolfata.Akkasumas, waan tokko waan tokkoon wal qabsiisee irra deddeebi'ee raawwata.Inni kun immoo, duudhaa hawaasichaati waan ta'eef, seera mataa isaa qaba.Duudhan hawaasaa gochaafi ogummaa dhuunfaarra xiyyeeffannaa kan itti godhu hariiroo (walitti dhufeenya) gareerratti (Dorson 1972:3).Duudhaan hawaasaa ummata keessatti umurii dheeraa kan lakkoofsiseefi hawaasni hundi itti waliigalee fuudhateedha.Goorewwan kutaa kana keessattiramadamaan kabaja ayyaanaa, qoricha aadaa, tapha aadaa waaqeffannaa fi guddina sadarkaa namaati.Haaluma walfakkaatuun fookilooriwwan duudhaa hawaasaa keessatti argaman ilaalchisuun,Sims and Stephens yoo ibsan:

> *Rituals are repeated,habitual actions,but they are more purposeful than custom;rituals are frequently highly organized and controlled,often meant to indicate or announce membership in agroup.Most rituals bring together many types of folklore:verbal suchas chants, recitations, poems or songs;customery such as gesture,dance or movements and material,such as food, awards,clothing and costumes.(Sims and Stephens, 2005)*

Akka yaada hayyoota kanaatti duudhaan hawaasa waa'ee garee hawaasa keessatti irra deddebi'uun amaleeffaman haala wal fakkaatu keessatti yeroo raawwatamaniidha.kuns raawwatamuuf, miseensa garee hawaasa tokkoo ta'uu yookiin itti makamuu agarsiisuuf ofbeeksifachuu akka ta'e agarsiisa.Misgaanuun (2011) yaada olii kana"duudhaan hawaasaa wanta hawaasni waliin qooddatu ta'ee dhimmoota gurguddoo kanneen akka feestivaalaafi kabaja ayyaanaa,taphaafi bashannana,dawaa aadaa,amantii,hooda/laguufik.k.fof keessaa kan qabuudha."

Walumaagalatti duudhaan hawaasaa dhimmoota hawaasni wal irraa qoodachuun deddeebiin shakaluun amaleeffachuun waldhaalchisaa tureefi yeroo ammaas waldhaalchisaa jiru akka ta'e yaanni haayyonni armaan olitti kaa'an nihubachiisa.

## 2.5. Aartii Sochii Qaamaa

Aartiin sochii qaamaa gosa fokloorii keessaa tokko ta'ee haalli raawwii isaa sochii qaamaa dabalachuun kan mul'atuudha.Akkuma gosa afoola biroo aartii sochii qaamaa hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti faayidaa adda addaaf bifa ogumaan guuteen, muuxannoo yeroo dheeraairraa argateen kan kalaqeedha.Gosni aartii kun qaama keenya keessaa kutaa qaamaa hanga ta'eenjechuunis harka, miila,mataa, fuula, mudhii,morma,k.k.f.keessaa gara caalu sochoosuun kan raawwatuudha.

Simsand Stephens (2005:128) "Performance is an expressive activity that requires participations, heightens our enjoyment of experiences, and invites response. In order for aperformance to happen, a recognized setting must exist (we have to know aperformance is taking place) and participants (performers and audience) must be present."

Akka yaada waraabbii kanarraa hubatamuutti, aartiinsochii qaamaa raawwatamuuf, yoomessaafi hirmaattota barbaachisa.Aartiin duudhaa dhimma sochii qaaman mul'atu dha.Sochiin qaamaa kunis dhiichisa,shaggooyyee, ragaada, geelloofi kan kana fakkaatan ofkeessatti qabachuu danda'a. Akkasumas akkaata uffaanafi dibataa illee ofjalatti hammachuu kan danda'uudha.Aartii sochii qaama ilaalchisee Richard (1974:293) irratti yaada armaan gadii kaa'a.

> *Performance as a mode of spoken verbal communication consists in the assumption of responsibility to an audience for a display of communicative competence.This competence rests on the knowledge and ability to speak in socially appropriate ways.Performance involves on the part of the performer an assumption of accounta bility to an audience for the way in which communication is carried out, above and beyond its referential content.From the point of view of the audience, the act of expression on the part of the performer is thus marked as subject to evaluation for the way it is done, for the relative skill and effectiveness of the performer's display of ompetence.Additionally,it is marked as available for the enhancement of experience, through the present enjoyment of the intrinsic qualities of the act of expression itself. Performance thus calls forth special attention to and heightened awareness of the act of expression, and gives license to the audience to regard the act of expression and the performer with special intensity.*

Akka waraabbiin olii agarsiisutti aartiin sochii qaamaa sochii qaamaan dabalamee iddoo daawwattoonni jiraanitti yaada qalbii daawwattootaa bifa hawwachuu danda'uun kan dhiyaatuufi

yaada afaaniin jedhamu dhugoomsuuf kan gargaaruudha.Walumaagalaatti aartiin sochii qaamaa sochii qaamaa dabalachuun iddoo daawwattoonni jiranitti bifa miira dhaggeeffattootaa qirqirsuu danda'uun meeshaalee aadaa adda addaafi sochii qaamaa hirmaattotaan huurruubamee kan dhiyaatuudha.

## 2.6. Afwalaloo

Afwalaloon gosa afoola keessaa tokko ta'ee,yaada tokko miidhaksee,guddisee fi ol kaasee bifa muuziqaan kan dhiyeessu yaada bal'adha.Ogwalaloon yaada bal'aa kana garuu yeroo dhiyeessu jechoota muraasafi ergaabal'aa dabarsuu danda'anitti fayyadamuudha.Ogwalaloon hojii walaloo tokko miira namatti yookiin immoo qaama nama keessaa gurraa nama akka dhiyaatufi miira akka qirqirsu taasiisee kan dhiyeessudha.Ogwalaloon karaa ittiin miira keenya of keessa baasnee ibsannuu,muudannoofi muxxannoo keenya yookaan jiruufi jireenya hawaasaa bifa qindaa'eenbaasnee ibsinuudha.kana malees ogwalaloonilaalcha miira,yaada, muudannoofi muxxannoo keenya jechoota muraasafi ergaa bal'aa dabarsuu danda'anitti fayyadamnee karaa ittiin dabarfannuudha.

Maalummaa Afwalaloo ilaalchisee David (1995:2) Yoo ibsu "… Oral poetry can be defined in various ways stritc definition would include only potery that is composed and transmitted with out any aid of writing," jedha.

Akka yaada kanatti afwalaloon hiika garaagaraa qabachuu danda'a.hiikawwan afwalaloodhaaf kennamu keessa tokko afwalaloon sagalee muuziqaa dabalachuun haala hurrubummaa qabuun kan darbaa tureedha. kun immoo osoo ogummaan barreeffamaa hin eegali jechuun ibsa.

Misgaanuu (2011:60) "Yaadrimeen afwalaloo baay'ee walxaxaadha.Akkanumaan irra keessa yoo ilaallamu garuu, afwalaloon barreeffamaan osoo hintaane afaaniin dhaloota tokkorraa isa itti aanutti, naannoo tokko irraa gara ollaatti kan lufuudha".

Akka yaada barreessaa kanaatti yaad-rimeen afwalaloo wal xaxaa ta'us afwalaloon afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbuu ta'uu isaati.

Yaaduma kana Finnegan (1970:89) yoo ibsitu,"The skilled and separate of oral poetry is further evedent from the existence of specialist training, particularly in the skill of recitation" jetti. Yaada kanarraa kan hubatamu, afwalaloon shaakala addaa gochuu qofa osoo hintaane, kennaa

addaa barbaada; keessattuu dandeettii waan tokko shaakaluun sammuudhaan yaadachuutiin (recitation) leenjii addaa barbaada jechuudha.

Afwalaloon gosa afoolaa keessaa tokko ta'ee bifa walaloon qindeeffamee haala gurra nama qirqirsuun kan afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbaa ture,har'as darbaa jiruudha.Maalummaa afwalaloo ilaalchisee Fekade (1991:86) "Afwalaloo jechuun yeroo baay'ee bifa muuziqaa qabatee bareedina gonfachuun haala duraa duuba isaa eeggatee kan dhiyaatu" jechuun hiika. Yaada armaan olii irraa hubachuun kan danda'amu af walaloon bifa miidhagina qabuun duraa duuba isaa eeggatee kan dhiyaatu, qabeenya hawaasaa akka ta'eedha. Kana jechuun afwalaloon aadaafisafuu hawaasaa haala nama hawwatuun ibsuufi dabarsuu isaati.

Hayyuun Dorson (1992:85) afwalaloo akka ibsutti,"Afwalaloon uunkaa isaa qofaan osoo hintaane,haalli darbiinsi isaa adda isa taasisa.Afwalaloon kan dhalootarraa dhalootatti darbu barreeffamaan osoo hintaane himiinsa afaaniitiin dalagaan bifa sirbaan,geerarsaan,faaruudhaan darba".Walaloon damee ogummaa barreeffamaa dhalootaa dhalootatti kan darbu barreeffamaan yoo ta'u, afwalaloon immoo damee oguma afaanii kan afaaniin darbu ta'uu yaanni armaan olii nihubachiisa.

Jijjiiramni afwalaloo jijjiirama afoolaa waliin walfakkeenya qabu.Kana jechuun afwalaloon tokko afaaniin dhaloota irraa gara dhalootatti kan darbudha.Afoollis akkasuma afaaniin daddarbaa kan dhufee yoo ta'u,yeroo kana keessatti namni waan dabarsu sana akka ofii isaatti toluutti yookiin yaadachuu dadhabuu isaa irraa kan ka'e bifa adda addaa dabarsa.Yeroo kana immo jijjiirama deema.kana malees ilmi namaa waan isatti tole keessa fudhachuun kan itti hin tolle immoo keessa haqaa waan biraan bakka buusaa kan dhufeedha.kanaaf sababoonni kun immoo jijjirama afwalaloo fideera.

Jijjiirama afwalaloo ilaalchisee Finnegan (1976) "There are the cases when the performer introduces variation on older pieces of even totally new forms interms of the detailed wording the structure or the content".Yaada kanarraa wanti hubannu dalagaan afwalaloo tokko jijjiirama afwalaloo keessatti ga'ee akka qabuudha. Jijjirraamni inni fiduu danda'us afwalaloo sana hanga tokko yookiin guutummaan bifa jechaa sana, hiikaa, caasaa yookiin qabiyyee illee akka jijjiiruu danda'u hubachiisa.

Geexeen (2000), Dassaalany (1989) eeruudhaan bu'aawwan afwalaloon qabu akka kanaan tarreessiti: "Eenyummaafi sadarkaa qaroominaa ibsuu, Safuufi sona hawaasa tokkoo tursuu, Hariiroo namoonni dhuunfadhaan akkasuma,

Hawaasa tokko hawaasa biroo wajjin qaban agarsiisuu, biyya afaan barreeffamaa keessatti hinbabal'atin gumgummii (mormii) hawaasichaa dhageessisuufi walitti bu'iinsa seenaa keessatti sabaafi sablamoota jidduutti raawwatan qeequufi agarsiisuuf gargaara" jedhu.

Abrahams (2006) akka jedhutti: Afwalaloon madda odeeffannoo xiinhawaasaa isa barbaachisaa yoo ta’u, sirbichi waa'ee hawaasichaa suduudaan ibsuu baatullee dandeettii ykn humna xurree saaquufi eeruu qabaachuun ga'ee guddaa taphata.Afwalaloon jiraachuu kan danda'u ummata hin baratin kanneen leenjii idilee hin qabneefi warreen namoota barumsa ammayyaa qabanitti dhiyeenya hin qabne keessatti ta'uu ibsa. Yaaduma kana cimsuun Terseglave (1957) akka itti aanu kana jedhe, "The authentic role of folk song is not of primary importance; much important are its functional elements in the social environments of the song, a kind of social structure of the song in all its instances of a lining context".Kana jechuun ulaagaan ga'ee afwalaloo ittiin murteeffamu miidhagina isaa osoo hin ta'in faayidaa inni naannoo hawaasichi jiraatu keessatti akaakuu hawaasa awfalalichi xiyyeefatuufi galumsa isaati..

Yaaduma kana cimsuun Finnegan (2005) "A poetics often functions as an instrument of cultural legitimation and authority. In socio-cultural and politica terms, Oromo poetry contains the most important concerns of the society. The poet and the song nation are the most powerful aspects of cultural communication and wonderfully evocative of social life”(f.208). kunis yeroo baay'ee walaloon akka meeshaa seera aadaafi aangootti tajaajila.Walaloon Oromoo Aad-hawaasaafi siyaasa waan hammatuuf faayidaa hawaasaa jiddugala godhata. Dhimma sabaa irratti walaloofi sirbi hunda caalaa humna waan qabuuf qunnamtii aadaafi jireenya hawaasummaa daran akka gaaritti cimsuu ibsa.

Afwalaloon yeroo irratti hundaa’ee dhiibbawwan siyaasaa,diinagdee,jireenya hawaasummaafi jijjiirama naannoo waliin walqabatee haala yeroo irratti yaada, qeeqaafi ilaalcha ofii ibsachuuf kan Oromoon yeroo garagaraa fayyadamuu irratti xiyyeeffata.Afwalaloon yeroo irraa walaba ta’e ammoo,dhimma yeroo waliin walqabatee otoo hin ta’in,yeroo kamiyyuu weeddifamuu, geeraramuufi faarfatamuu kan danda’udha.

Akkuma muuxannoorraa hubachuun danda'amutti afwalaloon afaan Oromoo yaada bilchaataafi barsiisaa falaasamoota adda addaatiin kan badhaadheedha.Kun ammoo namoota hawaasa keessatti muuxannoofi beekumsaan beekamoo ta'antu dhimma itti ba'a waan ta'eefi.Afwalaloon Oromoo guddina ogwalaloo Oromootiif illee bu'uura waan ta'eef gumaachi isaa baay'ee guddaadha.

### 2.6.1. Afwalaloo Dhiichisa Akka Sochii Qaamaatti

Dhiichisni waan ijaan ilaalaa gurraan dhageenyudha.Kana yoo jennu dhiichisni sochii qaamaa afoolaan deegaramee dhihaatuudha. Afoolli amala hurrubummaa kan qabu yoo ta'u, dameewwan gurguddaa sadi of jalaa qaba.Isaanis,af-walaloo(songsand chants) seeneffamoota(oral narrative)fi qareeyyii (witticism) dha.Gosoota afoolaa kannen keessaa mata duree qorataa kanaas afwalaloon wal qabata.Kanaaf dhiichisni afwalaloofi sochii qaamaa malee kan hin dhihaanneedha.

Afwalaloon akkuma maqaa isaa irraa hubatamuun danda'amutti, dhimma tokko irratti dandeetti kalaqaatiin bifa walalootin qindaa'ee afaaniin kan himamuudha.

yaada Kanas,Beakal (2010:21) Wikipedia the Free Encyclopedia wabeeffachuun yoo ibsu"folk poetry is poetry that is composed and transmitted without any aid of writing,"jedha. Itti dabaluun fuuluma kana irratti,Finnegan (1977:3) Lord (1965:1) kan wabeeffatte wabeeffachuun,"Poetry composed in oral performance by people who cannot read or write, jetti.

Yaadota kanarraa wantihubatamu,afwalaloon kan qophaa'uufi kan daddarbu barreeffamaan osoohin taane,afaanini.Akkasumas,uummata barreessuufi dubbisuu hin dandeenyen qophaa'uu isaati.Kunis,afwalaloon muuziqaafi hurrubummaadhaan ijaaramee,deeggaramee namoota barrees suufi dubbisuu hindandeef kan dhiyaatuuf akka ta'eedha.

Afwalaloon hojii kalaqa sammuu ilma namaati.Uummanni tokko dhimmootii adda addaa kan akka: Dhimmoota hawaasummaa, aadaa,seenaa,duudhaa,akkasumas keessoo jiruufi jireenya isaa nii kan ittiin ibsatan afwalaloodhaan.Yaada ilaalchisee Darajjeen (2013:1) yoo ibsu " Oral poetry results from mental processes to serve immediate personal, social or cultural purposes, which enforce its creativities. But oral creativity has been undermined and denied attentions. Indeed, the way to deal with and identify it remains unclear," jedha.Yaaduma kana wal qabsiisee Beakal (2010:20) Gete (2000:1) wabeeffachuun akka ibsutti, "folk poetry is the most common form of folk literature through which people‟s internal feelings as well as serious issues are expressed or

brought to the fore in response to the physical world,"jedha.Kanaaf uummanni dhimmoota hawaasicha keessatti ulfaataa ta'e tokko irratti,waan keessoo isaanii jiru hunda baasanii afwalaloodhaan himatu.

Uummanni Oromoo afwalaloo gabbataa qaba.Uummanni kun har'as ta'ee kaleessa keessoo isaanii kan baasanii ittiin ibsatan afoolan. Biyya teenya keessatti uummanni akka Oromoo afoola gabbataa qabu hin jiru. Isuma kana Darajjeen (2013:4) yoo ibsu:

Oromoo Oral Poetry is rich in poetic qualities; so is it in culture and tradition and vice versa. Its poetic qualities and linguistic beauties share a lot with music.Culture and tradition pave grounds for creativities and circulations.Analysing cultural,social,traditional,historical,creative,personal and emotional contexts displays the richness of genres of Oromoo Oral Poetry.

Yaada barreessaa kanaa irra kan hubannu, af walaloo aadaasaa, seenaasaa, waan hawaasicha keessa jiru kan baasee ittiin ibsu afwalaloon ta'uufi uummanni kun afwalaloo gabbataa qabaachuu isaa hubanna. Barreessaan kun fuuluma olii kana irratti itti dabaluun,"Oral poetry is important medium to express emotions and feelings. Members train their minds, sharpen their wits, and develop their skills and abilities to express themselves in it," jedha.

Akka yaada barreessa kanaatti afwalaloon qabeenya ummataa ta'ee kan ummanni waan keessoo ofitti yaadan gadi baasanii ittiin ibsataniidha.Akkasumaas dandeetti yaaduu sammuu namaa akka cimuu gochuu keessatti illee ga'ee olaanaa qaba jechuun ni danda'ama jechuudha.

Gosoota afwalaloo (sirba, faaruu, geerarsa) keessa uummata Oromoo biratti sirbi iddoo guddaa qaba.Uummanni Oromoo uummata seenaa, aadaafi duudhaa mataa isaa qabuudha.Uummanni kun afoolatti fayyadamuun aadaa, seenaa, duudhaafi haala jiruufi jireenya isaa ibsata. Isa kaleessaa ittiin yaadatee, kan har"aa irra dhaabbatee kan boruuf of qopheessa.

Uummanni Oromoo Salaalee yeroo adda addaa dhimmoota adda addaatiif gosoota afoolaa keessaa sirbatti dhimma baha.Uummanni kun aadaa sirba aadaa gabbataa qaba.Kana ilaalchisee Asafaan( 2015:214) yoo ibsu,

> *Folksongs are a key part of Salale resistance culture and they are woven into the people's lived experience with folkdance and banditry to make a unique Salale cultural pattern.The Salale perform folksongs and dances during festivals,celebrations,*

*ceremoniesand regular chores as media of communication and not just as modes of entertainment.The religious,social,commemorativeand political functions of Salale folksongs embody their resistance poetics, jedha.*

Akka yaada hayyuu kanaatti,ummata salaaleetti sirbi aadaa meeshaa diddaa Oromoo keessaa tokko ta'ee hawaasa naannoo sana keessatti dhimmoota akka amantii,hawaasummaa,siyaasafihoj iin walqabsiisuunsirbaa wal jajjabeessu,wal qeeqquufi wal gorsu.Kanaaf,haalootii amantiitifis ta'ee dhimmoota adda addaa keessatti yeroo sirba dhiheessan shubbisa aadaa wajjiin wal simsiisaniiti. Sirbaan diddaa agarsiisuus ta'ee goota ittiin faarsuun ni jiraata jechuudha. Uummata Oromoo biratti dhiichisni gahee guddaafi sirna mataa isaa danda'ee kan qabu; akkasumas, amaloota afwalaloon qabu hunda kan qabuudha.Uummanni Oromoo salaalee sirba aadaa kanatti fayyadamee haala keessa jiru ibsata.

Dhiichisni gosoota sirbaa aadaa ykn sochii qaamaa afwalaloon deegarameedha.Afwalaloon dhiichisaas filannoo jechootaa, yeedaloofi mana rukkutuun sagaleeffamee onnee uummataa kan kakaasudha.Dhiichisni uummataan kalaqamee uummataaf kan dhihaatudha.

Kanaaf, Dhiichisni Oromoo salaalee amaloota afwalaloon guutuu qabu hunda guutee kan argamuufi dhimmoota afoollii Oromoo fayyadu hundaa hawaasicha fayyada jira. kana waan ta'eef, kutaa qaaccessaa keessatti dhiichisni dhimmootii amantii, hawaasummaafi siyaasaatiif kan hawaasichi dhimma itti ba'u ta'uu isaanii, faakkeenyonni adda addaa qaacceffamee kallattii adda addaatin waan ibsamuuf,achi keessatti dhiichisni sochii qaama afwalaloon deegarame ta'uu isaas sirriitti ni hubanna.

### 2.6.2. Amaloota Afwalaloo

Afwalaloonis gosa afoola keessa tokko yaa ta'u malee amala mataa isaa kan adda isa godhu ni qaba.Afwalaloon amaloota dhuunfaa kanneen afoolota biroorraa adda isa taasisaan qaba.Yaada kanas Finnega(1970)yoo ibsu,Afwalaloon tokko lubbuu horatee jiraachuu isaa dhugoomsuu keessatti amaloota addaaddaa kanneen akkahurrubummaa, hirmaattotaafi jijjiirramummaa calaqqisiisa.Walumaagalatti, afwalaloon lubbuu horachuu kan danda'u dalagaan, jamaafi ogummaan dhuunfaa nama dalagu sanaamurteessaadha.amaloota afwalaloo kanneen tokko tokkoon yoo ilaalle,

A. Dalaga (Hurrubummaa) Hayyoonni hedduun amaloota ogafaanii keessaa hurruubummaan isa bu’uuraa ta’efi murteessa akka ta’eetti amanu.Yoo hurruubummaan hinjiru tahe, ogafaan jira jechuun hindandahamu.Haalli uumama isaas ta’e adeemsi lufummaa isaa hurruubummaa irratti kanhundaa’edha.Ogafaan kamiyyuu akkuma beekamu yoomessa hawaasummaa mataa isaa irratti hundaa’ee hurruubamuun jamaa fuulduratti dhiyaata.Kana jechuun ogafaan bakka jamaan hinjirretti hinhurruubamu jechuu miti.Ogafaan suraafi ogummaan isaa haalaan kan goobaneemul’atu, kaayyoon hurruubamuufis bakka gahuu kan danda’u, onnee jamaas boojihuu kan danda’u kallattiin jamaa fuulduratti yoo hurruubameedha.Dameewwan og-afaanii keessaa irra caalaa hurruubbii giddu galeeffachuun kan dhiyaatu afwalaloodha.

Amaloota afwalaloo ta’ee adda durummaan kan caqasamu keessaa tokko dalagaadha. Dalagaa yeroo jennuu firiiwwwaan afwalaloo miidhagina goonfatanii afaan nama wellisuu keessaa yommuu bahu gochan walsimatanii dhiyaachuu isaaniiti.Finnegan, (1970) yaada kana yeroo ibsitu:“The significance of performance in oral literature goal beyond more matters of definition for the nature of performs impact of particular literary form being exhibited,” jetti.Akkuma armaa olitti tuqame afoolli dhiiga fooniifi lafee qabatee hiikaa argachuu kan danda’u dalaga irratti hundaa’ee ta’uusaati.

“… Oral literature is by definition dependent on a performer who formulates it in words on specific occasion. There is no other way in which it can be realized as a literary product,” (Finnegan, 1970).Walumaagalatti afwalaloo humna godhachuun dhiyaachuu akka danda’u taasisuu keessatti dalagaan/hurruubbiin, jamaan, ogummana dhuunfaa nama dalaguu sanaa baay’ee murteessadha.

B. Hirmaattoota: Afwalaloon tokkos yommuu dalagamu baay’inaan hirmaattota yookiin warra jalaa qaban qaba. Kan jechuun namni tokko yoo afwalaloo sana weellisu ofii isaattii qophaa ta’ee miti.Yoo ofii baasa ta’e qaamni jalaa qabu jiraachuun barbaachisaa ta’a.Qooda hirmaattonni afwalaloo keessatti qaban ilaalchisuun olaanaa Finnegan (1970) irratti

“A further essential is the audience which is the care with written forms is often direct involved in the actualization a creation of place of oral literature. According to con vention genre and personality the artist may be receptive”

Yaada kanarraa hubachuun kan dandamu afwalaloo keessatti hirmaattonni ala taa'anii yaadan kan mul'atan osoo hintaane amala kallattiin keessatti argamuun hirmaachuu kan qabuudha.

Hirmaattoonni afoolaa yeroo baay'ee gareenmul'atu.Dhiyaatinni afoolaa yoo jalqabu dabaree dabareedhaan walharkaa fuudhanii waltajjii afoolaa miidhagsu.Fakkeenyaaf akka aadaa Oromootti mana dabootti ta'e, mana cidhaatti tokko yoo sirbuu (sirba baasu) kun immoo jala qabuun irratti hirmaatu. Kanaafuu afoolli baay'inaan hojii hirmaannaa walinii barbaaduudha.

C. Jijjiirama (Dynamic): Jireenyi af-walaloo kan dhugoomu afaan namootaan dubbatamuun yookaan weeddifamuun waan taheef, walakkaan isaa yookaan guutummaa guututti adeemsa keessa geeddaramuu danda'a. Namni afwalaloo beeku tokko namaaf dhiyeessee booda yeroo biraa otoo namoota biraaf isuma dhiyeessuuf yaalee, akka gaafa duraatti guutummaan guutuuutti dhiyeessa jechuun hindandahamu; kaan isaa irraanfachuu yookan haata'u jedhee kalaqa haaraa itti dabaluufi bifa caalatti qalbii namaa harkisuunan dhiyeessa jedhee yaaduun jijjiiruu yookan haalli hurruubichi keessa jiru isa gaafa duraa waliin tokko tahuu waan hindandeenyeef waa itti dabaluu, yookaan waa hir'isuun hin oolu. Kuni ammoo afwalalicha irratti gama adda addaan jijjiiramni akka uumamu godha.

Jijjiiramni afwalaloo jijjiirama afoolota kanneen biroo waliin walfakkeenya qaba.Kana jechuun afwalaloos ta'ee afoolli biroo afaaniin waan daddarbaniif amalli jijijjiirramummaa keessatti calaqqisa. Jijjiirama afwalaloo ilaalchisee Finnegan, (2012)"There are the cases when the performer introduces variation on older pieces of even totally new forms interms of the detailed wording the structure or the content". Yaada kanarraa wanti hubannu dalagaan afwalaloo tokko jijjirama afwalaloo keessatti ga'ee akka qabuudha. Jijjirraamni inni fiduu danda'uus afwalaloo sana hanga tokko yookiin guutummaan bifa, jecha sana, caasaa yookin qabiyyee jijjiiruu kan danda'u ta'uu hubachiisa.

### 2.6.3. Faayidaa Afwalaloo

Afwalaloon hawaasa bashannansiisaa ergaa bal'aa afoola dabarsuu danda'u keessaa adda dureedha.Yaada kana bal'isuuf hayyoonni afaaniis faayidaa afwalaloo irratti yaada armaan gadii kaa'aniiru.Finnegan (1977: 241) "faayidaan afwalaloon qabu walkeessa jira; walmakaadha.Kunis kan irratti hunda'uu amala, qabiyyeefi dhaamsa inni dabarsuu barbaade giddugaleeffata" jechuun faayidaa afwalaloo ibsuuf yaalti.

Yaada olii ka'umsa godhachuun afwalaloon yaada bal'aafi bilchaata kan of keessaa qabu ta'ee, yaada ofii jechootaa filatamoofi miidhaginaa qabaniin ibsachuuf kan ooludha. Akkuma damee afoola biroos duudhaa, falaasama gaddafi gammachuu, ilaalcha gootummaa, amantii saba tokko, jechootaa filatamoon haala miidhaagina qabuun nuffii tokko malee ibsuu kan danda'uu ta'uu isaatti.

Afwalaloon yeroo irratti hundaa'e haala adda addaa agarsiisuu danda'a.isaaniis dhimma siyaasaa,dinagdee, jireenya hawaasummaafi jijjiirama naannoo waliin walqabatee haala yeroo irratti yaada, qeeqaafi ilaalcha ofii ibsachuuf kan Oromoon yeroo garaagaraa gargaaramu irratti xiyyeeffata. Yaada kana Anderzejewski (1985:410) akka armaan gadiitti kaa'a:"Oromo oral poets are often deeply involved in the current events of their time; they comment in their public recital and sometimes wield considerable influence over public opinion."

Afwalaloon yeroo irraa walaba /time free/ ta'e ammoo, dhimma yeroo waliin walqabatee otoo hinta'in, yeroo kamiyyuu weeddifamuu, geeraramuufi faarfatamuu kan danda'udha. Kana jalatti, afwalaloon baay'ee beekamaan, weedduu jaalalaafi faaruu amantiiti. Kunis akka inni baraan hin daangeffamneefi daangaa darbee kan adeemu ta'uu kan nu hubachiisudha.

Afwalaloon Oromoo akkuma afoola Oromoo biroo dhalootarraa dhalootatti kan lufu afaaniini. Yeroo daddarbu kana kan yeedaloo qabu,yeedaloosaa waliin kan wali hin qabnees hinqabnes akkuma jiruttidha.Keessumattuu kan Oromoo adda godhu, afwalaloonsaa kan yeedaloo faana lufuu danda'an kan akka weedduu jaalalaa, geerarsa, sirba ateetee,oduu durii yookaan sheekoo, hibboofi mammaaksaa maqaa dha'amuu danda'u.Akkuma muuxannoorraa hubachuun danda'amu tti afwalaloon afaan Oromoo yaada bilchaataafi falaasamoota adda addatiin kan badhaadhedha. Kun immoo namoota hawaasa keessatti muuxannoofi beekumsaan beekamoo ta'antu dhimma itti ba'a waan ta'eefi.Afwalaloon Oromoo guddina afwalaloo Oromootiif wanti inni gumaachu baay' ee guddaadha.

Afwalaloon Oromoo gosoota adda addaa of keessaa qaba.Innis, geerrarsa, weedduu/faaruu, sirba, eebba/abaarsa,dhadannoofik,k,f.Akkanuma afwalaloo kunneen immoo dammewwan baayyee ofj alaa qabaachuu danda'a.Qabiyyee kana keessatti gosoota afwalaloo kanneen keessaa Faaruu irratti xiyyeeffata.

### 2.6.4. Gosoota Afwalaloo

Jechi afwalaloo jedhu akka waliigalaatti maqaa kennameef ta’uus afwalaloon dameewwan adda addaatti qooddamuu akka danda’udha.Qorattoonni afaaniis afwalaloof ramaddii armaan gadii kaa’uf yaalaniiru.Misgaanuu (2011:4)

> *Afwalaloon weedduu jaalalaa,weedduu hojii,geerarsa,mararoo,weedduu ateetee,sirba,faaruul oonii,weedduu siyaasaa, huruursa mucaa,gootummaa,weedduwwanseenaa,tapha ijoollee,wee dduuwwan amantii,weedduuwwan ajeesaa,hiibboo altokko tokkoofi k.k.f.tiin mul’achuu danda’a.Hayyuun kun itti dabaluunis afwalaloo kanneen yeroorratti hundaa’eefi kanneen yeroo irraa walaba ta’ejechuun qoqqoodee jira.*

Akka yaada hayyuu kanaatti qoqqoodamni afwalaloo Oromoo yoomessa giddugaleeffachuun kan murtaa’u yoo ta’u,yoomessa kanaanis afwalaloowwan yeroon daanga’aniifi yeroon hindaangofne jechuun ramaduunkan danda’amuudha.Shawaayyeefi Firreehiwot T.(1999:vi),“Maalummaa saba tokkoo kan himan keessaa afwalaloon isa tokko yoo ta’u,damee hedduus niqaba. Isaanis kanneen akka walaloon geerarsaa,faaruufi sirba adda addaati”jechuun afwalaloo damee garagaraa jalatti qooduuf yaalaniiru.

Afwalaloo haala garaagaraatiin gosa adda addaatti qoodama.Kanneen keessaa gurguddooni:- kaayyoosaa,hurrubummaasaa,yoomessaa isaafi waloosaa irratti hunda’ee haalumaa tajaajila hawaasa kennuu irratti hunda’uun qoodama (Finnegan, 1977fi Barber,1997 ) Afwalaloo Oromoo bakka adda addaatti qoodamuu danda'a. Barber (1997), Andirizeeksi (1985) waabeffachuun afwalaloo Oromoo kan yeroon daanga'aniifi kan yeroon hindaangofne jechuun bakka lamatti qooda. Afwalaloowwan yeroon hindaangofne walaloo jaalala, amantaa, ateetee, yoo ta'an, afwalaloon yeroon daanga'an immoo walaloo lolaa, faaruu boo'icha, faaruu gototaa akka ta'an tarreessa.Askeessatti faaruun gootummaa Badhaadha Dilgaasatis afwalaloo yeroon daanga'an jalatti ramadamuu mullisa.Akka waliigalaatti yaada hayyoonni afaanii kennan ka'umsa godhachuun afwalaloon damee garagaraatti qooddamuu mala.Qorataan qorannoo kanaas dameewwa afwalaloo keessaa faaruu shimala dhiichisa keessatti ija xiinwalaloo naannoo kanxiyyeeffatu waan ta'eef kallattiin faaruu shimalaa dhiichisakeessatti maal akka fakkaatu ibsuurratti Xiyyeeffachuun qorannoo isaa gaggeessee jira.

### *2.6.4.1. Sirba*

Sirba jechuun sochii qaamaa akka ta`etti beekamuu danda'a.Haa ta'u malee,soshii qaama hundi sirba jechuu osoo hin taane sagaleen yeedaleeffamee haala nama hawwatuun kan hurrubummaan dhugoomudha.Naannoo Oromiyaa keessaatti haalli hurrubbii ittiin mul'atu heddutu jiraachuu danda'a.fakkeenyaafshagooyyee,ragada/shoboxee/,dhiichisa,mirrisa,geelloo,xarree,kumkummee fa'a maqaa dhahuun nidanda'ama.

(Fedhasaa, 2013:36).Sirbi walaloo sagaleen kan weeddifamu yoo ta'u,hurruubbiin immoo yeedaloo isaa waliin deema.Kanaafuu sirbiifi hurruubbiin hariiroo qabu jechuudha.Sirbi kaayyoo sirbamuuf irratti hundaa'uun gosoota adda addaatti qoodamuu ni danda'a.Gosootni sirbaa kunninis sirba gootaa, sirba jaalalaa,sirba cidhaa, sirba daboofi k.k.fakkaatan ta'uu danda'u.haalli qoqqooddii kanaas waan sirbamuuf yookaan qabbiyyee inni dabarsuu irratti hunda'uun kan qoodamuudha.Kara biraatiin sirbi yoomessa keessatti sirbamu kan mataa isaa qaba. Fakkeenyaa hawaasni Aanaa Warra jaarsoo bakka daboo, cidhaa, ayyaana masqalaa, ayyaana irreechaa, ayyaana cuuphaafi k.k.f irratti bifa dhiichisaafi shoboxeen yeroo sirban hedduu akka nama hawwatuufi gadhee illee onnee kan itti horu ta'uu odefkennitoota irraa mirkaneeffadheera.

### *2.6.4.2. Geerrarsa*

Goroowwan afwalaloo keessaa inni biroon geerersa.Geerersi hawaasa Oromoo biratti iddoo guddaa kan qabuufi qabiyyee garaagaraa kan of keessa qabuudha.kana malees geerersi yoomessa qaba yoomessi geerersaa kunnis iddoo daboo,iddoo cidhaafi iddoo adamoo adda addaa ta'uu danda'a.Geerarsi kun lafumaa ka'anii kan geereramu osoo hin taane waan keessi nama yaadu gaddaas ta'ee gammachuu kan ittiin ibsachuuf ooludha.geerersa keessatti ergaa adda addaa dabarsuuf kan geereramu fakkeenyaaf tokko gammadee gamachuu isaa kana ibsachuuf geerera.inni biro immoo aareti geeerera haari isaa sana dabarfachuuf geeraruu danda'a.

Asafaa (2004) walaloo Jaarsoo Waaqoo bu`uura godhachuun geerarsi, meeshaa Oromoonni bu`aa bahii jireenyaafi diddaa gabrummaa ibsachuuf, akkasumas booree baafachuuf dhimma itti bahamu ta`uu addeesseera. Haaluma walfakkaatuun (Addisuu, 1990:43) geerarsi Oromootaaf afwalaloo eenyummaafi biyyummaa isaanii akka ta`etti ibseera.Geerarsi miira onnummaa, gammachuu,gadda,xiiqiifi kan kana fakkataniin kan guutamedha.Namni tokko gammachuu yookaan gaddasaa geerarsaan ibsata.Akka kanaan geerarsi,gosoota adda addaatti qoodama. Kunis qabiyyeerratti hundaa`uun (geerarsa ajjeesaa, roorroo, daboo,faarfannoofi duulaa) jechuun

bakka shanitti qooda (Warquufi Kaawwan,1993:39).Fakkeenyaa hawaasa gola Abbuu keekkuutti hedduminaan galgala bakka dabootti, guyyaa ykn galgala bakka cidhatti iddoo sirni kabaja ayyanaa adda addaa jirutti waa'ee shimala kaasanii yoo faarsan goota onnachiisuufi diinamoo qaanessuun yaada isaanii yeroo ibsatan minishaan gandaa ykn waraanni wayyaanee sababa kanaan nama reebuu, hidhuun akka isaan mudate maanguddoonni nihimu.

### *2.6.4.3. Weedduu*

Namni karaan yoo gadde gadda isaa yoo gammade gammachuu isaa ittin ibsatu tokko weedduud ha.namni tokko yoo hawaasa keessatti jaalate dhabe aarii isaa rakkoo keessa isaa ittiin kan ibsatuudha.Xiiqi keessa galuun ejjannoo isaa ibsata.

FKN…"sinnisuu naa dhiisinii
Yoo sidhiise gasheen nan dhalchinee"jechuun weeddisu

Afee kana irra wanti hubatamu yeroo jaalate garuu namni inni yookaann isheen jaalatte sun dide kan weeddifamuudha.kanaaf xiiqii keessa galuun yeroo ejjannoo isaa ibsuu kan mul'isuudha.

Kanaafuu ilmi namaa yeroo miira isaa ibsatu weedduun faayidaa olaanaa qabachuu isaa ibsa. Bu'AA weedduu ilaalchisee (Warquufi Kaawwan, 1993:119) yoo ibsu, "weedduun kan jaalalli qabe abidda jaalala isaa qabsiisa, hiyyummaafi gadda keessa jiru irraa addaan bahuuf, hadhawaa jireenya gadadoofi gadaantummaa keessaa ba'uufi kan kana fakkaatan kan ittiin calaqqisu" jechuun ibsa.

Akka yaada baareessittoota kanaatti weeduun damee adda addaatti qoodamuu akka danda'uudha.isaan kunnis weedduu jaalalaa, weedduu hojii,weedduu gootaafi weedduu Waaqa ta'uu danda'a. weedduun kunnis dhuunfaan yookaan gareen weeddifamuu danda'a haa ta'u malee yeroo baay'ee dhuunfaan kan weeddifamuudha.Yeroo garees onnachiisu yoo jiraate barbaachise gareen weeddisuu kan danda'amu ta'uu isaati.Walumaagalatti weedduun rakkoo keessa nama kan ittiin ibsatan yoo jaalatan jaalala ofii yoo jibban jibba ofii kan ittin ibsatan ta'uu isaati.kanaafuu weedduun tokko weedduu jedhamuuf miira namaa mul'isuu danda'uu qaba jechuudha.

## 2.7. Faaruu

Faaruu jechuun akkuma maqaa isaa irra hubachuu danda’amutti waan tokko qabata godhachuun kan faarsinuudha.wanti faarsamu kunnis haala miira mararfatamu qaba.Namni waan faarsu tokko akkanumaan lafa ka’ee kan faarsu osoo hin taane waan faaru sana jaalate kan faarsuudha.Wantootni faarsamaan kunis waa’ee biyyaa,Waaqa,dachee,abbaa,haadha,loon,dachee biyyafi jaalala ta’uu mala.Ilmi namaas wantoota kana keessaa tokkoof miira jaalalaa qabuuf faaruun mul`isa

Dimshaashumatti,faaruun gosoota afoola kaawwan irraa kan itti adda ta`u,miira mararfannaan gu utamee jiraachuusaati.Gareenis ta`e,dhuunfaan faarfamuu danda`a.Dhimma dhiyaatuuf bu'uureff achuudhan hurruubummaa qabaata.Yoo miira gammachuu qabaate nihurruubama;yoo faaruu gaddaa ta`eimmoo hinhurruubamu.Kanaafuu,sochii qaamaan walqabachuunsaa haala keessatti faarfamurratti daanga'a jechuudha. Faaruu, weedduufi sirba yaadrimee jedhu gidduu falmiitu jira.Yaadni faarsaa jedhu weedduufi sirba waan ofkeessatti qabatu fakkaata.Tarii sirba isa kaanirraa kan adda godhu yeroo baay'ee hurruubummaa qabaachuu isaati.

Oromoon akkaataa itti haadhasaa, abbaasaa, lafasaa, biyyasaa, firaaf lammiisaafimeeshaa isaa jedhee faarsu qaba.Haaluma kanaaf weedduuf hiika garaagaraatu jira. (Misgaanuun(2011); akka (Gemmechu, 2003:6)wabeeffatetti,Weedduun kan safara gabaabaa ofkeessatti qabu ta'ee kan sirba garaagaraa sirbuuf gargaaruudha. "Songs is a short metrical combosition in tended for singing alyric and a ballad" jedha. Weedduun haaluma walfakkaatuun akka inni Encyclopedia American 1959, wabeeffate ibsutti,” A song can have one of the types,the song necessarily does not need musical combosition” Oromoon karaa faaruu isaatiin wanti inni hin ibsanne hin jiru. Yaada kana Finnegan,”Songs can be used to report and comment on current affairs, for political pressure, for propaganda and to reflect and mould public openion" (Finnegan, 1970:270) jetti.

Egaan faaruun haala yeroo irratti yaada kennuuf, dhiibbaa siyaasaaf, hawaasa dadammaksuuf, akkasumas ilaalcha hawaasaa ibsuufi sirreessuuf gargaara. Hayyuun kun itti dabaluun faayidaa faaruu yommuu ibsitu: “In different contexts, songs can have the effect of intensifying fanctional differences or of encouraging national unity,”kunis Faaruus ta'e weedduun haala garaa garaa keessatti tokkummaa biyya tokkoo eeguurratti qooda guddaa qaba.

### 2.7.1. Maalummaa Faaruu

Faaruun goroowwan ogafaanii ta'ee kan ummata tokko ibsuuf faayidaa olaanaa qabuudha.Qabanni isaas waan ummata keessaatti faayidaa qaban yoo ta'ee jajjabeessuu yoo miidhaa qaba ta'e immoo qeeqquufi gorsuuf kan taajajilu ta'uu isaati.Faaruun wanti faarfamu sun waan kessa miiraa nama mararfachuu guutame kan of keessattidabarsuudha.

Wantootni faarfamaan kunninis waa'ee biyyaa, abbaa, haadha, jaalala, dachee, Waaqa, hiriyaa, loonfi goota ta'uu danda'a.

Ilmi namaas wantoota kana keessaa tokkoof miira jaalalaa qabuuf faaruun mul'isa.Kana ilaalchisuun Misgaanuun kitaabuma Encycliopedia Britannica (vol.4:863) kana wabeeffachuun faaruu aadaa yemmuu hiiku,"Folk song is one of the most enduring forms of folk literature (oral literature), typically that lives in oral tradition, learned through hearing and performing that reading and disseminated with in families and restricted social networks" jedha. Kunis sirbi aadaa bu'uura ogfaanii kan addatti afaaniin darbu, dhaga'amuu fi gochaan maatii keessatti agarsiifamuudha.

Haaluma walfakkatuun misgaanuu (2011) Abarraafi kanneen biroo (1993) wabeeffachuun akka ibsutti, "faaruun, sirba gaariisaa kaasanii sirbuu, daboo, loon faarsuu, gocha gaariidhaan maqaa namaa kaasuu, sagalee galataa, mararfachuufi boo'icha yeroo namni du'uu ittiin faarsaniidha" jechuun ibsu.Faaruu ergaa ykn wanta inni faarsuuf dhiyaaterratti hundaa'uun gosoota adda addaatti caccabsuun nidanda'ama. Kanaaf ragaa kan bahu Shawaayyeefi Fireehiwot (1999:320) irratti "gosoota faaruu, Faaruu gootaa, faaruu loonii, faaruu fardaa,faaruu abbaa, faaruu midhaanii, faaruu adamoo,faaruu ateetee,faaruu waaqaa, faaruu boo'ichaa,faaruu uruursa daa'immaniifi faaruu oogdii" jechuun gosoota faaruu tarreessanii jiru.

Akka ramaddii hayyuu kanaatti faaruun ergaa faarfamuuf jedhu giddu galeeffachuun waan qoqqooddame fakkaata. Mohammed Hassen Baxter (1996:73) waabeffachuun, yoo ibsan, "great scholar poet who stirred the imagination and captured the love of the Oromo by means of his poems....His poems deals with secular and religious subjects; some of his secular poems deal with the beauty of the Oromo country, its people, rivers, lakes valleys, mountains and animals while others deal with Oromo suffering under Amhara colonial administration"

Yaada kanarra kan hubannu barreessitoonni Oromoo Sheek Bakarii Saaphalloofi Mohammad Hassan Beekumsi walaloo inni guddaan isaa nama miiraa jaallalli oromiyaa qabe walaloon ibsata.

Fedhasaa, (2013:52-53) akka armaan gaditti ibsa; Jecha 'faaruu' jedhu kun sochii qaamaa akka ta'etti beekamuu danda'a. Haa ta'uu malee, sochii qaamaa osoo hintaane, walaloo yeedaloon sagaleeffamee hurrubummaan dhugoomudha.Sochiin qaamaa garuu,maqaa ittiin beekamu qaba.

Innis,hurruubbii jedhama.Naannoo Oromiyaa keessattis hurruubbii gosa adda addaatu argama.ak keenyaaf,Shagooyyee,shoboxee(ragada),Dhiichisa,xarree,Mirrisa,Geelloo, Kumkummeefi k,k,f,n fa'a kaasuu dandeenya.Egaa,sirbi walaloo yeedaloon weellifamu yommuu ta'u, sochiin qaamaa ammo hurruubbii yeedaloo sana waliin deemuudha.Kanaafuu, sirbi hurruubbii walqabata jechuudha.

Bauman, (1992:73) yoo ibsu "song is ashort poem or other set of word or set to music or meat to be sung and abrief composition written or adapted for singing" jechuun ibsa. Yaadni kunis, sirbi walaloo gabaabduu yookiin tuuta jechootaa yookiin muuziqaan kan dhiyaatu yookiin kan faarfatamuufi barreeffama ifaa yookiin sirbamuun kan amalateeffameedha. Faaruun jechaafi gochaan walitti qindaa"uun kan raawwaatuudha.

Yaada kana ilaalchistee, Finnegan (1970:2), Afwalaloon hiikumti isaa gocha sagantaa murtaa'e irratti jechootaan qindeessuu irratti kan hirkatu ta'ee, bakka gochaan hinjirretti hafee afwalaloon jiraachuu akka hindandeenye caqastee jirti. Kunis kan geerraru yoo jiraate kan si'eessu hin oolu; kan weellisu yoo jiraate kan jalaa qabu jiraachuu ni mala; Kan jedhuuf kan jalaa qabu kan dhaggeeffatu gidduutti quunnamtii walirraa hin cinne ni mul'ata.Wal quunnamtiin giddu isaanitti argamu immoo, hurruubummaan kan mul'tudha.

Gama biraatiin sirbi jechaafi gochaan yookiin hurruubummaan kan guutamee, sagaleefi gocha walfaana qindeessuun dhiyaatuudha. Kana ilaalchisanii, Simsfi Stephens,(2005:128) yoo ibsan, "Performance is an expressive activity that requires participations, heightens recoganized our enjoyment of experiences, invits response. Inorder for perfomance to happen a setting must exist and participants (perfomers and audience) must be present" jedhu.

Yaadi kunis Hurruubummaan dalaga hirmaanaa barbaaduufi ergaan isaa kan hubatamu, akkasumas, muuxannoowwan argannu agarsiisuuf bifa mul'atuun qindeessinee kan ibsinuudha. Hurruubummaan raawwatamuuf, yoomessa qabatamaa, himaattota barbaachisa.

Misgaanuu (2011) "Faarsaa, weedduufi sirba yaad-rimee jedhu gidduu falmiitu jira.Yaanni faarsaa jedhu weedduufi sirba waan ofkeessatti qabatu fakkaatuus, faaruun karaa uummanni miiraafi dhageettii, hubannoo yeroo darbee, haala yeroo ammaa dhaloota haaraa ittiin barsiisuufi dhaloota itti aanuutti ittiin dabarsaniidha"(f.70-71). Akka yaada hayyuu kanaatti faaruun riqicha miira,dhageettiifi hubannaa hawaasaa yeroo darbe ture gara ammaatti fiduuf gargaaraa tureefi gargaaraa jiruudha.

Asefa (2015) yaada kana yoo cimsu "song is a performance of political strategy or moral response to the problem of unequal power relationships and social inequalities using almost every genre of Salale folksong, particularly, commemorative songs of mogoro, bandits." jedha.Kunis faaruun uummata Salaaleen gochaan faarfamu tarsiimoo siyaasaa keessatti uummanni aangoo walqixummaa dhabuufi rakkoo hawaasummaaf saaxilamuun waan dabarseefi isa keessa jiru yaadatee haala uummama naannoo (mogoroo) waliin walqabsiisee sirbuun quuqaa qabu haala ittiin baasee ibsatuudha.

Yaada kanarraa kan hubannu Salaaletti faaruun gootaa uummanni walaloon quuqqaa isaa kan ibsatu, Bu'aa muuxannoo aadaa uummataa adeemsa qabsoo taasisuu keessatti kan argame ta'uu agarsiisa. Walumaagalatti faaruun aadaa Oromoo karaa uummanni barsiifata, duudhaa, amantaa, sirna waaqeffannaa, gaddaafi gammachuu ittiin ibsatuudha.Akkasumas, faaruun karaa uummanni miiraafi dhageettii, hubannaa yeroo darbee (yaadannoo) haala yeroo ammaa, dhaloota haaraa ittiin barsiisuudha.

### 2.7.2. Gooreewwan Faaruu

Faaruu ergaa ykn wanta inni faarsuuf dhiyaaterratti hundaa'uun gosoota adda addaatti caccabsuun nidanda'ama. Kanaaf ragaa kan bahu Shawaayyeefi Fireehiwot (1999:320) irratti goorowwan faaruu,"Faaruu loonii, faaruu fardaa,faaruu abbaa, warroomii, asmaarii, faaruu midhaanii, faaruu adamoo, faaruu mararoo, faaruu ateetee,faaruu gootaa, faaruu dachee, faaruu waaqaa,faaruu hoofcoo,faaruu boo'ichaa, faaruu uruursa daa'immaniifi faaruu oogdii" jechuun

gosoota faaruu tarreessanii jiru. Akka ramaddii hayyuu kanaatti faaruun ergaa faarfamuuf giddu galeeffachuun waan qoqqooddame fakkaata.

Dirribii (2012:81) waaqa mana, ijoollee, looniifi jireenya gaarii nagaa waliin isaanii kenne galateeffataa, maaram ayyaana dubartii, looniifi deessuu faarsaa; sirbaa oolanii bulu jedha.Kanaafuu, afwalaloon bifa walalootin dhiyaatan keessaa faaruu gosa adda addaa kan akka faaruu ateetee, gootaa, waaqa, dacheefi loonii ni argamu.

Dabalataanis misgaanuun (2011:62-65) tti faaruu jaalala, mararoo, faaruu gootaa, faaruu waaqaafi faaruu loonii jechuun gosa gosaan ramaduuf yaaleera. Yaada hayyoota oliirraa kan hubatamu faaruun damee adda addaa qabaachudha.

### *2.7.2.1. Faaruu Mararoo*

Mararoon akaakuuwwan ogafaan Oromoo walaloon dhiyaatan keessaa isa tokko.Mararoon weedduu sirna gaa'ilaa naqaatin gaggeeffamurratti shamarreen heerumtu hiriyoota ishee wajjin waliin ta'anii weeddisaniidha. Faaruun mararoo guyyaa cidha intala heerumtuu ji'a tokko hanbisee kan eegalu yeroo ta'u hanga gaafa cidha gaa'ilaa sanaatti galgala, galgala yeroo hunda walitti fufinsaan mana warra intala heerumsiisanii biratti faarfama.

Gooreen ogafaanii kun akkuma ogafaan biroo kan itti fayyadamtoonni ogafaanichaa ittiin walbarsiisan, wal-gorsaniifi wal-qeeqan akkasumas shaakalli, amalliifi gochaan hawaasichaan jibbaman kan ittiin qeeqamaniifi akka qajeelan taasifamanidha. Kana ilaalchisee Bukenya, (1994) yeroo ibsu: ”Each genre of oral literature has apart to play in the education of a particular society. While expressing feelings of people and playing other apeutic role the song satirizes unacceptable behavior and warns members against misdemeanor,” jedha.

Kunis tokkoon tokkoon gooreen afoolaa keessattuu hawaasa barate biratti shoora qabaachuu ibsa. Faaruu mararoo isheen heerumtu kan ittiin soddaa arrabsitu (amaamota warra mucaa), ceephaatuufi haala gaddaafi abdii kutannaatiin sagalee laafootti fayyadamuun kan dhaamsa dhaamtudha.

Faaruu mararoo calaqqee jireenya hawaasichaa haala adda addaan ibsa. Fakkeenyaa hawaasni Aanaa Warra Jaarsoo guyyaa gaa'ilaa misirroota walfudhan faarsuun cinaatti waa’ee shimalaa

kaasuun isaanii waan hinhafneedha.inni kuniis”sawwaan baddaa kormi keessa hin jiruu sobaniiti shimala malee komi hin jiruu." jechuun miirasodachiisuu isaanii ibsuufi..

### *2.7.2.2. Faaruu Jaalalaa*

Faaruun jaalalaa namni tokko waan garaa isaatti dhaga'ame, miira keessa isaatti ukkaamamee jiru tokko, fedhii qabu, gubannaa lapheesaa keessa jiru karaa itti ofkeessaa baasee dubbachuun dhiphina jaalalaa keessaa aara itti galfatuudha.Faaruun jaalalaa irra caalaatti kan inni weeddifamu warra dhiiraatiin yoo ta'e iyyuu warri shamarraniitis yeroo isaan itti weeddisan nijira. Faaruun kun yeroo baayee soda tokko malee ija jabinaan kan weeddifamu ta'ee, kan miira jaalalaa laphee isaanii (qarreef qeerroo) keessa jiru kophaa isaaniittillee yeroo isaan itti faarfachaa oolan ni argama. Jechootni karaa weedduu jaalalaa darban yeedaloo hawwataafi hiika hedduutiin kan badhaadhedha. Kana ilaalchisee.

Misgaanuun(2011), kitaabaa (Tasammaa, 2000:13) wabeeffachuun ibsetti, "...the Oromo vocabularies and terms used in songs are not ordinary. They are so deep and are often loaded with several meanings not easy to translate" jedha.Faaruun jaalalaa Oromoo yeroo baay'ee dhimma hojii walgargaarsaa, (daboo, jigii, kan akka haamaafi dugda walfudhachuu, yeroo ciraa ciran, lafa soqaniifi qonnaaa qotan), yerookophummaan isaaanitti dhaga'amuyeroo umurii fuudhaaf heerumaa keessa galan, yeroo lafa gabaa dhaqanii, horii tiksanii, karaa dheeraa deeman ergaa miira isaanii keessa jiru obsa itti argachuufi aara itti galfachuuf meeshaa itti dhimma ba'amuudha.Faaruun jaalalaa marti isaanii kan mana rukutan ta'uu dhiisuu malu. Kana ilaalchiseeSumner Claude, (1996:67):

> Structurally Oromo love poetry is purely metrical with an introductory line which usually serves for sound parallelism as well as rhythimic function.Oromo focuses more on beauty of form of poetry especially in poetry than its meaning.It may because of this that we find frequent word sound parallelism which not may cohere with other lines in thepoetry .In Oromo love poetry,the first time serve as introductory and only haveaesthetic function thouts frequently expressed by analogy in most of Oromo oral love poetry.

Kunis Faaruuwwan jaalalaa Oromoo irra keessi isaanii waa'ee jaalalaa haa fakkaatan malee, gadi fageenyaan gaafa ilaalaman garuu, waa'ee ilaalcha uummata Oromoo,faaasama isaa, duudhaa

isaa, amantii isaa, gorsa isaa, akkaataa jireenyasaa, safuu hawaasni Oromoo waliif qabu. Miidhagina uummatichaa, walitti dhufeenya shamarraniifi dhiirota gidduu jiru kan calaqqisiisudha.

### *2.7.2.3.Faaruu Gaddaa (Boo'ichaa)*

Hawaasa Oromoo keessa boossiftuun ogummaa yookaan leenjii qabaachuun sirna awwaalaarratti nama du'e faarsu yookiin faarsitu bal'inaan akka hinjirre hubatama. Haata'uutii akkuma hawaasa

Afrikaa biroo walaloo ogummaafi faayidaa addaa ofkeessaa qaban kana yeroo gaddaa yookaan boo'ichaa ittiiin walfaarfatan qabu. Walaloowwan kunis amaloota adda ta'e kan qaban yoo ta'u, namoonni akkaataa gaddi isaanitti dhagahameen kan ibsataniidha.

Maalummaa Boochisaa Seenessaan (2020) waraqaa qorannoo isaa keetti Asefanwabeeffate yoo ibsu "funeral song. In Salale, this genre is performed by men “professional‟ lamenters" (Asefa 2010:205).

Namootni hiriyoota baay'ee jaallatamaa yookiin jaallatamtuu waliin dabarsan tokko yeroo du'aan ofbiraa dhaban afwalaloo ittiin gadda isaanii ibsataniidha. Keessattuu naannoo Salaaletti boochiftuun bifa geerrarsaan miilanis ta'ee fardaan garmaamuun sochii qaamaatti dhimma bahuun gocha/seenaa nama du'ee san seenaa isaa tarreessuun faarsee boochisa. Faaruun boo'ichaa kun hawaasa Salaalee biratti hedduu beekamaafi boochiftuudhaf maallaqni kaffalameefii bakka boochiftuun jirtuu/ru barbaadamee akka du'a san bareechu taasisuun baratamaadha.kana malees Oromoon meeshaa isaaf iddoo guddaa waan qabuuf gaafa meeshaan isa kun jalaa miidhaame immoo gadda isaa haala ogwalalootiin ibsaata.Fakkeenyaa yeroo wayyaaneen shimala dargaggeessa irra guurtee guubaa turteetti gadda shimala isaa dhabuu isaaf akkaas jechuun gadda isaa ibsachaa ture .”Daanyaan ammaa dabballeen jala sagalii maal balleessee shimala keenya gubanii” jechuun gadda meeshaa isaaf qabu ibsachaa ture.

### *2.7.2.4. Faaruu Ateetee*

Ateeteen uummata Oromoo gidduutti baay'ee kan beekamu ta'ee, akkuma ogafaanota kanneen biroo dhalootaa gara dhalootatti kan darbuudha. Akka kitaaba (Dirribi D. 2012:120) keessatti ibsametti.Ateeteen ayyaana dubartii jedhama.Dhimmi isaas Ateetee kana kan eebbisee naqu haadha waan taateefi.Ateeteen sirna dubartoonni Oromoo waaqa ittiin kadhatan akkasumas hawwiif abdii jiruuf jireenya isaanii keessatti qaban ittiin ibsatan ta'uu hubachuun nidanda'ama.

Sirna ateetee kanas dubartii qofaatu bulfata.Kanarraa ka'uun bakka tokko tokko tokkotti ayyaana dubartii jedhamuun beekama. Dhiirri sirna kabaja ateetee kanarratti hin hirmaatiin malee waan ateeteef barbaachisu gama isaatin guutuun gumaacha isarraa barbaachisu hunda taasisa. Durboonnis ateetee kana akka hinbulfanne dubbatama. Haata'u malee, isheenis gama isheetiin meeshaalee barbaachisan haadhaaf ni dhiheessiti. Sirna facaafannaa ateeteerratti dubartootni walwaamanii waliin facaafatu. Sirna kanarratti hoolaan ni qalama. Beerran siiqqee qabatanii garee uumuun sirba keessa dubbiin waltuqaa sirbu. Sirna facaafannaa kana keessattis faarfannaan ateetee garaa garaa ni weeddifama.Sirnuma kana ilaalchisee.

Misgaanuun,(2011); (Jeylan, 2004:11) wabeeffachuun yoo ibsu: "As I well know its [Atete] practice in southern Oromia now, the timing of the festival is not fixed as such. Whenever natural disasters fall, woman gather and perform the ritual. Without any fixed timing the Oromo women used to practice Atete as of stringing their solidarity and as a tool to counter atrocities stage against them by men" jedha. Iddoo tokko tokkotti kan akka fakkeenyaaf Shawaa bahaa, lixaafi kaabaatti ammo Ateeteen kan Facaafatamu Ji'a Waxabajjii,Adoolessa, Qaammee Ykn Masqalaatti.Yeroo ateetee itti facaafatan sadii haa ta'an malee,dubartiin tokko sirna ateetee kan kabajju yookaan kan facaafattu waggaatti si'a tokko qofaadha. Kaayyoon isaas hormaata namaaf loonii waaqni akka qajeelchuf kadhachuuf sagantaa dubartootaan raawwatamu ta'uu agarsiisa.

### *2.7.2.5. Faaruu Waaqaa/Jeekkarsa*

Aadaa uummata Oromoo keessatti walaloowwan faaruudhan ibsaman keessaa inni tokko faaruu waaqaa yookiin amantiiti.Finnegan (1970) keessatti hojii walaloo (poetic work) amantii ulaagaa sadiirratti hundoofnee adda baasuu akka dandeenyu ibsameera.Isaanis haala keessatti waaqeffatamuufi gochawwan raagamtaatiin (methical action), akkaataa ogeessonni amantii itti galateeffataniifi haala yeroo isaan ittiin hurruubanuudha.

Sirboonni duudhaalee amantii Oromoo muraasnis caalmaatti waaqa (uumaaf) galata kan galchan, hojii isaanii maraaf waaqni aagi(gaarii) akka isaanif godhu kan ittiin ibsaniifi waan waaqayyo isaanif godhe hundaaf kan ittiin galata galchaniidha.Oromoon olaantummaa yookiin guddummaa waaqaa,jijjiiramuu dhaba waaqaa,beekumsaafi muuxannoo dhala namaatii ol qabaachuu uumaa waaqaa galateeffachuu yookiin dinqisiifachuurratti kan xiyyeeffatudha.AkkaOromootti uumamni hundumtuu hojii harka waaqayyoo waan ta'aniif, ulfinasaa himu.Kanaafis, Oromoon afwalaloo dhimma jajuu uumaa ofkeessaa qaban hedduu qaba.

### *2.7.2.6. Faaruu Mootolii/Nugusaa*

Mootota dhufanii darban keessatti hawaasni Oromoo gammachuufi qeeqa /komii/qabu mara karaa afwalalootin dabarsataa tureera.Hawaasni gaafa roorroon isarratti baay'atu gaafa afaansaa luugamame, gaafa mirgi uumamaan inni qabu jalaa sarbame waan jedhu qaba.Faaruun meeshaa miira dhageettii keessa namaa dubbatu waan ta'eef hawaasni waan keessa isaatti dhagahameef dhoksaattis ta'e mul'inatti waan gungumu qaba.Mootota biyya keenya hogganaa keessatti jajuufis ta'e qeequuf uummanni waan jedhe qaba.Faaruuwwan kunneenis yoomiif,maaliif akka jedhamaniifi qorannnoo mataa isaanii kan barbaadaniidha.

Akka itti weedduu kana hawaasni jechaa tures yeroo mootummichi iddoo gadhiisudha malee hawaasni mootummaa keessa jiru hammeessuuf of qusata.Fakkeenyaa sirba Dhiichisa Salaalee yeroo hedduu Badhaadha Dilgaasaan sirbamu keessaa "maazaniin falaxaa, dhageechee yaa Leencoo Lataa,Mallas Zeenawiin Markaattoo taa'ee kadhataa" jechuun sirbu. Dabalataan " Salaalee mitii darrayis mitii darroo jala dabarree, Osoo ashkareen loluu nugusa duubaan dheesse agarree" jechuun mootummaa biyya bulchu illee kan qeeqan ta'uu himu.

### *2.7.2.7. Faaruu Uruursa Daa'immanii*

Maalummaa ururuursaa asafaan yoo ibsu, "Urursa (Ushururu): cradle song or lullaby. Its content can vary from purely praising the child, the mother or siblings or close kin to political, grievance and other topical issues".(Assefa 2010:205) Faaruun uruursa daa'immanii akkuma ogafaan kanneen biroo dhaloota dhalootatti darbaa kan dhufeedha. Afwalaloo keessaa isa tokko, daa'imni yeroo boochu faaruu kana fayyadamuun daa'imni sun boo'as akka dhiistu faarsanii sosobuudha.

Akka hayyuu Misgaanuun(2011), Goldsmith (1996) wabeeffachuun ibsutti walaloon huruursaa daa'immanii faayidaa adda addaa qabu.Innis daa'imman osoo afaan dhalootaa isaanii sirriitti hin hiikatin dura sagalee laafaafi danbooba guddistootaa yookiin haadholii isaanii kan argatan yoo ta'e duudhaa (value memory) isaanii jabeeffachaa adeemu.

Kanaafuu, jechi jalqaba haadholiin yookaan guddistoonni daa'imman ittiin faarsan sammuu daa'imman ittiin faarsanii gabbisuufi itti fufiinsa afaaniitiif wabii ta'uun shoora guddaa taphata. Kun kan agarsiisu guddistoonnidaa'immanii ergaan faarsan sun sammuu daa'immanii keessa bula. Ergaan kunis galtee galaa aadaa ta'aaf.Kun immoo afaanis ta'ee caasaa afaanichaa sirriitti hubachaa akka adeeman isaan gargaara. Uummanni Oromoo walaloon faaruu daa'immanii kana

daa'imman sossobuun raffisuurra, haadholiin hawwii daa'imman isaaniitiif qaban kan ittiin ibsataniidha. Innis dhukkubaafi qorumsa yookiin gidiraa guddaa daa'imman isaanii quunnamuu danda'uufi waaqayyo waardiyaa yookaan eegaa akka ta'uuf kan ittiin kadhatamaniidha jedhamee amanama.

### *2.7.2.8. Faaruu Warroomii (Gaa'ila)*

Hawaasni kamiyyuu jireenya gaa'ilaa yookaan warroommii raawwachuuf seera duudhaafi barsiifata mataa ofii qaba.Maatii ta'uun warroommiirraa eegala. Dhiirri tokko haadha manaa meeqa, dubarri tokko abbaa manaa meeqa, adeemsa maaliin walitti dhufuu danda'u kan jedhu aadaa hawaasichaatiin murtaaha. Akka waliigalaatti dhiirri tokko dubara lama yookaan dubarri tokko dhiira lamaaf kan jedhu aadaa Oromoo hin ilaallatu.

Hawaasa tokko keessatti qabeenyaafi haala irratti hundaa'ee, warroommiin bifa garaa garaatiin raawwachuu dandaha. Isaan keessaa muraasni naqata (gabbara), aseennaa, butii (yeroo ammaa kana hinjiru), cabsii, sabbat mariifi kan kana fakkaatan isaan beekamoodha.Isaan keessaa warroomiin naqataa kabaja guddaa qaba. Waan Kana ilaalchisee Misgaanuun,(2011),Asaffaa Gammachuu (2006) wabeeffachuun yoo ibsu: "Marriage in Oromo culture is the responsibility of boys and girls families rather than being only that of two individuals" jedha.Gaa'elli itti gaafatamummaa kan qabu malee, calliseetuma kan walitti dhufamu miti. Bultii ijaarrachuun Oromoo keessatti wanti iddoo guddaa qabu inni guddaan gaa'ila dura waan hinbarbaachifne hojjechuu dhiisuu yookaan durbummaa waliin gara bultii ijaarrachuutti seenuu shamarran Oromooti.Dargaggoonni Oromoo akka isaan gaa'ila isaanii dura waan hawaasi jibbu akka hin hojjenne aadaatu daangessa.

### *2.7.2.9.Faaruu Asmaarii*

Faaruun asmaarii uummata Oromoo keessatti beekamaadha.walaloon karaa weedduu kanaa lufus afwalaloo keessatti ramadamuu danda'a. Asmaariin karaa weedduusaatiin gootota dirree qabsoorratti wareegaman, kan hawaasa gidduutti hojii gaarii hojjechuun iddoo guddaa qaban maqaa isaanii kaasuun faarsa. Afwalaloon kun waa'ee biyya ofiifi gootaa sabaa kaasuun dubbata. Qabiyyeen walaloo keessatti argamu hedduu ta'us qorannoo barbaada. Waa'ee Asmaarii ilaalchisuun Fiixeen akka kanatti ibsaa: (Fiixeen, 2013) akkanatti ibsu"Asmaariin (weeddiftuun) Oromoo bakka cidhi/ gaa'ilaa, daboofi dhangaan adda addaa jiru dhaqanii weeddisanii du'aafi jiraa faarfatanii yommuu namoota gaggaarii duraa du'an seenaa isaaniitti weeddisu. Warra

gootota akka gootummaa isaaniitti,isa arjaa arjummaasaan, jajataniidoqna immoo doqnummaasaatin arrabsanii namoota taphachiisanii, kofalchiisaa, ofiis horii argatu" jedha.

### 2.7.10. Faaruu Dhiichisaa

Uummanni Oromoo Tuulamaa akkuma ummata Oromoo naannoo Oromiyaa biroo aadaa, duudhaa, gammachuu, gadda, gootummaa, heera ittiin bulmaataafi haala jiruufi jireenyaa afoola ittiin ibsatu qaba.Uummanni kun afoolatti fayyadamanii yeroo eenyummaa isaanii calaqqisiisan kanatti, dalagaan afoolichaa callisee afaaniin qofa kan dhiheessan miti. Akka afoola Oromoo Tuulamaatti afoolumti sochii qaamaatiin osoo hindeegaramin dhihaatu hinjiru.Kanaaf, dalagaan (performer) afoolaa yeroo afoola jamaafis ta’ee gammachuu keessoo isaatif dhiheessuu miidhagsee sochii qaamaatiin wal simsiiseeti.

Afoola Oromoo keessaa sirbi isa tokko yoo ta’u, godinaalee adda addaa keessatti haala adda addaan kan dhihaatuufi moggaasa garagaraa kan qabuudha. Jecha “sirba‟ jedhu kana namoonni adda addaa kallattii lamaan hubatu.Karaa tokko, akka sochii qaamaa ta’eetti ilaalu; karaa biroo immoo walaloo yeedaleeffamee sochii qaamaatiin dhihaatudha.Walaloo yeedaloon sagaleeffames yaa ta’uu sochii qaamaa, lamaanuu wal biraa hinhafu.Kanaaf, sirbi afoola sochii qaamaatiin deegaramuudha. Sochiin qaamaa kun immoo Oromoo Tuulamaa biratti akkaataa dhiheenya isaatin Ragada, dhiichisa jennee ilaaluu dandeenya.

Akkuma armaan olitti ibsametti, maalummaa sirbaa irratti ilaalcha adda addaa qabaatan, afgaaffii namoota hedduu waliin gaggeessee dhiichisa karaa adda addaatin hiika itti kennu. Namoonni hedduun,“ Jechi dhiichisa jedhu jechoota lamarraa dhufe “‟‟ jedhu. Kunis, jecha „dhiituu + sagaleessuu‟ jedhu irraa akka uummame dubbatu.Inni kun immoo, sochii qaamaatiifi walaloo yeedaloon sagaleeffame walitti hidha.Warreen biroo immoo “ dhiichisni ibsituu eenyummaa uummataa; kan hawaasni haala jiruufi jireenya ofii ittiin ibsatu; walaloo yeedaloon akka nama harkisuu danda’utti miidhagsamee kan sagaleeffamuudha‟ jedhu.Akkan yaada kanairra hubatammufi muxxannoo dura qabuttifi iddoo dhiichisni itti adeemsifama jiru deeme mirkaneefadhetti dhiichifni sochii qaamaa,walaloo yeedaleeffameen kan dhihaatudha. Yaada kana ilaalchisee hayyoonni adda addaa yoo ibsan;

Fedhasaa,(2013:52-53) akka armaan gaditti ibsa; “Jecha 'sirba' jedhu kun sochii qaamaa akka ta’etti beekamuu danda’a.Haa ta’uu malee, sochii qaamaa osoo hintaane, walaloo yeedaloon

sagaleeffamee hurrubummaan dhugoomuudha.Sochiin qaamaa garuu, maqaa ittiin beekamu qaba.Innis, hurruubbii jedhama"Naannoo Oromiyaa keessattis hurruubbii gosa adda addaatu argama. Fakkeenyaaf, shagooyyee, dhiichisa, xarree, shoboxee, mirrisa, geelloo, kumkummeefi k.k.f faa kaasuu dandeenya. Egaa, sirbi walaloo yeedaloon wallifamu yommuu ta'u, sochiin qaamaa ammo hurruubbii yeedaloo sana waliin deemuudha. Kanaafuu, sirbi hurruubbii walqabata jechuudha.

**A**.**Sirba Dhiichisaan**;Faaruun sirba dhiichisaa yeroo gammachuu garagaraa kanneen cidha, irreecha, kabaja ayyaana masqalaafi sirna gadaafi k.k.f irratti dhiirotaan kan dhiichifamu tahee, dhiichisa keessatti hirmaachuuf umuriin daangessuu baatus irra caalatti dargaggoota onnee gootummaan guutamaniin dhiyaata. Innis shimala ykn ulee qabachuun geengoo uumuun nama tokkoon lamaan yeedaloo isaa eeganii waloon sagalee tokkoon sirbichi nibaaafama/ buufama kanneen hafan sagalee tokkoon jalaa qabuun qaamaan walsimsiisuun yeedaloon sagaleen dhiyaatuufi sochiin qaamaa walsimatee akka deemutti ol utaaluun gadi deebi'uu miila lamaan dabareen lafa rukutuun gamtaan socha'u.

Baayyinni hirmattoota dhiichisaa bal'ina iddoo itti sirbaniifi lakkoofsa hirmaatu malee baayyinni hangana tahuu qaba jedhamee wanti daangeffamu hinjiru.haa ta'uu malee dhuunfaan dhiichinsi rawwataamu hin jiru.hunduu gamtaan itti hirmaata malee.Sirbi dhiichisaa salaaletti wanti adda godhu dubartoonnillee waliibuusun dhiichisaan sirbuu danda'uu isaaniti.

Asefa (2010:205) Dhiichisa/Ragada: "Men hold sticks and sing songs of various contents and genres and dance in circle. In this genre the contents of the songs include heroic and commemorative, historical, andlove songs, which have no exclusive genres and specific context. In any non-religious context, where dhiichisa is (or is not) performed, those songs are sung" Jedhu. Kunis dhiironni geengoo uumuun shima qabachuun inni tokko yoobuusu kanneen biroo jalaa qabuun sirbama.qabiyyeen sirbichaas gootummaa, yaadannoo, seenaafi sirba jaalalaa ta'uu danda'a.

Dabalataan, Simsfi Stephens,(2005:128) yoo ibsan, "Performance is an expressive activity that requires participations, heightens recoganized our enjoyment of experiences, invits response. Inorder for aperfomance to "happen" a setting must exist and participants (perfomers and audience) must be present" jedhu. Hurruubummaan dalaga hirmaanaa barbaaduufi ergaan isaa

kan hubatamu, akkasumas, muuxannoowwan argannu agarsiisuuf bifa mulʻʻatuun qindeessinee kan ibsinuudha. Hurruubummaan raawwatamuuf, yoomessa qabatamaa, himattoota barbaachisa.

Gama biroon hayyuun Asafaan dhiichisa ilaalchisee yoo ibsu, "Romantic folkdances are performed by unmarried young men and women though married men participate in dhiichisa; this can vary from place to place. During a dhiichisa performance, young men dance in a circle and play-act with their shimala, or sticks, feigning a strike or a sudden blow in the head"(Assefa, 2010).

Kunis dargaggoonni hinfuuneefi shamarran hin heerumneen haala bareeda ta'een sochii qaamaan agarsiisuudha.Garuu dhiiroonni fuudhanillee bakka itti hirmaatan nijira.Yeroo sochiin dhiichisaa taasifamu dargaggoonni geengoo uumuun shimala fayyadamuun dhiichisaa, takkaa ulee mataa irratti walitti rukutuun walsi'eessanii caalatti bareechuu danda'u.

**B) Sirba Shoboxeen/Ragadaan**; Faaruun sirba shoboxee yeroo gammachuu kanneen akka cidha, ayyaana waggaa masqalaa, cuuphaa, faasikaa, irreechaafi .k.k.f irratti gamtaan geengoo uumanii sirba sagaleefi sochii qaamaan walsimsiisanii kan sirbamuudha.Daqiiqaa muraasaaf sirba buufata walaloo tokko ergii jedhanii jidduun miira sirba jedhanii san gochaan agarsiisuuf miila lamaan dabareen lafaa fuudhuun gadi deebisanii lafa dhiitu ykn rukkutuun hiriyaa dhiiraa ykn durbaa kallattii fuundura walii jiranutti tokko tokkoon ykn gamtaan walitti sirbaniidha.yeroo miilaan ragadan afaaniin immoo sagaleen hiika hinqabne birsaga qofa qabu(bis...bis...ykn bish...bish...) jechuun walitti ragaduun goota faarsu.

Qabiyyeen faaruu maqaa gootaafi uumama naannoo walsimsiisuun iddoowwan Badhaanni keessa socha'ee diina irratti injifate, keessa jiraatu ibsatu. Faarsuun bakka cidhaa(galgalafi guyyaa), bakka daboo galagala,guyyaa ayyaanaa adda addaa sirbamuu ibsa.(Madda:afgaaii Darg.Maammoo Waaqjiraa 11/5/2013) Faaruun shoboxee akkuma dhiichisaa jechaafi gochaan walitti qindaa'uun kan raawwaatuudha.

Yaada kana ilaalchistee, Finnegan (1970:2), Afwalaloon hiikumti isaa gocha sagantaa murtaaʻʻe irratti jechootaan qindeessuu irratti kan hirkatu taʻʻee, bakka gochaan hinjirretti hafee afwalaloon jiraachuu akka hindandeenye caqastee jirti. Kunis kan geeraru yoo jiraate kan siʻʻeessu hin oolu; kan weellisu yoo jiraate kan jalaa qabu jiraachuu ni mala; Kan jedhuuf kan jalaa qabu kan

dhaggeeffatu gidduutti quunnamtii walirraa hin cinne ni mul‟ata. Walquunnamtiin giddu isaanitti argamu immoo, hurruubummaan kan mul'tuudha.

Gama biraatiin sirbi jechaafi gochaan yookiin hurruubummaan kan guutamee, sagaleefi gocha walfaana qindeessuun dhiyaatuudha. Hayyuun asafaa hiika Shoboxee yoo ibsu, "Boys and girls line up facing each other and perform, i.e. sing and dance love songs and songs of social critique and resistance" jedhu (Assefa,2010:205)

### 2.7.3. Faayidaa Faaruu

Dhalli namaa miira xiinsammuutiin socho'a. Dhimma keessa isaatii iyyuu kan karaa tokkoonis ta'ee karaa biroon fedhiinsaa akka guutamuuf barbaada. Dhimmootin hawwiifi miira dhala nama agarsiisan kun karaa walalootiin ifa bu'u. Kun ammoo wantootni faayidaa qabeeyyiin dhala namaa faana walqabatan marti, eenyummaasaa illee dabalatee faarsaa waloo uummatichaa faana hidhata guddaa qabaachuu beektonni ni eeru. Faayidaa Faaruu ilaalchisee Warquufi Kaawwan (1993) yoo ibsu, "faaruun kan jaalalli qabe abdii jaalalaa isa qabsiisa, Hiyyummaafi gadda keessa jirurraa addaan bahuuf, hadhaawaa jireenya gadadoofi gadaantummaa keessaa bahuufi kkf kan ittiin calaqqisiisu" jechuun ibsa(f.119).

Dabalees, warquun faayidaa faaruu yoo ibsu, guyyaadhaa gara guyyaatti dhala namaatti waa hedduutu dhaga'amaa oola.Gaddas ta'ee gammachuu qeequufis ta'ee ceepha'uuf wanti karaa faaruun darbu salphaa miti. Ilmi nama dhimmoota adda addaarratti haala itti fufiinsa qabuun yaada. Waan kana taheefis isa kana faaruutti fayydamuun waan itti dhagahameefi amantaa isaa, aariifi gammachuu, dhiphinaafi soda qabu karaa faaruu isaatiin ibsatu. Faaruun kara walalootiin darbuu haqa uummataa gidduu jiru tokko ifa baasuuf akka meeshaa olaanaatti gargaara. Haqnikunis,waa'ee aadaa, seenaa, duudhaa, dhuftee eenyummaa, dinagdee, malaammaltummaafi siyaasarratti xiyyeeffachuu danda'a. Kana ilaalchisuun hayyuun Finnegan (2005) observes, “Songs contributes to social cohesion and thereby increases the effectiveness of group action. Work and war songs, lullabies, and national anthems have bound together families, groups, or whole nations. music may provide a means to reduce social stress and temper aggression in others" jedha.

Yaadi kunis sirbi hariiroo hawaasummaafi garee hawaasaa cimsuu keessatti shoora olaanaa qaba.Sirbi hojiif waraanaa, faaruun biyyaa maatii/garee ykn biyya walitti hidhuun tokkoomsuu

danda'a.Muuziqaan sodaa hawaasaa hir'isuun qaama biroo irratti dhiibbaa uumuu danda'a. Fakkeenyaaf sirnoota bulchiinsaa mootummaa darbanii keessa seenaan, aadaan amantiinfi afaan saba Oromoos ta'e, saboota biroo maal akka fakkaataa tureefi fakkaataa jiru ifa godhee kaa'a.

Afwalaloon miira laphee namaa keessa jiru walaloon dhangalaasee baasa.Kanaafuu, faaruun waan fuulleetti mul'ataniin duuba jiruu akka hubannu nu taasiisa. Kunis yeroo baay'ee kan taasifamu jechoota dubbii qoolaa(figurative speech) fayyadamuuni.

Faaruun aadaafi safuu hawaasa tokkoo miidhagsee hawaasa biroof ibsuuf yookaan dabarsuuf humna qaba. Yaada kana Finnegan, "Songs can be used to report and comment on current affairs, for political pressure, for propaganda, and to reflect and mould public opinion," (Finnegan, 1970: 270) jetti. Faaruun dhiibbaa siyaasaaf, hawaasa dadammaqsuuf, akkasumas, ilaalcha hawaasaa ibsuufi sirreessuuf gargaara. Hayyuun Finnegan itti dabaluun faayidaa faaruu yommuu ibsitu "In different contexts, songs can have the effect of intensifying factional differences or of encouraging national unity" (Finnegan, 1970:297) jetti. Faaruus ta‟ee weedduun haala garaagaraa keessatti tokkummaa biyya tokkoo eeguurratti qooda guddaa qaba.

Misgaanuun (2011) Ergaan faaruu keessa jiru dhaggeeffataa yookaan dubbisaa keessa bifa miidhagina qabuun seena. Faaruun raawwiiwwan seenaa, gochaalee hawaasaa tokko keessatti raawwatamaa turan bifa walalootiin kan ibsamaa turan kan bakka bu'u argisiisa. Isaan kunneenis bifa sirbaan, faaruu, geerarsaafikan kana fakkaataniin raawwii seenaa ibsu. Eenyummaan saba tokkoo maal keessa akka jiruufi maal keessa akka darbe, aadaan, afaan, amantiin, diinagdeen, siyaasni hawaasa tokkoo akkamitti gaggeeffamaa akka ture kan barsiisuudha.Gootummaa hawaasni karaa waraanaa, sabboonummaa, meeshaalee hawaasaa tokkoo gama aadaatiinis ta'ee gama birootiin tajaajilama ture maal akka fakkaatus nicalaqqisiisa. Kana malees faaruun tokkummaafi walitti dhufeenyi hawaaasni tokko qabaachaa ture dhaloota itti aanutti dabarsuuf, hacuuccaafi cunqursaa sabni tokko keessa ture ibsuuf mul'isa (f.71-73).

## 2.8. Yaaxxinaalee (Dayeessota) Qorannoo Fokloorii

Boqonnaa lamaffaa sakatta barruu jala qabxii biraa dagatamuu hin qabne inni biroon yaaxxina mata duricha waliin deemu sakatta'a barruu qorannichaa jalatti qabxii dagatamuu hinqabne yaaxxina mata-duree qorannoo waliin deemu ibsuudha.Yaada kana ilaachisee Seenessaa (2020)Addunyaan (2011:58) wabeeffachuun, "Sakatta'a barruu jalatti qabxiin dhiyaachuu qabu

yaaxxina qorannoon sun irratti bu’uuruudha. Dhimmi kun karaa biraan qorannichaaf dallaa ijaaruu dha,” jedha.Akka yaada hayyuu kanaatti gaheen yaaxxina qorannoo kaa’uu qorannichi maal irratti daanga’ee gaggeeffaaa akka jiru agarsiisuudha. Daayessi fokiloorii garaa garaa yeroo adda addaafi beektota adda addaan bu`uureffamaniiru. Kana dhugoomsuuf hayyuun

Dorson (1972):Ideological Theory, Folk Cultural Theory‟, Contextual theory, Functional theory,performancetheory,CrossCulturaTheory,Historical,reconstructional,theory,Psychoanalytical Theory, Oral-Formulaic Theory,Structural Theory,Mass Cultural Theoryfi Hemispheric Theory ta’uu mala jechuun ibsa.

Daayessota Dorson kunniinis xiyyeeffanoo mataa isaanii qabu.Qo`annoon fokiloorii tokko waan bu`uureeffachuu qabu haala ni wayyuun yaada jiru agarsiisu.Hunduu kallattii isaaniin,qo`annoon fokiloorii dhimma siyaasaan walqabatee xiinxalamuu qaba,aadaa bu`uureffachuu qaba, haala keessatti raawwatu bu`uura godhachuu qaba, faayidaa giddu galeessa godhachuu qaba, seenaa bu`uura godhachuu qaba, xiinsammuu itti fayyadamaa gidduu galeessa godhachuu qaba, akkasumas seenessaafi hurruubaa bu`uura godhachuu qaba yaada jedhuufi kan kana fakkaatan lafa kaa`a.

Haaluma kanaan mata-dureen qorannoo kanaas af-walaloo hawaasaa keessaa faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu qorachuuf waan ta’eef yaaxxinaalee qorannoo fokilooriif gargaaran keessaa kallattiin hidhata kan qaban lama irratti xiyyeeffatee kan gaggeeffameedha.

### 2.8.1. Yaaxxina Haalaa (Contextual Theory)

Daayessi kun bara 1960 afooleewwan dargaggoota ta`aniin Yuuniversitoota Indiyaanaafi Pennislavaaniyaa keessatti kanneen leenjii Doktorummaa afoolarratti fudhataa turaniin eegale.Waa’ee yaaxxina haalaa Dorson (1972:45) irratti yoo ibsu, “…the folklore concept apply not to a text but to an event in time in which a tradition is performed or communicated”.Akka yaada kanaatti afoola tokko qo`achuun kan danda`amu, waan raawwatee taa`erraa otoo hinta`iin waan raawwachaa jiru bu`uura godhachuuni. Kunis haala qabatamaa afoolli sun keessatti hurruubamu, akkaataa itti hurruubamu, waantota yeroo hurruubbii hurruubaan dhimma itti bahu, walumaagalatti yoomessa sana keessatti argamuun waan afaaniifi gochaan raawwatu faana bu`uun kan geggeeffamu ta`uu nu hubachiisa.

Yaaxinni haalaa yoomeessaafi haalawa kam keessatti akkaataa kamiin fooklooriin akka dhiyaate irratti kan xiyyeeffatuudha.Kanuma walsimatee faaruu shimalaa bifa dhiichisaa dhiyeessuu keessatti ga'een hirmaatotaa maal akka ta'e, akkaataa raawwiin achi keessatti barbaachisu itti mul'atu, yeroofi iddoon faaruun kun itti dhiyaatu ibsuuf yaaxina haalawa.

### 2.8.2. Walaloon Naannoo Faarsuu/Ecopoetics

Walaloon Naannoo Faarsuun/ecpoetics/kan dubbisan uumuufi barreessittoonni Ameerikaa kra hammayyaa ta'een yaalii hojii riqicha cimaa barreeffamaa walaloo irratti uumaniifi seera uumamaa /dhala namaa/jiddugala kan godhatu jedha.Asefa (2010) haayyota akka Jonathan Skinner and Christopher Arigo, waabeffachuun yoo ibsan,walaloon naannoo faarsuu jidduutti hidhata walaloon barreeffamaafi seera naannoo waliin qaban, gahee afoolli qabu keessaa sirboonni walitti dhufeenya uumama waliin qabu akka fakkeenyatti muuxannoo hojii uummanni Ruwaandaa hurruubammaan ibsachaa turuu isaa yoo ibsu. Dabalataan afwalaloo uummata Ruwaandaa sababa uumuun shaakala sirba hurruubsaman walitti fiduun xinxaaluun hanga huruubsichi sirrii tahee argamutti shaakalu jechuun ibsaniiiru.

Gregory Bateson (1984), Akka yaada hayyuu kanaatti "ecology of mind, economic determinism governs the relationship between humanity and the environment in which they live, the unethical relationship that dates to the Industrial Revolution. and common understand the "interface between the realm of mind and physical reality," from the perspective of relations of traditions to one another and to society in time and place. It is a cultural critique, which I call ecopoetics, of this unbalanced relationship presented"(f.345).

Akka yaada kanaatti gadi fageessanii yaaduu dadhabuun murteen mootummaan dinaagdee irratti fudhatu hariiroo jireenya namootafi uumama gidduu jiruu sosochii industurii waraaqa irra eegalee kan adda hincinneedha.Kanaafuu dhiibban aadaa uumumaan naannoo walaloo faarsuu irratti hariiroo madaala isaa hin eegne uumu.

Gosoota faaruu keessa faaruun gootaan wal qabsiisun faarfamu isa tokko.Fakkeenyaaf faaruu naannoo gootota salaaleettin namoota yeroo duulan, yeroo roorroo ummata irra ittisaan haala dhiichisan/shoboxeen/wal qabsiisun yeroo hamilee isaanii kakaasuuf fayyadamaan ni mul'ata.Yaada kana ilaalchisee Workneh Kalbessa (2010) "argues that environment has always been the fundamental concern of the rural people. The Oromo attitudes towards the environment

and their positive impact on rural development show that they possess accumulated practical knowledge of their environment through experience and productive activity"

Akka yaada kanaatti gochootni kunniin baay'inaan kan mul'atu ummata baadiyaa birrati yoo ta'u inni kunnis ilaalcha uumanni Oromoo naannoo ofiif qabuufi guddina baadiyaatiif gummacha olaanaa qaba.haalli kun immoo muxxannoo ummanni naannoo qabu keessatti qabu olaanaa waan ta'eef beekumsa kana immoo gochaan fi sagaleen miidhagsuun ibsatu.

Asefa (2015)."exemplifies the Salale Oromo accounts of the "origin theory" of orature, folksongs in particular,which holds that the physical world and sacred places (rivers, mountains, caves, trees, groves, hilltops) are unique sites for poetic meditation and composition.It is a local ecological perspective that considers the relationship between human cultural contents and their environment as close and indispensable entities"

Akka yaada kanaatti Oromoon salaalee akka yaadiddama jalqabaati sirboota adda addaa kanneenasadarkaa addunyaatti mul'atu kanaan wal qabsiisuufi ardaa jilaa kanneen akka lagaa, gaarawwan, holqoota,mukkeen, bosonaafi tulluwwan iddoo baay'aa hawwataa ta'an walaloo adda addaa fayyadamuun ibsatu.Waa'ee naannoo cimsanii beekun wantoota aadaa keessatti calaqqisiisaaniifi ummamma naannoo gidduu jiru beekuun murteessa akka ta'e ibsa.

## 2.9. Walsimannaa Yaaxxinaalee Foklooriifi Faaruu

Shimalaa Qaaccessa faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu jedhu qorachuuf yaaxxina kanatu barbaachisa jedhamee wanti adda bahee taa'e jiraachuu baatus, qoratichi yaaxxinaalee garaagaraa jiran keessaa isaan lamaan armaan olitti ibsaman mata duree qorannoo kanaa waliin walitti dhiyeenya qabu jedhee waan filateef  itti gargaarameera.

## 2.10. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii

Qorannoowwan garaagaraa kan kanaan dura gaggeeffaman sakatta'amanii jiru. Hanga ammaatti qorannoon kallattiidhaan mata duree kana irratti gaggeeffame hin jiru.Haa ta'u malee qorannaawwan mata duraa kana deeggaran kan faaruu adda addaa irratti gaggeeffame sakatta'amanii jiru.Sakatta'iinsi kunis tokkummaafi garaagarummaa qorannoo kanaafi qorannoo sakatta'ame gidduu jiru ibsuurratti kan xiyyeeffateedha

Bayyanaa Laggasaa (2016) Faaruu loonii irraatti kan gageesse xiyyeeffannaan qorannoo Bayyanaa faaruu loonii irratti xiyyeeffata.Walfakkeenyi qorannoowwan kanneen lamaanii faaruu funaanuu isaaniti.Namoota mata duree kana irraatti faaruu qorataniif karaa saaqa. Garaagarumman isaanii kan Bayyanaa faaruu loonii irratti yoo xiyyeeffatu qorannoon kuni immoo faaruu shimala dhichiisa keessatti bifa walnaannoo fi ilaalcha hawaaasa Warra Jaarsootti kan jedhu irratti xiyyeeffata.

Girmaa Taaddasaa (2009) waraqaa digirii lammaffaa guuttachuuf mata duree“Qaaccessa Faaruu shimalaa dhiichisa salaalee keessaatti”haala Oromoo godina Shawaa Kaabaa aanaa Yaayyaa Gulaalee gaggeeffame. Qorannoon Girmaan Faaruu Shimalaa dhiichisa kaassetti ibse keessaas dhiichisni isa tokko akka ta’e tuqameera.

Akka waliigalaatti dhimma dhiichisaan walqabatu tuquu, hirmaattonni dhiichisaa dhiira ta’uu ibsuu,dhiichisni bifa geengoo uumuun kandhiyaatu ta’uu,yoomessa dhiyaatina dhiichisaa tuquufi tokkoon tokkoon dhiichisa qaacceffamee fakkeenyaan deeggaraa deemuun walfakkeenya qorannoo kanaafi qorannoo Girmaa gidduutti mul’ateedha. Garaagarummaan qorannoo kanaafi kan Girmaa gidduu jiru dhiichisni qorannoo kana keessatti tuqame shimalaan kan walqabatufi Ija Xiinwalaloo ilaalcha hawaasa Aanaa warra Jaarsootti yoo ta’u,haala dubbii qolaa hawaasni hiikuun,haala galumsaatiinfi haala qorataan kun hubatetti hiikamuuf yaalameera.kan Girmaa Qaaccessa Faaruu Shimalaa dhiichisa salaalee keessatti Haala Aanaa Yaayyaa Gulaaleetti mul’atu kan giddugaleeffata.Kana malees Yaaxxinaalee Qorannoo Fokloorii Girmaan itti fayyad ame Yaaxxina TajaajilaafiYaaxxina Haalaa yoo ta’u qorannoon kiyya garuuYaaxxina Haalaa irra tti xiyyeeffata,Dhiibbaa Uumama Naannofi Walaloon Naannoo Faarsuuti.

Dabalataanis qorannoon kun Ergaa Faaruu Shimalaa dhiichisa keessatti gama hawaasummaattin haala galumsaatitin fi haala qorataan kun hubatetti ija xiinwalaloo Hawaasa Aanaa Warra Jaarsoo yoo ta’u kan Girmaa garuu ergaa Faaruu Shimalaa Dhichiisa Salaalee Keessaa kan hawaasa aanaa Yaayyaa Gulaalee irratti xiyyeeffata.

# BOQONNAA SADI

## 3. Mala Qorannichaa

Boqonnaa kana jalatti iddoowixinee qorannichaa, madda odeeffannoo,iddaatteessuu,meeshaalee funaansa ragaa, tooftaa funaansa odeeffannoomala qaaccessa raga kan keessatti ibsamaniidha.

### 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon adeemsifamu maal irratti bu'uureffatee akka deemu adda baasuuf saxaxni qorannichaa murteessadha.Addunyaa (2011) yoo waa'ee saxaxa ibsu, "saxaxi qorannoon waliigala qorannichaa to'ata.saxaxa qorannoo tokkoo kan murteessu gaaffiwwan qorannichaa deebisuuf deemu,kaayyoo isaa, akaakkuwwan odeeffannoo argamuuti jechuun ni danda'ama" (f:63-64)jedha.Dabalataan,Kothari(1990) saxaxa qorannoo yeroo ibsu, haala odeeffannoon itti argamuufi qaacceffamu akkaataa barbaachisuun kaa'uufi galma qorannichaa sirnaan eeguun kan kallattii qabsiisudha jedha (f: 31)

Haaluma kanaan, qorannoon kun mala akkamtaan kan geggeeffamu ta'a.Malli odeeffannoo iddattoorraa argame gadi fageenyaan ibsuuf gargaara.Addunyaan (2011) akkamtaa akkas jechuun ibsa, "Malli akkamtaa haala jiruuf jireenya hawaasa yookaan amala hawaasa sanaa akkaataafi bifainni qabuufi qabata isaa akkasumas, maal jechuu akka ta'e kan ittiinxiinxalamuudha"(f: 60).

kanarraa kan hubatamu,malli kun waan jireenya hawaasichaa keessatti argamu qorachuuf kan gargaaru ta'uu isaati.odeeffannoo qorannoo tokko keessatti argamu mala kanaan xiinxalanii ibsuuf kan gargaaru waan ta'eef mala kanaan qorannicha geggeessa.kana malees,

Given(2008,f.9) mala akkamtaa yeroo ibsu,qorannoo akkamtaa qaama qorannoo irratti taasifamu fakkeenyaaf.garee namootaa,tuuta murtawa tokko,dhaabilee jiran,hawaasa waliin jiraatuufi kan kana fakkaatu irraa odeeffannoo gadi fageenyaa fudhatanii qorannoo taasisuuf kan gargaarudha jedha.

### 3.2. Madda Odeeffannoo

Qorannoo gaggeeffamu tokko keessatti, maddii odeeffannoo isa bu'uuraati.kanumaan,maddi odeeffaannoo qoranichaa madda jalqabaafi madda lammafffaa ta'a.Maddi jalqabaa qaama iddattoo qorannichaa irraa haala hawaasicha bakka bu'uu danda'uun kan walitti qabame yoo

ta'u,maddi lammaffaan immoo barruulee,kitaabileefi qorannoowwaan adda addaa mata duree kana tumsan sakkatta'uun kan argamaniidha.Kanaaf,odeeffannoo madda jalqabaafi madda lammaffaa qorannoo qoratichaaf gargaarsa ta'uun raawwii qorannichaaf kan deeggarsa taasisaniidha.

## 3.3 Mala Iddatteessuu

Malli iddatteessuu, adeemsa qorannoo raawwatamuu keessatti iddattoo qorannoo gaggeeffaman keessatti bakka bu'u ittiin filatamudha

### 3.3.1. Iddattoo Bakkaafi Irraawwatamtootaa

Iddattoon miseensa qaama qorannoo irratti raawwatu ta'ee bakka bu'aa miseensa qorannichi irratti raawwatamu ta'uun kan qorannoon adeemsifamu sana keessatti hammatamudha.

Ummata qorannoon kun keessatti adeemsifamuuf jedhu keessaa kan qaama kana bakka bu'u yoo filaachudhaa baanne, wanti argachuuf deemnu sun qorannicha keessatti qabatamuu dhabuu danda'a(Tayie,2005.f.32).kanaafuu qorannoon kun gaggeeffamu naannoo Oromiyaatti,Godina shawaa kaabaa  aanaa Warra Jaarsoo keessa ta'a.

### 3.3.2 Iddateessuu

Iddatteeesuun qaama qorannoo tokko irraatti taasifamu keessaa kan isaan bakka bu'e odeeffannoo hunda giddugaleeffatu bakka bu'uu, kan qorannichaaf malu kan irraa argamu adeemsa ittiin filannuudha. Dowson (2002) iddattteessuu yeroo ibsu, "Researchers over come the problem by choosing asmaller,more manageable number of people to take part in their research".This is called"sampling" (f.47) jedha. Qorattoonni qorannoo tokko galmaan geessisuuf, namoota murta'oofi baay'inaan hammatamuu danda'an qorannicha keessatti qooda akka fudhatan godhu.Kun immoo iddatteessuu akka jedhamu yaadni kun nutti mul'isa.

Iddattoon qorannichaaf barbaachisaa waan ta'eef, qorannoon kun qaama keessatti gaggeeffamu keessaa iddattoo bakka bu'u qabaachuu qaba.Qorannoon kun immoo Aanaa tokko xiyyeeffachuun kan gaggeeffamuu waan ta'eef, gandoota aanaa kana keessa jiran maraafi namoota achi keessa jiraatan hunda irraa odeeffannoo fudhachuun qorannoo kana adeemsisuun ni ulfaata. Kanaaf, adeemsa iddatteessu qaama qorannichaaf odeeffannoo kennuu danda'an iddattoon filatamuuf kan yaallame ta'a. Kana immoo yaada haayyonni adda addaa iddatteessu ilaalchisuun jedhan ka'umsa godhachuun kan taasifameedha.

Qaamaqorannoo tokko bu'u argachudhaaf adeemsa itti iddatteessu qaba.Bhattucherjee, (2012,f.65)adeemsa iddatteesuu yeroo ibsu qaama qorannoon keessatti gaggeeffamu keessaa haala iddatteessuun,Iddattoon miseensa kana bakka bu'uun odeeffannoo nuu kennu argachuu qabna.Kun adeemsa keessa darbuu qaba. Kana ka'umsa taasifachuun, qorataan kun qorannoo isaa galmaan naaf geessisa jedhee kan yaade, qaama qorannoon keessatti gaggeeffamu keessaa filachuu danda'a.

Adunyaan (2011) waa'ee iddattoo filuu wayta ibsu, qorataan tooftaa hammamtaas ta'ee akkamtaatti gargaaramee odeeffannoo funaanuuf, iddattoo filaachuu hinoolu (f.65) jedha.

Qoratichi qorannoo kanaaf iddattoo filachuuf, tooftaa jiran keessa akkaataa iddateessuun miti-carraa filateera. Adeemsa miti-carraa iddattoo filachuuf, haala moggaasa isaa irra hubatamuun akka carraan kan hintaasifamneedha.

Addunyaa (2011) wayta ibsu, "Akkuma maqaa isaa irraa hubannu dubbistoonni kan filataman carraadhan miti" (f.67).Dabaltaan yaada kana Ruane (2005,f.116) wayta ibsu,tooftaan kun qorataan haala qorannoo adeemsisuu bu'uura godhachuun iddattoo qorannichaaf malu kanittiin iddatteessudha.Akkasumas, Bhattacherjee (2012) tooftaa kana yeroo ibsu,"none probability sampling is asampling thecnique inwhich some units of the population have zero chance of selection or where the probability of selection can not be accurately determine" (f.69).

Tooftaa miti-carraa keessatti, qaama qorannoo irratti gaggeeffamu keessa qaamni carra hirmaachuu yookaan filamuu hinqabne akka jiran ibsa.Itti aansuun, tooftaa miti-carraa kana keessaa immoo adeemsi iddatteessuu akkayyoo kan filameedha.Addunyaa (2011) iddatteessuu akkaayyoo yoo ibsu "Akaakuu iddatteessuu miti-carraa kun qorataan tokko barumsa dhimmicha irratti qabu irraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessuu ilaallata" (f.67) jedha.

## 3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorannoo kana gaggeessuuf meeshaaleen funaansa ragaaf hojiirra oolan afgaaffi,daawwannaafi marii garee xiyyeeffannoodha.Akkasuma qorannichi mala akkamtaan waan qaaccessamuuf mala kanaaf immoo meeshaaleen funaansa ragaaleen ittiin hojiirra oolan marii garee xiyyeeffannoofi (focus group) afgaaffidha.Garuu, qorataan kun mala afgaaffii fi marii garee xiyyeeffannootti kan dhimma baha.

Zoltan (2007) akka ibsutti,"qualitative research involves data collecting procedures that result in primary open-end none numerical data which is analaysed peirmary by none statistical methods" (f.19).Akka hayyuu kanaatti qorannoon akkamtaa tooftaa funaansa ragaalee lakkoofsaan hin ibsamneen kan ofkeessatti qabatudha.kanaafuu akaakuun qorannoo kanaa qorannoo akkamtaa waan ta'eef ragaaleen sassaabaman jechaan ibsamuun ni qaacceffamu.

### 3.4.1 Af-gaaffii

Af-gaaffiin adeemsa odeeffannoon funaanamu keessaa tokko yoo ta'u qorataan namoota odeeffannoon kun walitti qabaman bira ga'uun odeeffannoo kana walitti qabeedha.Adeemsi odeeffannoon kun walitti qabames qorataan fuula fuulatti namoota odeeffannoo kennan bakka isaan jiraniifi haala isaanif mijatetti bira ga'uun dhimma qorannoo kanaaf kan ta'u gaaffilee dhiyeessuun bifa af-gaaffiin odeeffannoon kan funaanamuudha.odeeffannoon funaanamu kunis,kallattii dhimma qorannichaa irratti hundaa'ee qorataan akkaataa kaayyoo isaa waliin deemuu mala itti funaannatuudha.

Addunyaan (2011) akka ibsutti oromoon yeroo dubbatu "Amma arraba isaarrraa dhaga'utti hinamanu jedha" (f.64) kana jechuun isaa waan tokko kallattiin bira gahanii raawwachuutu nama amansiisa.kun immoo hojii qorannoo geggeessuu keessatti iddattoota odeeffannooqorannoo sanaaf kennan fuula fuulatti walarguudhaan ragaan sun yoo funaaname bu'aa qabeessa ta'u isaa kan mul'isuudha.

Silverman (2014:125) akka amanutti af-gaaffiin adeemsa funaansa raga keessatti odeeffannoo qulqulleeffataa deemuuf filatamaadha.Af-gaaffii banana ragaalee bu'uuraafi odeeffannoo dabalataa kallattii qabsiisudhaan walitti qabuufi harcatii iddaattoofi deebii to'achuuf filatamaadha.karaa biraas namoonni dandeettii barreessuu hin qabne, garuu deebii bilchaataa kennuu danda'an afaaniin deebii kennuu akka danda'aniif bu'aa guddaa waan qabuufkan filatame. (Kothar: 2004:99

### 3.4.2. Daawwannaa

Daawwannaan malleen odeeffannoo itti funaannamu keessa tokko ta'ee qorataan tokko dhimma mata duree qorannoo isaa irratti hunda'uun qaaman argamuun iddoo gochi sun adeemsifamuutti argamuun daawwii geggeessun kan mirkanneeffatuudha.

### 3.4.3 Marii Garee

Inni biraa malli odeeffannoo ittin funaannamu marii garee yoo ta'u annis qorannoo koo kana galmaan naaf ga'a jedhee malli odeeffannoo ittin funaannadhe inni biroo marii garee yoo ta'u marii garee kanas aanaa Warra Jaarsoo keessa ganda Abbuu Keekkuu filachuun gaafa 05/07/2013 kana taasiseedha.marii kanaafis namoota 5-8 walitti qabuun ergan kaayyoo koo itti himee booda odeeffannoo bal'aa argadheera.Namoonni odeeffannoo naaf kennan kunnis saalan dhiira warra ta'aniidha.Namoonni odeeffannoo kanaaffilatamannis amma tokko namoota kaan irra waa'ee mata duree kana irratti hubannoo waa'ee faaruu shimala kana irratti warra qaban waan ta'eef yaada bal'aa kennanjedhamee yaaddameeti.

Barbaachisummaa marii garee ilaalchisee Fileen (2016:63) Berg (2001:121) wabeeffachuun akka barreessetti, " Focus group discussion is an important method of collecting primary data when people sparking off one another, suggesting dimensions, nuances of the original problem that any individual might not have thought and eliciting data on the cultural norms of a group," jedha. Kanaaf,marii garee kana keessatti wal falmanii walamansiisuun waan jiruuf, odeeffannoon qabatamaa ta'e argamuu danda'a. kanaaf,anis marii garee kanaaf gaaffiwwan banaa ta'e akkaataa isaanii irratti hundaa'ee qopheessuun dargaggootaa saddeet (7) akkasumas, maangudootaa jaha (6) walitti fiduun guyyaa mariisisee karaa ifaafi bilisa ta'een odeeffannoo gahaa funaannadheera

## 3.5. Meeshaalee odeeffannoo ittiin funaannamu.

Namni odeeffannoo funaannu tokko wantoota adda addaa guutachuu qaba wantootni guutachuu qabu keessa muraasni meeshalee ittin odeeffannoo funaannatu meeshaaleen funaansa odeeffannoottifi gargaarankunninis waraabbii suur sagaleeti.sababni isaas namni odeeffannoo barbaadu waan fudhaachuu barbaade sana meeshaatti fayyadamuun osoo irra hin kukuttin waan fudhachuu qabu fudhachuu waan qabuufi.Adeemsa kana erga xumuree booda waan waraabe sana suuta jedhee gurraan dhag,ijan ilaala waan qlbeeffate sana hojechuun danda'a.Qorataan kunis, bakka dhiichisni itti gaggeeffamu mara dhaquun suursagalee isaanii kaameeran warabbatee odeeffannicha qaacceesseera.

Meeshaaleen odeeffannoo ittiin funaanan inni biroo yeroo odeeffannoo funaanan yaadannoo qabachuuf, waraqaa, qalamaafi irsaasa.kun immoo akka tasa ta'ee meeshaaleen suur sagalee dhagaan dhume yoo cufe,yoo cabefi yoo akka tasa ta'ee bade rakkoo kanneen nama muudachuu waan danda'uuf yaadammoo qabachuuf meeshalee kanneennis qabachuun barbaachisaadha.

Malli odeeffannoon ittiin ibsame mala qorannoo akkanafaati. Kunis odeeffannoon argamu laakkoofsaan osoo hin taane jechootaan kan ibsamuudha.Ragaaleen af gaaffii,daawwannaafi marii garee irraa argame mala qorannoo ibsaatti fayyadamuun ibsaman. Ragaawwan kunniinis xinxaalamuun kan kaayyoo qorannichaatiin walitti dhufeenya hin qabne battalumatti haquun akkasumas kan wal fakkeenya qaban haala akaakuu isaanitiin qoqqoodu ta’a.

### 3.6. Qindaa'ina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shan of keessaa qaba. Boqonnaalee kun shan yaa ta’anii malee wanti of jalatti qabatan hedduudha. Kanneennisboqonnaan tokkoffaan,Seensa qorannichaa, Seenduubee qorannichaa, Kaayyoo gooroofi Kaayyoo gooree qorannichaa,Barbaachisummaa qorannichaa, Daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi duube aanaa qorataan kun filate of keessatti qabata.Boqonnaan.

Lammaaffaan immoo Sakatta'a barruu mata duree kanaan walitti dhiyaatan yaada hayyoonni adda addaa dhimma kana ilaalchisanii barreessan sakatta'uun bakka itti dhiyaatudha.Boqonnaan Sadaffaasmala qorannichaa,madda ragaa qorannichaa, irraawwatama qorannichaa, mala iddattoo, meeshaalee funaansa ragaa, mala qaaccessa ragaa kan qabatu yoo ta'u, Boqonnaan afraffaan immoo Qaaccessa raga karaa adda addaattin funaannaman of keessatti qabatee jira. Boqonnaa kana jalatti ragaaleen tokko tokkoon isaanii qaaccefamanii iddoo itti dhiyaatan.Boqonnaa shanaffaa keessatti cuunfaa argannoofi yaboon kan itti ibsaman ta’a.

## BOQONNAA AFUR

## 4. Xiinxala Ragaalee

Boqonnaa kana jalatti haalli raawwannaa qorannichaa mala qorannoo garagaraa fayyadamuun fu naannamanitu qaacceffamuun kan hiikkamaniidha.kunis odeeffannoowwan argaman mataa duree adda addaatti qoqqooduun ergaa tartiiba qabatanii booda qoratichaan qaacca'uun hiikni itti laatama jechuudha.Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas"faaruu shimalaa bifa dhichiisan dhiyaatu ija xinwalnaannoo akka ilaacha Hawaasa aanaa Warra Jaarsooti"kan jedhuudha.Wantoonni achi keessatti hammataman maalummaa shimalaa,haala itti fayyadaama shimalaa,haala seera rukkuta a shimalaa,dhimmootafaaruu shimalaa keessatti ka'an, yoomessa faaruu shimalaa,hirmaatoota faaruu shimalaa fa'a.kanaaf kutaa kana keessatti qaaccessa ragaa qorannoo odeeffanoowwan karaalee daawwannaa,afgaaffiifi marii garee funaannaman hundi isaanii iddoo tokkotti kan xixaallamaniidha.

### 4.1. Maalummaa Dhiichisaa Shimalaa

Uummanni Oromoo Tuulamaa akkuma ummata Oromoo naannoo Oromiyaa biroo aadaa, duudhaa, gammachuu, gadda, gootummaa, heera ittiin bulmaataafi haala jiruufi jireenyaa afoola ittiin ibsatu qaba. Uummanni kun afoolatti fayyadamanii yeroo eenyummaa isaanii calaqqisiisan kanatti, dalagaan afoolichaa callisee afaaniin qofa kan dhiheessan miti. Akka afoola Oromoo Tuulamaatti afoolumti sochii qaamaatiin osoo hindeegaramin dhihaatu hinjiru. Kanaaf, dalagaan (performer) afoolaa yeroo afoola jamaafis ta'ee gammachuu keessoo isaatif dhiheessuu miidhagsee sochii qaamaatiin wal simsiiseeti. Afoola Oromoo keessaa sirbi isa tokko yoo ta'u, godinaalee adda addaa keessatti haala adda addaan kan dhihaatuufi moggaasa garagaraa kan qabuudha. Jecha "sirba‟ jedhu kana namoonni adda addaa kallattii lamaan hubatu. Karaa tokko, akka sochii qaamaa ta'eetti ilaalu; karaa biroo immoo walaloo yeedaleeffamee sochii qaamaatiin dhihaatudha. Walaloo yeedaloon sagaleeffames yaa ta'uu sochii qaamaa, lamaanuu wal biraa hinhafu. Kanaaf, sirbi afoola sochii qaamaatiin deegaramuudha. Sochiin qaamaa kun immoo Oromoo Tuulamaa biratti akkaataa dhiheenya isaatin Ragada, dhiichisa jennee ilaaluu dandeenya.

Akkuma armaan olitti ibsametti, maalummaa sirbaa irratti ilaalcha adda addaa qabaatan, afgaaffii namoota hedduu waliin gaggeessee dhiichisa karaa adda addaatin hiika itti kennu. Namoonni hedduun, " Jechi dhiichisa jedhu jechoota lamarraa dhufe ‟ jedhu. Kunis, jecha

“dhiituu + sagaleessuu‟ jedhu irraa adeemsa suphuutiin dhufe jedhu. Inni kun immoo, sochii qaamaatiifi walaloo yeedaloon sagaleeffame walitti hidha. Warreen biroo  immoo “ dhiichisni ibsituu eenyummaa uummataa; kan hawaasni haala jiruufi jireenya ofii ittiin ibsatu; walaloo yeedaloon akka nama harkisuu danda‟utti miidhagsamee kan sagaleeffamuudha‟ jedhu. Akkan duraan beekuttiifi daawwannaan mirkaneeffadhetti dhiichifni sochii qaamaa, walaloo yeedaleeffameen kan dhihaatudha.

Akkan haala jalqabinsa dhiichisaa irrattii marii garee maanguddoota waliin (30/07/2013) gaggeessetti, dhiichisni yoomiifi eessatti akkasumas, eenyyun  akka jalqabame wanti beekamu hinjiru. Dur irraa kaasee akka dhalootarraa dhalootatti daddarbee har‟a ga‟e manguddoonni ni dubbatu. Dhiichisni uummata Oromoo Tuulamaa kan Warra Jaarsoo biratti baay’ee beekamaafi jaalatamaadha. Kana malees yaada bal’aafi bilchaataa kan of keessaa qabu ta’ee,aadaa hawaasichaa calaqqisiisuufis qooda guddaa qaba. Uummanni kun dhiichisatti fayyadamuun, heeraafi seera,hooda/duudhaa/,muudannoofimuuxannoo, amantii,siyaasaa,diinagdee,olaantumma a sabaa,dubartii, gootummaafi gadhummaa abshaalummaafi gowwummaa karaa ittiin waliif dabarsuudha.

Shimala immoo gosa meeshalee aadaa kan harkatti qabatamu ta’ee akkasumaas gosoota ulee dargaggeessi qabatu keessaa tokkoo ta’ee kan yeroo dhiichisaa itti fayyadamaan, kan yeroo dhahan amalacabuu osoo hin taane kan amala haanxahu yookaan dacha’uu qabuufi kan dhiichisa si’eessuuf itti fayyadamnuudha.Malummaa shimalaa ilaachisee af gaaffii namoota waliin taasiise haala armaan gadii kanaan qaaccesuuf yaallameera.

Akka afgaaffiin guyyaa 10/04/2013taasifame agarsiisutti shimalli gosa meeshaalee aadaa kan naannoo gammoojjii biqiluu ta’e dargaggeessi haala itti toluun murachuun miidhaksee kan harkatti qabatu yoota’u kanneen ulee harkatti qaban keessa kan adda isa godhu garuu amala haanxa’uu qabachuu isaati jedhu.Gamabiraatiin shimalli yeroo dhiichisa akka si’eessitutti gargaa rama.(Obbo Mootummaa Galatuufi dargaggoo Dachuu Roobaa ganda abbuu keekuu)

Akkuma Oromoon“Ilkaan ididdii malee hin miidhagu” jedhee mammaaku dhiichisa seenaaniis shimala malee dhiichisni sun akka dhichiisaati kan  fudhatamu osoo hin taane gara ragaadaatti jijjirama jechuudha.Kanaaf dargaggoonni yeroo dhiichisa eegalaan waa’ee shimalaa duukaa

yaadatu.Kun immoo shimalli dhiichisasi'eessuu keessatti ga'ee olaanaa taphachuu isaa agarsiisa jechuudha.



Suura .1. Fakkii shimala, iddoo mana amantaa mikaa'ilatti, dargaggoota irra walitti qabamee, guyyaa kabaja ayyana kanaa kaffame

### 4.1.1. Hariiroo shimalaafi dhiichiisa gidduu jiru

Hariiroo shimalaafi dhichiisa gidduu jiru yoo ilaale hariiroo adda hin cinne qabu.hariiroon isaan walii qaban kunniinis akka Hawaasa Aanaa Warra jaarsootti  dargaggoon dhichiisa gaafa yaadatu shimaala yaadachuun waan hin hafneefi akka ilaacha Hawaasa  aanaa kanatti dhichiisa jechuun ulee yookaan shimala yoo qabatan qofa dhichiisa itti fakkaata jechuudha.yookana hin taane waan gochaa jiran sun sirba mormaati /sirba shoboxee\ jechuun hawaasni ni qeequ.qeequ qofa osoo hin taane fedhii daawwatoota illee ni hir'ata yaaduma kana cimsuun obboo Tashoomaa Naga'oo dhichiisa jechuun yoo shimalli jiraate qofa jedhamuus, oo'us danda'a jechuun ibsa.akkuma waliigalaatu dhichiisni akka naannoo keenyatti dhichiisa kan jedhaamu yoo shimalli yookaan uleen jiraatedha jedhu.kun immoo hariiroon shimalaafi dhichiisa cimaa ta'uu isaati.(madda af gaaffii gaafa 11/05/2013) taasifame.

Akka af gaaffii armaan olii irra hubatamutti dhiichisni fi shimalli hariiroo cimaaqabu. Hariiroon isaanii kunnis mallattoon dargaggoon ittiin ofi ibsu keessaa inni tokko shimala waan ta'eef iddoo deeme hundatti of harkaa hin dhabu hin barbaadu kana malees yeroo dhichiisa seene yeroo baay'eedhiichisni tokko dhiichisa kan jechisiisu tokko ulee waan ta'ee yeroo baa'ee itti fayyadaamu.sababni isaas akka hawaasa naannoo Warra Jaarsootti dhichiisni ulee yookaan

shimala malee adeemsifamu hin jiru jedhanii yoo jiraate illee hin oo’u jedhanii waan amananniifi.

### 4.1.2. Hariiroo Fayyadamtoota Shimalaafi Dhiichisa gidduu jiru

Akka afgaaffii gaafa 12/5/2013 ganda abbuu keekkuu keessa obboo Bokonaa Qoricheefi gargaggoo Maammoo Waakjiraa irraa funaanname agarsiisutti Oromoon waan itti fayyadamu hundaaf kabajafibakka guddaa kennaaf.kanuma irra kahuun yeroo dhiichisa dhichiisan meeshaan itti fayyadamu  inni guddaan shimalaadha.kanaafuu shimalaafi itti fayyadamtoota shimalaa gidduu hariiroo cimaatu jira  hariiroon shimalaafi hirmaatoota dhichiisa gidduu jiru kunnis kabaja,jalala guddaa qabaniif kanaas karaa faaruu isaanitii ibsatu.

fakkeenya afeewwan armaan gadii yoo fudhaanne:

Afee .*1, Shimala koo kuleen barreesse*

*Anaaf situ hafe ormi nurraa dheessee.*

*(madda obboo Fayyisaa Waaqjiraa Abbu keekkuu 11/03/2013)*

Afwalaloon “Shimala koo kulee barreesse” jedhu ulee shimala akkuma muirametti kan qabamu osoo hin taane faayaaffamee,tottolfadheeyookaan miidhagsamee akka ija nama hawwatuti kan sirratudha.kanaaf haala kanaan sirreeffadheera jechuudha.afeen “Anaaf situ hafe ormi nurraa dheessee”jedhu immoo jalqaba irratti namni baay’een jiraatu illee gaafa rakkoos gaafa gammachuus hanga dhumaa kan nafaana jirufi rakkutamussuma waan ta’eef si kunuunsuu qaba yaada jedhu of keessatti dabarsa.kunimmoo hariiroo shimalafi qabataa shimalaa gidduu jiru kan cimaa ta’u uu ibsa.

Afee.*2,Aadee kormii kormii*

*Shimalli obboleessaa*

*Nama irraa dheessiti ormii.*

*(madda  obboo Faayyisaa Waaqjiraa abbuu keekkuu 11/03/2013)*

Afee armaan olii irra wanti hubatamu gaafa gammachuu yookaan gaafa rakkoon hin jirre michuun wajjiin nyaatanii,gammadaniifi kolfaan baay’eedha,haa ta’u malee gaafa rakkoo nama qunname ormi nama irraa baqataa kan nama rakkate sana waliin rakkachuu danda’ufi itti hafu

aantee ofii fi iddoo aanteen hin jirretti immoo kan rakkoo sana hanga dhumatti qoodachuu kan danda'u shimala ta'uu isaa hubachiisa.

Afee.*3.Sawwaan baddaa kormi keessa hin jiruu*

*Sobaniitii shimala malee firri hin jiruu.*

*(madda dargaggoo Taaddasaa Motummaa*)

Afee "sawwaan baddaa kormi keessa hin jiruu"kan jedhu kan agarsiisu yeroo qeerroon gammoojjii yeroo qeerroo baddaa qaaquukan ittifayyadamuun dhiichisuudha.Kanajechuunis qeerroon baddaa doqnaa nisodaatu nu hin geechanu jechuunisaanii mul'isa.Kara birootiin immoo "sawwaan korma hin qabne" wal horuu hin danda'an bakka wal buusu hin danda'an jechuudha."sobaniitii shimala malee firri hin jiru" jechuun immoo kan lafatti nama jajjabeessu baay'ee ta'uu mala garuu osoo rakkoon dhufee hunduu maddi maddiitti gala kan walitti hafan shimalaafi abbaa shimalichati jechuu kan itti fayyadamaniidha.

Walumaagatti afeewwaan armaan olii kun kan agarsiisu hariiroo shimalaafi itti fayyadamtoota shimala gidduu jiru baa'ee cimaa kan ta'eefi yommiyyuu kan adda hin cinne jalala,kabajafi ciminashimalaafi qabattootni shimalaa qaban kan ibsuudha.

### 4.1.3.Haala Qabannaa Shimalaa

Haala qabannaa shimalaa ilaachisee af gaaffii 01/05/2013 ganda Abbuu keekkuu obbo Waakjiraa Alamaayyoo waliin akkan taasiseeti. "Qabannaan shimalaa akkuma fedhannitti osoo hin taane seerafi iddoo qabata mataa isaa qaba.kanaaf namni dhiichisa seenuun dura haala qabannaa shimalaa, haala qolannaa shimalaa, iddoo qabannaa shimalaa tolchee beeku qaba.kana qofa osoo hin taane namni dhichiisa baasuuf deemu tokko hirmaatoota dhiichisaa keessatti hirmataan illee beekuu haala dhaabbannaa k.k.n hunda beekuun barbaachisaadha."jedhu haala qabanna shimalan wal qabate afee armaan gadii kana yoo ilaalle;

Afee.*4.Oohoo eeyyee*

*Yaa gadhee yaa gadhittii*

*Qabannaan shimee akkamittii*

*(madda dargaggoo Taaddasaa Motummaa*)

Afwalaloo kan irraa wanti hubataamu qabu haala qabannaa shimalaa kan qeequ ta’uu isaati.kana jechuun namni dhiichisa gaafa seene haala qabannaa shimala isaa yoo sirreeffachuu baate uleen isaa harka isaa irra ba’uun isuma yookaan nama isa cinaa jiru dhahuu waan danda’uufi.kanaaf haalli qabannaa shimalaa kee sirri miti of eegi seeraan qabadhu waan jedhu of keessaa qaba.kana malees yeroo shimala qabannu yoomessa irratti hundoofne kan qabannaa keenya sirreeffachuu akka qamnu kan nu hubachiisuudha.

### 4.1.4. Haala Rukkutaa Shimalaa Dhiichisa keessatti

Akka af gaaffii  03/05 /2013 obboo Abbaaba Heyyiifi dargaggoo Ganaanoo Mootummaa waliin taasifameetti rukkutaan shimalaa haala itti rukkutamufi qaba. Kana jechuun shimala akkuma arganiitti kan rukkutamu osoo hin taane namni shimala qabatu tokko haala sadi shimala rukkutu beeku qaba. Isaan kunnis: irraa gadi,olii gadi fi dalga rukkutuudha.



Suura.2.Haala rukkutaa shimlaa dhiichisa keessatti,yeroo kabaja ayyanaatti,magaala Tulluu milkiitti,gaafa /11/05/2013/ kan kaafame.

A.Shimala Irraa gadi rukkutuu;Dhichiisa keessatti shimala irra gadi rukkutuun baayinaan ni mul’ata.kunnis qaamni dhichisiicha baasu tokko shimala harka lamaan qabachuun gara gidduu dhichiisichaa seenun rukkutaa shimala haala giddu galeessa ta’e tokkoon shimala yeroo rukkutu

ni mul’ata, sababni rukkutaan kun adeemsifamuus ,qaamni dhiichisicha keessaatti hirmaacha jiru sun haala gaariin hirmachaa jiraachuu isaanii hubachuuf,dhiichisa si’eessuuf itti fayyadamman haa ta’u malee rukkutaan haala kanaan adeemsifamu humna godhachuu hin qabu humna yoo godhate kaayyoo taphaa dhiise gara lolaatti jijjirama waan ta’eefi.kanaaf haala giddu galeessa ta’eefi nama hin miineeti ta’uu qabachuudha.

B.Rukkutaan shimalaa Irraa oli adeemsifaamu;Adeemsi rukkutaa kanaa qaamni dhichiisa buusaa jiru shimala isaa harka lamaan qabachuun gara fuunduratti bahuun rukkutaa kan adeemsiisu yoo ta’u,Inni kunnis yeroo cabsaan dhiichisa gahu,yeroo haalli dhiichisa oo’u didefi yoohaalli dhaabbata hirmaattoota dhiichisa sirri hin taane,yeroo qabna shimalaa sirri ta’uu baatekanadeemsifamuudha.keessummatu rukkutaan haala kana kan adeemsifamu yeroo shimala gatteetti irra buufatanii lafatti gadi dhaabanii argaman shimala kee ol kaasi jechuuf rukkutaa kana adeemsisu.kana malees rukkutaan akkana kun kan adeemsiifamu hirmattoota dhiichisa keessa shimala yeroo qabatu namoota irra adda ta’ee yoo argame.

C.Yeroo Rukkutaa shimalaa dalgee dhichiisa keessatti ;Rukkutaan shimalaa dhichiisa keessatti dalga taasifamu namni dhichiisicha buusaa jiru shimala isaa harka lamaan qabachuun gara fuundura isaatti bahuun gidduu namoota dhiichisa jala qabanii keessa asiiif achi jechuun rukkutaa shimala taasisa sababni akkas godhuus iddoo dhiichisa baba’ifachuuf,namoota dhiichisa sana keessatti hirmaachuu hin barbaachisne irra dhorkuuf,haala dhabbata hirmaattoota sirreessuu fa’adhaaf gargaara.kana malees gareen biraa akka seenee hin jeeqne gargaara.

**4.1.5.Haalafi yoomessa Rukkutaan shimalaa dhiichisa keessaati.**

Yeroo dhichiisni adeemsifamu rukuttaan shimalaa dhiichisicha keessatti yeroofi haala itti adeemsiifamu qaba.Inni kunnis dhiichisichahoo’isuuf shoora olaanaa taphaatawaan ta’eefi.kana jechuun immoo akka naannoo qorataan kun filaate yoo fudhannee jiraachuu dhiichisaaf rukuttaan shimalaa murteessaa akka taheeti fudhataama.Rukuttaan shimalaa kun yeruma hunda osoo hin taaneyeroo ittigaggeeffamu qaba.Yeroo isaa kan hineegganne yoo ta’e dhiichisa taphaaf gaggeeffamaa jiru osoo hin taane jeequmsa ta’a.Qaamoleen dhiichisa keessatti hirmaachuuf fedhii qabanis rakkootu nurra gaha jechuun sodaatanii dhiichisa keessaa bahuu filatu.kanaafuu yeroodhiichisni adeemsifamu kan namuusa isaa eegeefi nama hawwatu ta’uu akka qabu hawwii namoota hundaati.Akka qorataan kun odeeffannoo agateefi daawwannaan mirkaneeffateetti rukkutaan shimalaa yeroo geggeeffamu haala arman gadii keessaatti.

Yeroo Qaama Dhiichisa Baasa Jiru Jalaa,Hirmaattoonni Dhiichisichaa Seeran Qabuu Didan-Dhiichisn amala garummaa waan qabuuf inni tokko baasa inni biroo immoo jala kan qabu,ta'uu qaba yoo kana hin taane garuu rakkoo ta'uu mala.kanaaf qaamni dhiichisa baasu tokko jala warri qabu yoo laafaan rukkuttaa shimalaa eegala sababni isaas warren jala qabaa jiran sanaaf erga lama kennu ta'a.ergaan inni tokko yoo tapha hin barbaanne keessa ba'I jechuu ta'a. ergaan inni lammaffaan immoo dhiichisa baha jiru seeran qabi jechuuf kan rukkuttamuudha.kanaaf rukkuttaan shimalaayeroo kana niadeemsifama jechuudha.(Madda:Afgaaffii obbo Tashoomaa Naga'oofi dargaggoo Dachuu Roobaawaliin 11/05/2013 taasifameefi daawwannaa 11/05/2013 taasifame )

Yoo Hirmaattotni dhiichisa keessatti hirmaatanii seeran dhabbachuu Yoo Baatni:-Dhiichisni yeroo badeemsifamu haalli dhaabbata hirmaatotaa murteessaadha.inni kunnis ta'uu kan qabu geengoo uumuun qaama baasa jirutti marsuun dhiichisa baha jiru jala qabu. Yookan hin taane rukkutaan shimalaa niadeemsiufama kan adeemsuifamuufis haali dhaabbannaa kee sirri miti sirreeffaadhu jechuufi.Inni biroo immoo iddoo duwwaa gidduu hirmaattota dhiichistoota jiru baba'ifachuuf kan rukuttamuudha.(Madda:Afgaaffii obbo Tashoomaa Naga'oofi Dachuu Roobaawaliin 11/05/2013 taasifameefi daawwannaa 11/05/2013 taasifame).

Dhiichisa Cabsaa Ala Qaama Baasaa Jirurraa Fuudhuuf Yoo Yaalan-Dhiyaatina dhiichisaa keessatti shayiin baay'achuu danda'a yeroo shayiin baayatu immoo dhiichisa wal irra butuun ni baay'ata kannaaf yeroo san rukkutaan shimalaa niadeemsiffama sababni adeemsifamuufis qaama baasaa jirurraa fuudhuun kan danda'amu cabsaa dhiichisa bahaa jiruu eeguu ykn dogoggora dhiichisarratti qaamni baasaa jiru sanaeeguuf ta'a. Ulaagaa kana lamaan osoo hineegin dhiichisa walharkaa fuudhanii baasuun hindanda'amu; qaamni seera kana osoo hineegin dhiichisa fuudhuuf gidduu seenu kan jiraatu yoo ta'e qaamni baasaa jirus ta'ee qaamni jalaa qabu shimala isaa irratti rukutuun akkasumas waan inni baasuuf ittiin seene jalaqabuu diduun akka inni seeran ala harkaa fuudhuuf yaale itti agarsiisaa sirreessaa deemu. (Madda:Afgaaffii obbo Tashoomaa Naga'oofi dargaggoo Dachuu Roobaawaliin 11/05/2013 taasifameefi daawwannaa 11/05/2013 taasifame)

Shaayiiwwanfi Hirmaattota Dhiichisaa Gidduu Waldhabdeen Yoo Jiraate/Uummamuuf Jedhu-Akka qorataan kun odkennitootafi daawwannaan mirkaneeffatetti namoonni sababa garaagaratti waliiti bu'anii jiran akka tasa dhiichisa keessatti yeroo wal argan wal dhiibutu mul'ata isa kana

immoo kan calaaqqisiisan rukkuttaa shimalaa akka malee gochuun agarsiisu.kannaaf dhiichisa keessattiqaamni haaloo walirraa qabu yoo jiraate rukuttaa shimalaa yeroo isaa hineegganneefi daangaa hinqabne gaggeessa.Akkasumas dhiichisa cabsaan ala walharkaafuudhanii baasuuf waljeequ; adeemsa kana keessa rukuttaan shimalaa dabalaa deema. (Madda: Afgaaffii obbo Tashoomaa Naga'oofi dargaggoo Dachuu Roobaawaliin 11/05/2013 taasifameefi daawwannaa 11/05/2013 taasifame).

Walumaagalatti akka yaanni afgaaffii, marii gareefi daawwannaa irra argame hubachiisutti akkuma Oromoon yeroo mammaaku"Waa malee manni hin haaru jedhu."dhiichisa keessatti rukuttaan shimalaa akkasumaan kan adeemsiffamu osoo hin taane sababa adda addaa irra kan ka'e ta'uu isaati.Sababawwan kunniinis dhiichisni yoo si'aan qabamuu baate,haalli dhaabbii hirmaattotaa yoo sirrii ta'uu baate,dhiichisa cabsaan ala yoo walharkaa fuudhuuf yaalan kan gaggeeffamuudha.



Suura.3.Yeroo shaayiin gara gidduu dhiichisa seenu, haala qabannaa shimalaa,magaala Tulluu milkii/12/05/2013/ kafame

## 4.2. Gaheen RukkutaaShimalli Dhiichisa Keessatti qabu

Rukkutaan shimala dhiichisa keessatti kan adeemsifamu lafumaa ka’aniiosoo hin taane, dhiichisa keessatti qooda bahu waan qabuufi.Kanuma giddu galeeffachuun hawaasni dhimmi dhiichisa yoo kaase shimala kan biraa hinhambifne ta’uu iddattoonni qorannoo kanaa ragaa bahu.Gahee rukuttaa shimalaa keessaa murrasa isaanii yoo ilaalle:

Dhiichisa adeemsifamaa jiru Ho’isuuf-Dhiichisni tokko si’eessuuf haalli itti dhichiisichi itti dhiyaatu murteessadha.Dhiichisni adeemsifamu akka qaama nama dhaggeeffachaa jiru harkisuutti dhiyaachuu qaba jechuudha.kana jechuun immoo haalli rukkutaa shimalaa daangaa isaa kan eeggate,haali sochiiqaama,sagalee hoo’a jirachuu kunnin murteessadha.kanaaf dhiichisa keessatti wantootni akkanaa yoo jiraate namoonni itti siiqanii ilaalufi fedhii ni horatu jechuudha.Kanaafuu rukuttaan shimalaa dargaggootaan gaggeeffamu dhiichisa si’eessuu keessatti iddoo guddaa qaba. (Maddi dargaggoo Girmaa Addunyaafi Dammisee Abbabaa waliin 03/06/2013 taasifame).

Dhiichisa Cabsaan Ala Akka Walirraa Hinfuune Dhorkuuf- Dhiichisni yeroo adeemsifamu namoonni dhiichisiisaniifi namoonni dhiichisan waan jiruuf namoonni dhiichisa baasu yookaan buusuu barbaadan yeroo wal harkaa fuudhan beeku qabu yoo kana hin taane rukuttaan shimalaa ni mul’ata kun immoo dhiichisa cabsaan ala walharkaa fuudhuuf yoo yaallame akka ta’e qaaccessa qabxii 4.1.5.jalatti ibsameera.Kanaafuu rukuttaan shimalaa dargaggeessi dhiichisa cabsaan ala walirraa akka hinfuune meeshaa ittiin waltoo’ataniifi walsirreessaa deemaniidha. (Madda:Dargaggoo Girmaa Addunyaafi Dammissee Abbabaa waliin 19/06/2013 taasifame)

Qaamni Dhiichisa Keessatti hin barbaachisne Akka Hin hirmaanne;Dhiichisa keessatti wantootni calaaqqisa inni biroo garee ofii barbaaduutu jira yoo garee isa ala namni isaan hin barbaanne tokko dhiichisa sana keessatti argame beekaa shimalan waliin rukuttuun dhiisicha keessa akka bahu taasiisu.karaa birootin akka qorataan namoota irra odeeffannoo argateefi dawwannaan mirkanneeffateetti namoonni dhiichisa keessatti hirmaatan darbee darbee yeroogandaan,lagaanfi gosaan wal qoodanutu argama.qaamni dhiichisa baasa jiru tokko irraa namni inni hin barbaanne yoo dhiichisa irra fuudhe rukuttaa shimalaa kaasu.(Madda:Afgaaffii dargaggoo Girmaa Addunyaafi Dammissee Abbabaa waliin 19/06/2013 taasifame)

Walitti bu'iinsi Gidduu Hirmaattoota Dhiichisaa keesaa jiru yoo jiraate- Inni kun karaa adda addaa ta'uu mala fakkeenyaaf yoo walitti bu'iinsa ture yoo qabaatan isa sana haaloo ba'uuf.walitti bu'iinsi isaaniin hanguma dabalu haali tapha isaanii kunnin dabalaafi haalli rukkuttaaa shimala isaaniis jijjirama deema.Warree dhiichisicha keessaatti hirmaacha jirannis ta'ee warren daawwachaa jiran dhiichisichi jijjiramu isaa erga beekanii gidduu warra wal dhabee seenuun gargar baasu.(Madda:Afgaaffii dargaggoo Girmaa Addunyaafi Dammissee Abbabaa waliin 19/06/2013 taasifame)

Dhiichisni Dhiyaatu jiru Xiyyeeffannoo Akka Qabaatu Taasisuuf-Akkuma armaan dura kaasuuf yaalletti dhiichisni dhiyaate tokko namoota dhiichisiicha dawwachaa jiran sana ofitti harkisuu kan danda'u haalli rukkutaa shimala ga'ee olaanaa qaba.yeroo kanaas haala kamii akka rukuttaama akka jirufi maali akka rukuttaamu qeequ.Kara biroo immoo dhiichisaa keessatti hirmaattonni dhiichisaa yaadan gara biroo deemuu malu jedhamee ka'e,rukuttaan shimalaa hirmaattota faarichaa yaadan gara biraa deeman yaada isaanii gara faarichaatti akka deebi'aniif gargaara.(Madda:Afgaaffii Dar.GirmaaAddunyaafi Dammissee Abbabaa waliin 19/06/2013 taasifame

Akka yaadolee armaan olii irraa wanti hubatamu dhiichisa keessatti shimala akkasumaan kan itti fayyadamu osoo hin taane faayidaa adda addaa qabachuu isaa hubachiisa.faayidaa shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuufis ta'ee dhiichisa kamiiyyuu dhiyeessuu keessatti faayidaan rukuttaa shimalaa;

- Dhiichisa keessatti ofitti amanummaa dargaggoota cimsuuf /akka of hinshakkine taasisa.
- Dhiichisa onnachiisuuf.
- Qaamni dhiichisa keessatti hirmaachuu hindandeenye akka hinhirmaanne taasisuu.
- Roorroo ittisuu.
- Haala dhaabbii hirmaattota dhiichisaa sirreessuu.
- Haala qabannaa shimala hirmaattota dhiichisaa too'achuu.
- Cabsaan ala walharkaa akka hinfuune dhorka.
- Balaa hirmaattota dhiichisaa gidduutti ka'e akkasumas ka'uuf jedhu salphisuudha.
- Iddoon dhiichisa akka hin dhiphanneef gargaara.

Waliigalaatti dhiichisa keessatti qoonni shimalli qabu xiqqaafi akka salphaatti ilaallamuu kan hindandeenye ta’uu yaanni iddattoonni shimalaafi faayidaa shimala irratti kennan haala gaariin hubachiisuf yaalaniiru.

### 4.2.1.Kunuunsa shimalaafi Iddoo Olkaa’a Shimalaa

Ummanni Oromoo meeshaalee itti fayyadaman kamifiyyuu iddoo guddaafi kabaja olaanaa qaba.Meeshaaleen kun immoo namtolcheefi kan ammayyaa ta’uu mala kanneen keessa namtolche ulee dargaggeessi qabatu yoo ilaalle.Dargaggeessi uleenmuree kan hojjetu waan garaagaraa irra ta’uu danda’a isaan keessa garuu filaatamafi jaalatamaa akkasumaas jabaata kan ta’e ulee shimalaati.Ulee shimalaa kanaaf immoo kunuunsiadda addaa ni godhamaaf,kunuunsi shimalaaf godhamu kunnis:

#### *4.2,1.1. Dibata adda addaa dibuufi Iddoo olkaa’a shimalaa*

Dargaggeessi shimala qabatu miidhaginaf ta’ee jalala shimalaaf qabu agarsiisuuf jecha dibata adda addaa yeroo dibu ni mul’ata.dibatadibamu keessaa tokko zaayita sababni shimala zaayita dibaniif shimalichi akka jabaatufi diimatee miidhaguufi kanaaf itti fayyadamaan shimala qabatee oole galgaala bakkuma ta’eeti gata osoo hin taane hawwaara irraa xaraguun dibata dibuun iddoo aarri jiruutti baaxii mana citaati suuqu. Kunnis kanta’uufshimalichi zaayita dibame gara keessatti dhuguun akka jabaatufi diimatuufi.kana malees darbee darbee yeroo moora dibaniis ni mul’ata moora kan dibaniif shimalli yoo sooffamee hin dibamne ni dalachaa’a dalacha’u irra darbees hin jabaatu kanaaf bifa isaa jijjirufi jabeenya akka horatuuf dibata adda addaa dibuun aarra keessatti fannisaan.aara keessatti fannisuun immoo akka bifa jijjiratuufi. Erga shimalli diimatee bifa isaa jijjiratee immoo qalaama adda addaa dibuutu mul’ata kun immoo waan lamaafi tokko miidhagina shimalichaa dabaluu yoo ta’uu inni lammaffaan immoo mallattoo adda baasu ittigodhachuudha.



Suura.4.Iddoo ol kaa’a shimalaa mul’isu.ganda Abbuu keekkuu mana Waakjiraa Alamaayyoo,12/6//2013/

Iddoo ol kaa’a shimalaa ilaalchisee hawaasni yeroo faaruun ibsa akkas jechuun wal hubachiisa.

*Afee.5.Yaabbattuu fardarraa goonni fardaan ari’ee*

*Shimala fannoo buusii lafti bari’ee*

*(Madda obbo Bokonaa Qorichee  Jammoo godeessoo 01/04/2013.)*

Afee kana irra wanti hubatamuu danda’u iddoo teessuma shimalaa waan namatti ibsuutu jira jechuudha.Shimala fannoo buusi gaafa jennu iddoon shimalli taa’u bakkuma ta’e osoo hin taane kabajaan kan olkaamu ta’uu isaati.kana malees lafti bari’ee of qopheessi bakki deemtu waan jiruuf waan jedhu ibsa.

Shimala Irra Shiboo Irra Maruu-Kara biraatin kunnunsi shimalaaf godhamu Shimalarra shiboo maruudha.Shimala irra shiboo maruun faayidaa adda addaatiif tajaajila fakkeenyaaf yeroo dhiichisa keessatti rukkutaan shimalaa yoo ka’e salphuummatti akka jalaa hin cinneef yookaan immoo akka aangii irratti jala hin cabneef nigargaara.kana malees shimalli shiboon irra marameefi hin maramne yoo walitti buusaan inni irra maramne sana salphuummatti sabsuu dand’a.Qabxiin inni biroo shimala irra shiboo mararuun akka faayaattiis ni gargaara.

Kana maleesgogaa eegee loonii/tolee/ irraa bahu kan dargaggoonni shimala isaanii bareechuufis ta’ee iddoo aangii isaatti akka jalaa hincabne jabeessuuf jecha shimala isaaniitti godhatan ni jiru.kanaafuu dargaggeessi shimala isaa akka jalaa hin miidhamneef yookaan hincabneef

kunuunsa olaana godhaafi.(Madda:Obbo Bojaa Qoricheefi Dar.Fiqaaduu Tashoomaa waliin afgaaffii 12/03/2013 taasifa)

Akka yaada kanatti dargaggoota biratti shimalarra shiboo maruufi gogaa eegee loonii shimalatti gochuun olaantummaa akka agarsiisutti nigargaara. Kana jechuun dargaggeessi tokko shimala isaarra shiboo maree inni biroo osoo shiboo irra hinmarin itti fayyadama yoo ta'e adeemsa dhiichisa waliin hirmaachuu keessatti shimalli shiboon irra marame kan irra hinmaramneen yoo walitti bu'e aangii isaarratti salphaatti cabsuu danda'a


.

Suurri.5. kun kan agarsiisu haala kunuunsa shimala shiboofi gogaa eegee loonii(tolee) itti maraan agarsiisa.ganda Abbu keekkuu,iddoo af gaaffii godhutti 12/5/2013/kan kaafame.

## 4.3. Faaruu Shimala dhiichisa keessatti Dhiyaatu

Maalummaa faaruufi gosoota faaruu boqonnaa lama qabxii 2.4.5.1 jalatti ilaalun keenya ni yaadatama.Faaruwwan jiran keessaa tokkon faaruu shimalaa yoo ta'u faaruu shimalli kanas dargaggootni haala adda addaatiin calaqqisiisu.keessummattu haala dubbii qolaa fakkeessuun quuqqaa, gammachuu, gadda isaan keesaa jiru kara baafatanii ibsataan keessa faaruu shimalaa kanatti fakkeeffataniiti.(Maddi:Obbo Tashoomaa Naga'oo afgaaffii 13/05/2013 taasifameen)

### 4.3.1. Akkaataa Dhiyaatinaa Faaruu Shimalaa Dhiichisa Keessatti

Faaruun shimalaa yeroo dhiyaatu jalqaba hanga dhuma faarichaatti adeemsa,tartiibafi seera mataa isaa danda'e qaba.Seeri fi adeemsi faaruun itti dhiyaatu dargaggoonni yeroo kabaja qophiin ayyanaa yaa ta'u yeroo hojiifwal argan geengoo uumuun ulee isaanii waaqa keessatti ol qabuungidduu isaaniitti lafa bal'aa dhiisuun akka shaayiin faaricha baasu haala gaariin asiifi achi

socho'uun dhiichisuufi hirmaatoota dhiichisicha keessatti hirmaata jiran to'achuuf itti tolutti lafti gidduu jiru dirqama bal'achuun kan geggeeffamuudha.

Tartiibni faaruu shimalaa erga dargaggoonni wal ga'ee booda inni baasuuf fedhii qabu gidduu hirmattoota faaruu kana keessatti hirmate seenun faaricha jalqabsiisa.Erga faaruun eegalee booda namoonni hirmachuuf fedhii qabannis ta'ee,namoonni dawwachuus barbaadaniis toora sanatti ni baay'atu yeroo kana immoorukkutaan shimalaa niadeemsifama.Sababnirukkutaan shimalaa adeemsifamuufis lafa gidduu dhiichistoota jiru dhiphachaa waan deemuuf is sana bal'isuu jecha rukkutaan kun adeemsiifama..

Qaamni dhiichisa baasu kun tokko yookaan lama ta'uu malu. Inni lama ta'ee baasu kun wal cinaa dhaabbatu osoo hin taane wal funduura dhaabbatu.inni biroo dhiichisa keessatti wal harkaa fuudhuun jira yeroo wal harkaa fuudhan kanaas bakkuma itti toleetti osoo hin taane dhiichisa cabsa isaa eggachuu ta'uu kan qabuudha.yoo dhiichisa cabsa eeganii walharka hin fuune taraa kennuufi dhiisu danda'a qaamni baasa jiru sun.Dhiichisa keessattis qaamni baasaa jiru waan baasaa jiru sana hanga fixee isa itti aanutti ce'uuf yaaluutti eeggachuun dirqama ta'a.Haalli kun hojiirra hinoolu yoo ta'e waldhabdeen qaama baasaa jiruufi qaama irraa fuudhee baasuuf yaale gidduutti uummamuu mala.

Waldhabdeen dhimma kanarratti uummames maanguddoota bira yoo gahe kallattiin qaama cabsaa malee dhiichisa fuudhuuf yaale adabu. Sababni isaa qaamni dhiichisa cabsaa malee fuudhuuf yaale qaama dhiichisa baasaa jiru sana akka tuffateetti ilaallama waan ta'eefidha.

Kallattii dhiichisni ittiin walharkaa fuudhamu keessaa inni biroo dogoggora qaamni dhiichisa baasaa jiru uume eeggachuudhaan.Akka tasaa qaamni dhiichisa baasaa jiru iddoo jechuu qabutti waan jechuu qabu yoo irra utaale akkasumas iddoo jechuu hinqabnetti waan jechuu hinqabne yoo jedhe dhiichisni isaa dhama dhaba.Adeemsa kan keessatti qaamni namichi baasaa jiru akka dogoggore hubate,yeroo kan qaamni biro harkaa butuuf yaala akka hin dinneef haala naato qabuun irraa fuudhu yaala.akkas jechuun;

Afee .6.*Anu si furinnaa*
*Atillee hin wallallee*
*Waluma gargaaraa.*
*(madda Motummaa Galatuu)jechuun wal harkaa fuudhu*

Afee kana irraa wanti hubatamuu haala wal harkaa fuudhiinsa faaruu shimalaa dhiichisa keessatti seera kan qabu ta'uu isaati.asi irratti namichin faaruu sana buusaa jiru akka tasa ta'ee aaruu waan danda'uuf bifa naatoo qabuun sossobaa kan irra fiduudha jechuudha.

Kara biraattin akkaataa faaruu wal harkaa fuudhuu yoo ilaallee karuma irraa deemaa dhufanii kan baasuuf funduratti ba'u osoo hin taane haala achi keessa jiru hunda to'achuu qaba. fakkeenyaaf namni achi keessatti walii taphachuu hin dandeenye yoo jiraate,haalli rukkuttaa shimalaa adeemsiifamu seera dhabeesaa immoo seera qabeessa,namni dhiichisa kana keessatti hirmaachaa jiru kana wal beeka immoo hin beeku jechuun  kanneen hunda xinxaluun gara dhiichisatti kan galuudha malee akkasumaanin miti.(Maddi:Obbo Fayyisaa Waaqjiraa Obbo Damissee Abbabaa 21/07/013fi daawwannaa 07/05/013fi 29/04/013 ganda Abbuu Keekkuuttifi magaala Tullu milkiitti gaggeeffame).

Akka yaada iddattoota oliirraa hubatamutti faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu dhuunfaan ykn cimdiin baasuun kan danda'amu yoo ta'u,adeemsa cimdiin baasuu keessatti qaamoleen waliin baasuu barbaadan iddoo adda addaa dhaabbachuun inni tokko baasuu yoo eegalu inni waliin baasuu barbaade itti deemuun walqabatanii baastota dhiichisaa ta'u.



Suuraa 6- Faaruun shimalaa haala geengoon yeroo adeemsifamu.magaala Tulluu milkii gaafa 12/3/2013/ kan kaafame.

### 4.3.2. Yoomessa Faaruu Shimalaa Bifa Dhiichisaan dhiyaatu

Haalli dhiyeenya Faaruun shimalaa callisee yeruma yookaan bakkuma ta'etti kan dhiyaatu osoo hin taane yoomessa murta'aa kan mataa isaa qaba.Dargaggoonni dhiichisa bakka adda addaatti haala keessa jiraniifi yeroo keessa jiran waliin walqabsiisanii dhiyeessu.Iddoo baay'eetti haalli raawwii faaruu shimala kan wal fakkaatu ta'u illee akka walii galaatti faaruun shimalaa haala dhiichisa keessatti raawwaachuun mul'atu gurguddoon sadi. Isaanis;

**a.Iddoo kabaja ayyaana waggaa**-Akkuma beekamu Ayyanni ayyana kan fakkaatu nyaatanii quufanii taphachuu,gammaduudha.Akkuma daabgaa qorannoo kana irra hubatamu danda'utti ummata Oromoo naannoo Salaalee jiraatu ogwalaloo adda addaattin kan badhaadhe waan ta'eef faaruufi yookaansirbuuf rakkoo tokko illee hin qabu.Kana jechuun immoo ofumaafu shaayii akkasumaas jala qabdoota waan ta'aniif dhiichisi kun baay'inaan adeemsifama keessumayyu ayyana Masqalaa irraa eegale hanga ayyana fasigaatti baay'inaan mul'atu yeroo kana keessatti yeroo qophiin jiru namni kamiyyuu jala bultii irri eegalee of qopheessa.keessattuu dargaggoonni rifeensa ofii,uffata ofii,uleeofii yoo shimala qabaate shimala ofii yoo shimala hin qabne immoo ulee bakka shimalaa bu'u hunda sirreeffachuun gara qophichaatti deemu.

Iddoo kabaja ayyaana waggaatti erga walga'anii booda dargaggoonni haala yeroo irratti hunda'uun faaruu ofii itti fufa.iddoo kana irratti sababa ayyanaatiin walyaa ga'anii malee faaruun isaanii garuu waa'ee ayyanaa qofa ta'uu dhiisuu mala.faaruun isaanii waa'ee quuqqaa, dhiibbaa dhuunfaa yookaan walii galaa ta'u danda'a.fakkeenyaaf yeroo ayyaana masqalaa dargaggooni araddaa irraa wal ga'uun akkas jedhee waliin taphata.

*Afee.7. K/B-Goobee goobilee maaloo*

*Goobee goobsan malee kormi hin aaduu*

*K/J/Q- Goobee hoo*

*K/B- Goobee goobilee maaloo*

*Ani simaalee waan biraa hin yaaduu….*

*(Madda:Dammisse Abbabaa 20/04/013 ganda Abbuu keekkuu*)

Afwalaloon "Goobee goobsan malee kormi hin aaduu"jedhu dargaggoonni qophii ayyaana wag gaarratti argaman ayyaaniquufa qabachuu isaa fi yoo quufan immoo taphini waan hin hafne ta'uu isaati."Ani simaalee waan biraa hin yaaduu "yaadni kun kan inni of keessatti dabarsu

dargaggoonni ayyana waggaatti wal arganii taphachuu akka fedhaniifi baay'ee eega kan turan ta'uu isaanitti.

Adeemsa dhiichisa kana keessatti haala gaariin wal jala qabuun yoo hin jiranne,dhiichisa baha jiru qaamni akka tasa jeequ yoo jiraatefi faaruu baha jiru ceessisa yaakaan cabsa ala yoo wal harkaa fuudhu yaalame rukkuttaan shimalaa ni eegala yeroo kana immoo faaruu waa'ee ayyanaa dhiisun gara faaruu shimalaatti jijjiru.

**b.Iddoo Cidhaatti**-Ciiniaddeemsagaa'ela rawwaachuuti.Adeemsa keessatti immoo gammachuun adda addaa ibsachuun waan jiruuf,gammachuu isaanii kanas ogwalaloo adda addaa fayyadamuun ibsu.Ogwalaloo kunninis akkaatuma sadarkaa namoota fi saala irratti hunda'un garaagara ta'a.Qaamolee iddoo cidhaatti sirbuun misirroota bashannasiisan keessa tokko dhiichisa dargaggootaati.Dargaggoonni dhiichisa ofii dhiichisa guyyaa sana misirroota gammachiisu sababni isaas karaaleen ofiis ta'ee misirroof gammachuu ittin ibsa keessa tokko waan ta'eefi..

Walitti bu'iinsa isaanii kana immoo hanga uleen walreebutti deemu yoo kana dargaggoon dubbii fedhu faaruu cidhaa gara faaruu shimalaatti jijjiruun faaruu shimalaa akkas jechuun eegala.

Afee.9.Oohoo mee

Si gobuu barbaada shimalli koo

*(Madda:Maammoo Waaqjiraa 11/05/013 ganda Abbuu keekkuu)*

Ogwalaloo armaan olii irra wanti hubatamu dargaggoon sababa cidhaati wal ga'e gara faaruu shimalaatti yeroo jijjiru kan agarsiisuudha.Namoonni sirba kana keessatt hirmaacha jiraniis rakkoo jirachuu isaa beekanii toora tapha sana deemu filatu.Kanaaf faaruun shimalaa dhiichisaan keessatti dhiyaatu haala dargaggoonni keessa jiran bu'uureffachuun iddoo cidhaattis dhiyaachuu danda'a.

**C.Iddoo dabootti**-Daboon adeemsa hawaasni bifa qindoomina qabuun gurma'uun hojii human adda addaa ittin wal gargaagaraniidha.Yeroo kana immoo abbaan daboo waan nyaatamuufi dhugaamu qopheessuun namoota daboo sana hirmaatef ni afeera.Namoonni daboo kana keessatti hirmaates afoola adda addaatti gargaaramuun wal jajjabeessuu, wal onnachiisuu,wal qeeqquutu

mul’ata.sadarkaa wal qeeqquu keessatti amma hin baay’anneetti ta’uu qaba sana irra yoo darbe walitti bu’iinsi uummamuu danda’a.

Ergaa ijoon afoola guyyaa daboo dhiyaatuun darbu waljajjabeessuufi abbaa daboo eebbisuufi yoo inni waan daboof guuttamuu qabu hinguunne ta’e abaruudha.Gosoota daboo keessa daboo miidhaan hamaa yoo ilaalle afoola adda addaatiin yeroo wal jajjabeessaan baay’inaan ni mul’ata. Gama biroonis afwalaloon sadarkaa wal qeequu keessatti hirmaattota daboo walmorkachiisu dhiyaachuu mala.

Dargaggoonnis afwalaloo kana yoo dhaga’an onnachuun wal morkii gidduu seenuun anatu dura baha miira jedhu keessa isaanitti uumuun saffisa hojii isaanii kan dura irra turanii olitti dabalaa deemu.Adeemsa wal morkii keessatt darbee darbee walitti bu’iinsi yeroo mul’atu argama.Walitti bu’iinsa kanas gara faaruu shimalaatti jijjiiruun achi keessa ergaa ofii dabarsaatu.Kanaaf faaruun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu iddoo daboottis yeroo dhiyaatu ni argama.

Akka waligaalatti yoomessi dhiichisa shimalaa karaa adda addaattii iddoo adda adddaatti kan daddarban ta’uu isaaniti.kanneen keessa immoo irra guddaa iddoo dabootti,iddoo cidhaafi iddoo kabaja ayyaana waggaatti baay’inaan kan mul’atu ta’uu isaati.dhiichisni shimala asi keessatt darban kun bashannaansiisa erga bal’ aa kan dabarsuudha.

### 4.3.3. Hirmaattota Faaruu Shimalaa Dhiichisaan Keessatti Dhiyaatuu

Faaruu shimalaa bifa dhiichisan dhiyaatu keessaatti namoonni garaagaraa qoddattoota faarichaa ta’uu ni danda’u.Haa ta’u malee irra caalaan kan hirmaatu dargaggoota. Yaada kana ilaalchisee Obbo Dammissee Abbabaafi Dar.Maammoo Waaqjiraa ,11/03/2013,wal duraa duubaan yoo ibsa Faaruu shimalaakeesaatti hirmattootni argamaan warra dhiirati.warri shamarranii hin hirmaatan sababni warri shamarranii hin hirmanneef yeroo dhiichisni geggeeffamu rukkutaan shimalaa adeemsifamuu waan hin ooleef warri shamarranii immoo rukkutaa shimalaa rukuttuuf irree waan gaafatuuf hanga warra dhiira hin danda’an.karaa biraa dhiichisa keessatti wal dhiibuu walitti bu’uun waan jiruufi rakkoon akka irra hin geenyeef achi keessatti hirmaachuu fedhii hin qaban.

Karaa biraa akka hawaasa aanaa Warra Jaarsootti shamarraan dhiichisa seentee yoo dhiichisu yoo arganuu akka waan har’a arganiitti dinqisiifatu kun immoo waan naannoo sanatti hin baratamneefi,akka waan safuu cabsiteeti ilaalamti.Kanaafshamarran dhiichisa seensniin baasu yookaan dhiichisa irratti hirmaachu irra irraa siqanii daawwachuu filatu.

Hirmaattonni faaruu shimalaa baay’inaan warra dargaggoota kan jedhameef warrii dhiira yeroo umuriin isaanii sadarkaa dargaggummaa irra jiru taphachuu,sirbuu,bishaan daakuu,fardaan gulufuufi qollannaa uleettin beekaamuu fedhu.umurii isaanii kanatti fayyadaamuuf jecha qophiin adda addaa hanga ga’uutti ni jarjaaru.Jarjaru qofaas osoo hin taane yeroo isaaniitti illee akka fayyadamuu qaban faaruu keessa wal gorsuunwal hubachiisu.faaruwwan shimalaa keessaa shimala baay’inaan dargaggeessi qabachuu isaa faaruu shimalaa keessaa kan ibsa yoo ilaalle;

*Afee. 11.Farda fardaan eegii*

*Qeerroo shimalaan beekii*

*Lubbuun maal abbaashii*

*Yoo du’an baddati hin hafanii*

Ogwalaloo kana irraakkuma hubatamuu danda’uutti wantoonni hunduu gita mataa isaa qabachuun isaa isaafi”Qeerroon shimalaan beekii” ogwalaloon kun kaninni mul’isu ulaaga tokko kan qeerroo jechisiisu qabannaa ulee inni qabateeni ta’uu isaafi  haalli rukkutta shimalaa,shimalli inni qabate cimaa ta’uu isaa haalli qolaannaa shimalaa isaa fi haala jabeenya irree isaa rukkuttaa shimala irratti ni beekama jechuudha.

### 4.3.4.Qooda Hirmaattota Faaruu Shimalaa dhiichisaan keessaatti qabanii.

Akkuma armaan olitti kaasuuf yaalletti faaruun shimalaa hojii garee ta’uu isaa ni beekama.Hojii garee kana keessatti waliin faaruu dhiichisaaf yaa dhiyaatan malee hirmaattootni hundi hojii tokko hojjetanii osoo hin taane,tokkoon tokkoon hirmaattotaa ga’ee mataa mataa isaanii adda addaa qabu.Ga’een isaan qaban kunneen ijoon ta’aniis;

Dhiichisa baasuu: Adeemsa dhiichisa baasu keessatti namni dhiichisa baasuuf gara funduraatti gaafa ba’u wantoota adda addaa beekuun irraa eeggama .fakkeenyaaf dhiichisni adeemsifamaa jiru waa’ee maalitti? Namoonni dhiichisicha keessaatti hirmaachaa jiru eenyu? dhiichisni ba’aa jiru namuusa qabaa?Haalli wal harkaa fuudhinsaa maal fakkaata waan jedhu hunda sakatta’ee beekuu qaba.Kanaafuu itti yaaduun dhiichisa baasuun gahee hirmaattota faaruu shimalaa keessaa isa tokko. (Madda;Dammisee Abbabaa 12/03/013, Fayyisaa Waaqjiraa 19/04/013fi daawwannaa 12/05/013 magaala Tullu milkiittifi 06/05/09 ganda Abbu keekkuutti gaggeeffame).

Dhiichisa bahaa jiru jalaa qabuu-Dhiichisni hojii garee ta’uu isaa irraa kan ka’e erga tokko waan tokko hojjatanii osoo hin taane inni tokko yoo baasu inni biraa jala qabuudha.kanaaf dhiichisa keessatti murteessa biroo dhiichisa ba’aa jiru seeran wal jalaa qabuudha.Adeemsa dhiichisa keessatti namni dhiichisa baasu erga jiraate kan jalaa qabu dirqaama jiraachuu qaba jechuudha.Kanaaf ga’ee hirmaatoota dhiichisa keessaa ni biroon haala oo’a ta’een jalaa qabuudha.(Madda:Darg.Dachuu Roobaa, Obboo Dammisee Abbabaa 25/03/013,Obboo Fayyisaa Waaqjiraa 11/04/013fi daawwannaa 1/06/013 ganda Abbu Keekkuuttiifi 16/06/013 magaala Tullu milkiitti gaggeeffame).

Naamusadhiichisaa faaruu shimalaa eeguufi eegsiisuu; Dhiichisa keessatti namuusni waan baay’ee barbaachisaadha.Haala naamusa ilaachisee kara adda addaattin ilaalamu danda’a fakkeenyaaf haala dhabbannaa hirmaatootaa, haala rukkuttaa shimalaafi haala jala qabuu faarichaa ta’uu danda’a.Kanaafuu namni dhiichisa baasuus ta’ee namni dhiichisa jala qabaa jiru qaama dhiichisa jeequ yoo jiraate ni to’aatu to’achuu qofa osoo hin taane of keessaa baasu. (Madda:Darg.Dachuu Roobaa 12/05/013,Obboo Dammisee Abbabaa, 25/03/013,Obboo Fayyisaa Waakjiraa 11/04/03fi daawwannaa 1/06/013 ganda Abbu Keekkuuttiifi 16/06/013 magaala Tullu milkiitti gaggeeffame).

Gidduu hirmaattotaa faaruu shimalaa garmaamuun shimala rukutuu-Hanguma dhiichisni hoo’a deemu namoonni daawwattoonnis gara sanatti baay’achaa deemun gidduu lafa dhiichisa itti adeemsisaan dhiphisaa deemu yookana immoo lafa dhiphaate kana babal’ifachuuf jechafi dhiichisichi miidhagna akka argatuuf gidduu dhiichisa namoonni lama yookkiin namni tokko gidduu garmaamun miilafi shimala asi achi sochoosun akka nama shimala rukutuof taasisa. (Madda:Darg.Dachuu Roobaa 12/05/013, Obboo Dammisee Abbabaa, 25/03/013, Obboo Fayyisaa Waakjiraa 11/04/03fi daawwannaa 1/06/013 ganda Abbu Keekkuuttiifi 16/06/013 magaala Tullu milkiitti gaggeeffame)

Adeemsa faaruu shimala haala dhiichisan dhiyaatu keessatti qoddattootni faarichaa yeroo hirmaatan waan gochuu qaban hundi isaanii ni beeku.kana immoo ati kana godhi,ani immoo kan godha jechuun hojii akkanaa kana walii qoodanii osoo hin taane yerumma ijoollummaa isaanii namootni yeroo faaruu akkasi kana raawwatan dawwachaa fi muxxannoo argachaa guddatan waan ta’eefi.kana malee dargaggoonniijoolummaa isaanitti yeroo horii eegan waan adda adda wal shakalchiisa guddatan kanneen keessaa haala qolannaa shimalaa,haala rukuttaa shimalaafi

faaruu adda addaa walii wal taphachiisa waan guddataniif yeroo dhiichisa seenaan waan haar'a itti hin ta'u.hundi isaa waan hojjechuu qaban ofumaaf beekaan waaan ta'e jechuudha. (Madda:Dachuu Roobaa 12/05/013,Dammisee Abbabaa 25/03/013,fi daawwannaa 01/06/013 ganda Abbu keekkuuttiifi 16/06/013 Magaala Tullu Milkitti gaggeeffame).

Waalumagalatti akka yaadolee armaan oliin irra hubachun danda'amuttiga'een hirmaattonni faaruu shimala haala dhiichisa dhiyaatu baay'ee ta'uu mala. Kanneen keessa muraasni dhiichisa baasu,dhiichisa baasa jiru jalaa qabuu,namuusa dhiichisichaa eegufi eegsiisuufi gidduu deemun shimala rukuttu hojii isaanii gurguddoodha.Gochoota kana immoo namaatu gorse yookaan ajeeje kan raawwata osoo hin taane ofuma isaaniti beekanii hundu bakka jiraniitti qooda isaanii bahan jechuudha.

**4.3.5.Haala Dhiichisa Faaruun Shimalaa Yeroo Amma Irra Jiru**

Akkaata faaruu shimalaa yeroo amma kana irra jiru haala qabatama aanaaWarra Jaarsootti yoo ilaalle faaruun shimala yeroodhaa yerootti jijjirama kan dhufe ta'uu qofa osoo hin taane sadarkaa baduu irra ga'eera jechuun ni danda'ama.Sababoonni badiinsa faaruu shimalaaf qabanni add addaa ni jiru fakkeenyaaf.

A.Qaama seera eegsisaan yookaan poolisii-Poolisiin namootni dhiichisa adeemsiisuf yeroo shimala ofii qabatanii gara dhiichisatti seenaan yoo arge shimala irra fuudhun cabse guba.yeroo dhiichisa seenaan qofa osoo hin taane yeroo qabatanii imaaltu deeman ille yoo harkatti arge dabarsuun hin jiru.kun immoo fedhii dargaggoon shimalaaf qaban gadi buusa dhufe.Kanaaf dargaggeessi yeroo amma kana hamilee dhabaa dhufuu irra kan ka'e shimala qabachuu dhiise harka duwwaa, alaangee fi ulee xiqqoo bargamoo irraa hojjetamte bakka buusun itti fayyadamaa kan jiran ta'uu isaanii afgaaffiifi daawwannaan mirkaneeffadheera.(Madda:Dachuu Roobaafi Dammisee Abbabaa 25/03/013,fi daawwannaa 01/06/013 ganda Abbu keekkuuttiifi 16/06/013 Magaala Tullu Milkitti gaggeeffame).

B.Sababni inni biroon sababa amantaan wal qabate-Amantaa ilaalchisee faaruu dhiichisa shimala irratti dhiibba fide ni qaba hiibban inni fide kunnis abbootiin amantaa carra argatan hundatti fayyadamuun sirbuun mootummaa Waaqayyoo nama hin dhaalchiisu,sirbuu irra faarfachuutu karaa gaaridha jechuun yeroo gorsa ni argamu

Gorsuu qofa osoo hin taane hanga mana amantaa sana irraa dhorkamutti ga'a waan ta'eef yeroo kanaas dargaggeessi fedhii dhiichisa qabu dhiise gara faarfannaatti yeroo deebi'u ni argamu.Akka fakkeenyatti gandoonni aanaa qorataan kun filate keessa hubaman ganda Fililliqqifi Qarree Go'aa akka adda dureetti kaasun ni danda'ama.(Madda:Darg.Dachuu Roobaafi obbo Motummaa Galaatuu 22/06/013).

Akka yaanni iddattoonni olitti kennan ibsutti, dhiichisaan shimala faarsuun akkasumas shimalli sadarkaa duriirraa laafaa kan jiruudha.Kanaafis akka sababaatti kan ka'e qaamni seera kabachiisu yeroo adda addaatti dargaggeessa irraa shimala guuranii gubuu,lallabaabbootii amantaa sirbuu irra farfachuutu mootummaa waaqa nama dhaalchisa jechuufiammayyummaa hordofuurraa kan ka'e fedhiin faaruushimalaattif dargaggoonnidhuunfatti qaban laafaa ykn badaa kan



Suura 7- Ulee shimalli ittiin bakka bu'aa jiru iddoo gabaatti /aanaa warra jaarsoo/ganda abbuu keekkuu 15/6/2013

**4.3.6. Baay'ina Hirmaattota Faaruu Shimalaa Bifa Dhiichisaan Dhiyaatuu;**

Akkuma mata dureewwan armaan olitti kaasu yaalameetti dhiichisni hojii garee akka ta 'eefi nama tokkon kan adeemsifamuu hin dandeenye yoo ta'u inni kunnis yoo xiqqaate nama sadiifi isaa oliin kan raawwatuudha.Kanaaf faaruun shimalaa bifa dhiichisatiin dhiyaatu hojii gareeti jechuudha.Haa ta'u malee hirmaattonni hangana jedhanii lakkoofsan murteessuun nama rakkisuu danda'a.kana Jechuunis namootni naannoo faaruu dhiichisa shimala sana biraatti argaman warri fedhii qaban hundi hirmaachuu waan danda'aniif jechuudha.Haa ta'u malee namoonni dhiichisa baasu lakkoofsan murta'uu ni danda'a.Isaan kunnis lakkoofsan tokko yookaan lama ta'uu danda'ujechuudha.(Maddi:Obbo Fayyisaa Waaqjiraa 11/05/013fi Damissee Abbabaa 21/03/013).

Akka yaada armaan olii irraa hubatamuu danda’uutti baay’inni hirmaattoota faaruu shimalaa dhiichisa keessatti lakkoofsan murteessuun nama rakkisuu isaafi lakkoofsi warra dhiichisa baasu danda’uu garuu al tokkoon lama yookaan tokko ta’uu danda’uu isaa nama hubachiisa.

### 4.3.7.Garaagarummaa Faaruu Shimalaa Dhiichisa keessatti Dhiyaatuufi Afwalaloo Biroo Keessatti dhiyaatu

Akka qorataan kun hubateefi odeeffannoonamoota irraa argateeti shimalli yeroo baay’ee bifa dhiichisaatiin yaa farfaamu malee,darbee darbee yeroo haala afwalaloo biraatiin farfaamuus ni yeroo mul’atu ni argama.Haa ta’u malee garaagarummaa adda addaa qabu.Garaagarummaa kunnis dhiichisni gareen yoo ta’u afwalaloo biroon garuu dhuunfaan ta’uu ni danda’u.Fakkeenya arman gadii yoo ilaalle;

*Afee.13:Shimala Bifa shoboxeen yoo faarsan:*

*A.Yaa ulee koo yaa ulee kee*
*Yaa shimallan gaggababduu*
*Yaa wilii kee yaa wilii koo*
*Kan yeroo bishaan waraabduu*
*(madda dargaggoo Taaddasaa Motummaa*)

Af walaloo “yaa ulee koo yaa ulee kee yaa shimallaan gaggababduu”kan jedhu uleen kees kiyaas walfakkaatu lachuu gabaabadhaas shimalaas wal hin caalaan jechuudha.”Yaa wilii kee yaa wilii koo kan yeroo bishaan waraabduu”afwalaloon kun immoo kan hubachiisu waan yeroo darbe kan yaadachiisu ta’ee innis yeroo bishaan waraabdu waadaa yeroo darbe keessa raawwatan wal yaadachiisufi.

*Afee.B. Shimala too,shimala too*
*Shimala mootii alangaa, shimala mootii alangaa*
*Hinfagaaatin mee nabukkeedhaa*
*Si’iif irree kootu naaf wabiidhaa*
*(Madda:Motummaa Galatuu 15/04/013)*

Akka afwalaloon olii ibsutti haala dubbii qolaatiin yeroo ergaa dabarfatuudha.Inni kunnis ulee shimalaa baay’ee bareeda kan ta’eefi sorooro waan ta’eef haala sana yeroo nama jalaatu tokko

bakka buusun faarsuudha.Adeemsa kana keessatti xiyyeeffannoon shimalaaf kan kennamu osoo hin taane shimala fakkeessuun waan dabarfachuu barbaadan sana dabarfachuufi.Af walaloon"Si'iif irree kootu naaf wabiidhaa"kan jedhu shimalli amma fedheyyuu haa jabaatu yoo irree cimaa hin qabne shimalli ofii darbee hin rukuttu kanaaf cimni shimalaafi irree wal gituu qaba jechuudha.

Akka yaanni iddattoota armaan olitti kanaatti faaruu shimalaa bifa dhiichisafi bifa afwalaloo biraatiin dhiiyaatu gidduu garaagarummaa jiraachuu isaati.Garaagarummaa isaanii kunnis faaruu shimalaa bifa dhiichisaatiin dhiiyaatu keessatti baay'inaan kan dhiiyatu warra dhiira yoo ta'u faaruu shimalaa bifa afwalaloo biroo keessatti garuu shamarraanis ta'uu mala. Kan malees faaruu shimalaa bifa dhiichisaatiin dhiyaatu keessatti uleen yookaan shimalli barbaachisaadha.faaruu shimalaa bifa afwalaloo birootiin dhiyaatun keessatti garuu dirqama hin qabu.Walumaagalatti fraaruun shimalaa haala dhiichisaan qopha'ufi bifa afwalaloo biraariin qopha'u gidduu garaagarummaa hedduutu jira jechuun nidanda'ama.

## 4.4. Bu'aa Faaruu Shimalaa Dhiichisa Keessatti Qabu.

Haawasni shimala faaruu qofaaf kan itti fayyadamu osoo hin taane faaruu keessatti ga'een shimalli qabu maali kan jedhus beekuu dirqaama qooddattoota faaruu shimalaati.kanaafuu faayidaan shimalli faaruu keessatti qabu hedduudha.Isaan keessaa ijoo kanneen ta'an;

Dargaggoota dhiichisaaf kakaasuudha: Dhiichisa keessatti yeroo shimala maqaa dhahuun dargaggoonni faarsaan dargaggoonni biroo itti makaamanii taphachuuf baa'ee si'aa'ina qabaatu qabachuu qofas osoo hin taane gaafa shimala faarsamuu jalqabu ergaan biroos duuka hin dhabamu jedhanii waan amananiif dargaggoon dhiichisa keessaatti hirmachaa jiru hundi of qopheesu.(Madda:obb Mootummaa Galatuu9/04/2013, dargaggoo Dachuu Roobaafi Dammissee Abbabaa,19/06/2013).

Dargaggoota gorsuu: Haawasni yeroo faaruu dhiichisaa baasu ergaa adda addaa of keessatti dabarsa. Ergaa isaan dabarsuu danda'an fakkeenyaaf qaamni dhiichisa keessaatti hirmaachaa jiru yoo haalli qabannaa shimalaa isaa sirri hin taane,yoo haalli dhaabbii isaa sirrii hintaanefiyoo haalli rukkuttaa shimalaa sirrii hin taane dogoggora taa'u isaa hubachiisuufi dogoggora kana irraa immoo akka of deebisuuf gorsuuf itti fayyadaamu.(Madda:obbo Mootummaa Galatuu 9/04/2013,dargaggoo Dachuu Roobaafi Dammissee Abbabaa,19/06/2013)

Haawasni shimalaaf bakka akka kennuuf garagaara;Dargaggoonni dhiichisaaf yeroo ba'u shimala ofii kukkulee yeroo ittiin dhiichisu baay'ee nama hawwaata hawwaachuu qofa osoo hin taane dawwaattootni waan adda addaa hubachuu danda'u fakkeenyaaf dhiichisni shimala malee akka hin miidhanne, ergaafaaruu shimalaan wal qabatee darbu kana hunda ni xiinxaalu yeroo kana immoo faayidaa shimalaas keessa baraa deemu.Kanaaf shimalaaf kunuunsa akka godhamuu qabu fedhii ni horachaa deemu.Qabata kana irra kan ka'e faaruun shimalaa hawaasni shimalaaf akka kunuunsa taasisu qooda guddaa qaba.(Madda:obbo Mootummaa Galatuu 9/04/2013,Darg Dachuu Roobaafi Dammissee Abbabaa,19/06/2013)

Walitti dhufeenya shimallifi fayyadamtoota gidduu jiru cimaa ta'uu isaa ibsuuf;Ergaa faaruu shimalaa keessatti darbu keessa inni tokko fayyadamaa shimalaafi shimala gidduu hariiroo cimaa jiraachuu isaati, hariiroo jiraachuu isaa kanas yeroo faaruun ibsa.

Afee.14. *Shimalaa koo kuulee barreessee*
*Anaafi situ hafe ormi nurra dheessee*

Afee kana irraa wanti hubatamu ormi nurraa baduus ati nagatte hin deemne ormi garuu nugatee deemera yaada jedhu dabarsuufi.(Madda:obbo Mootummaa Galatuu 9/04/2013,Darg Dachuu Roobaafi Dammissee Abbabaa,19/06/2013)

Walitti bu'iinsa dargaggoota gidduutti uummamu oolchuuf:Adeemsa dhiichisaa keessatti sababa adda addaa irraa kan ka'e walitti bu'iinsi yeroo ummaamu ni argama.walitti bu'uu isaanii immoo kan hubatamu erga faaaricha keessa dabarsaniin beekun ni danda'ama. yeroo kana namoonni dhaggeeffachaa jira waa jiraachuu isaa ni timaamu.Tilmaamu qofas osoo nhin taane gidduu goruun gargar akka deeman godhu.fakkeenya faaruu shimala walitti bu'iinsi jalqabuuf akka deemu kan nama tilmamsiisu keessa akkas jedhun shimala faarsu;

*Afee.15. Oohoo meeyee,si gabuu*
*Kajeelaa shimalli koo*
*(Madda:obbo Mootummaa Galatuu 9/04/2013, Darg. Dachuu Roobaafi Dammissee Abbabaa,19/06/2013).*

Akka afwalaloo kana irra hubatamutti dargaggoon faaruu shimala haala dhiichisatiin dhiyaatu keessatti afwalaloo "si gobuu kajeela shimallin koo "jedhee kaasu rakkoo uumuuf akka ka'e

namni kamiyyuu ni tilmaama kun immoo kan ta'u namoota waliin taphachuu hin barbaanneetu jira jedhee hawaasni timaama.

Akkuma afgaafii iddattoonni armaan olii irra hubatamuutifaaruun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu dargaggoota dhiichisaaf kakkaasuuf, dargaggootakallatti garaagaratin gorsuuf,kunuunsa shimalaatiif hawaasa dadammaksuu,hariiroo shimalaafi fayyadamtoota shimalaa gidduu jiru ibsuufi walitti bu'iinsi dargaggoota gidduutti uummamuu danda'u salphisuu keessatti gahee guddaa kan qabu ta'uu isaati.

## 4.5. Seerota hirmaataan faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu osoo gara dhiichisaa hin dhaqin beekuu qabun

Hirmaataan faaruu shimalaa tokko osoo gara faaruu shimalaa hin seeniin dursa seerota achikeessatii raawwataman kamiyyuu sirritti beekuu qaba.yoo kana hin taane baala adda addaatiif saxilaamuu waan danda'ufi, hirmaataan faaruu shimalaa dhiichisa keessatti namni hirmaatu tokko seerotni dursa beeku qabu.

- ✓ Haala qolannaa shimalaa beeku
- ✓ Dhiichisa bahaa jiru cabsaa ala wal irra fuudhu akka hin danda'amne beekuu.
- ✓ Yeroo rukkuttaa shilamaa adeemsifa beeku.
- ✓ Haala rukkuttaa shimalaa beeku
- ✓ Haala qabannaa shimalaa yeroo dhiichisa baasanis ta'ee yeroo jalaa qaban beekuu.
- ✓ Dandeetti ofii beekuu dhiichisa baasu danda'ufi dhabuu keessumatu ceesiisa faaruu wal qunnamsiisu irratti.
- ✓ Haala dhaabbannaa geengoo ta'uu beeku.
- ✓ Haala sochii faaruu shimalaa dhiichisa keessatti yeroo kam kam akka barbaachisu beeku (madda obboo Mootummaa Galatuufi darg. Dachuu Roobaa ganda Abbuu Keekkuu gaafa 10/05/2013 )

Walumaagalatti namni dhiichisa keessaatti hirmachuu danda'u qabxiilee armaan olitti heeraman kana osoo hin beekin yoo gara faaruu shimala haala dhiichisa dhiyaatu keessatti waan faaruun dhiichisa kun gammachiiseef qofaf gara dhiichisicha seena yoo ta'e rakkoo adda addaaf saaxilamu waan danada'uuf, qabxiilee kanaaf xiyyeeffannoo kennun gaariidha.

## 4.6 Akaakkuwwan Faaruu Shimalaa Bifa Dhiichisaan Dhiyaatuu Keessatti Argamuu

Faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu dhaamsa adda addaa of keessatti dabarsuu isaa mata dureewwan armaan olii keessatti kaasun keenya niyaadatama.Mata duree kana jalatti immoo dhaamsa isaan dabarsan irratti hundaa'un mata duree adda addaa jalatti qoonnee ilaala.Kanaafuu ergaa isaan dabarsan irratti hundaa'uun faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu mata duree adda addaaatti jalatti qooduun kan ilaallu ta'a jechuudha.Haalli ittiin qoqqoonu kunnis dhaamsa isaa of keessa keessatti dabarsanfi dubbii qolaa isaanii achi keessatti darbu qaaccessuudha..

### 4.6.1. Faaruu Cimina Shimalaa Agarsiisu

Faaruu shimalaa haala dhiichisaan keessatti dhiyaatu baay'eedha. Isaan keessa tokko faaruu cimina shimalaa mul'isuudha.Shimalli ulee dargaggeessi harkaati qabatu ta'ee gosoota ulee jiran keessa jabataa kan ta'eefi yoo rukkutaan illee amala cabuu kan hin qabne maalummaa shimalaa keessatti ilaalera.cimina shimalaa kanas dargaggeessi faaaruu keessatti yeroo faarsan ni mul'atu.

*FKN.Afee.16.(A). K/B-Kaawoo daanyaan hin baasu damii*
*Yaaabbaa koo shimaluma fidii na qaqqabii*
*K/J/Q-Kaawoo daanyaan hin baasu damii*
*Yaa abbaa koo shimaluma fidii naqaqqabii*
*K/B- Shimalli koo hincabuu*
*K/J/Q- Kaawoo*
*K/B-ni haanxa'a malee*
*K/J/Q- Kaawoo*
*K/B- Lafoon koo hinyaadda'uu*
*K/J/Q-Kaawoo*
*K/B-ni yaaddessa malee*
*K/J/Q-Kaawoo*

*(Madda:Obbo Mootummaa Galatuufi Obbo Bokonaa Qorichee 13/07/013 ganda Abbuu keekkuu)*

Afwalaloon "Daanyaan hin baasu damii" jedhu,daanyaan akkan miidhaame miidhaa akkasii geechisuu hin danda'u shimaluma kootu miidhaama koo baasu danda'a malee jechuudha.

Dabalataanis faaruun “Shimalli koo hincabuu nihaanxa’a malee” jedhu,shimalli cimaa ta’uu isaa irraa kan ka’e yeroo walitti bu’es salphaattikan hincabneta’uu agarsiisa. “Lafoon koo hin yaadda’uu niyaaddessa malee” afwalaloon jedhus, dargaggeessi yeroo dargagguummaa isaatti amala gareen loluufi raawwii lolaa keessattis garee faallaa isaatiin moo’amuu kan hinbarbaanne ta’uu agarsiisa.

Gama ija siyaasaanis faaruun, “Lafoon koo hin yaadda’uu ni yaaddessa malee” jedhu, jechi lafoon koo kan jedhun dubbiin dhokataa isaa lammii koo waan akka jechuu waan ta’eef,kanaaf sabni koo amala sodaa hinqabu sodaachiisu malee jechuun yeroo lammii ofii faarsuun jajjabeessu diina kamiifiyyuu jilbiffachuu kan hin dandeenye afwalaloo kana keessatti ibsa.Karaa biraattin “lammiin koo hin yaada’u ni yaadeessa malee jedhu”gosa dubbii qolaa keessa arbeessatti fayyadamuun yeroo ibsu mul’isa.

Afee.*16.(B). K/B- Shimala naaf murii*
*Situ daarii jiraa*
*Shimalli haanxa’ee*
*Boba’ee akka abiddaa*
*K/J/Q- Oohoo meehee*
*K/B-Oohoo yaa karra maarraa*
*K/J/Q- Oohoo yaa karra maarraa*
*K/B-Yaa dargoo wal irraa tamarraa*
*K/J/Q-Yaa dargoo wal irraa tamaarraa*
*K/B-Shimala naaf muri*
*Situ daarii jiraa*
*Boba’ee akka abiddaa*

*(Madda:Mootummaa Galatuufi Bokona Qorichee 13/07/013 ganda Abbuu keekkuu*)

Afwalaloon “Shimala naaf muri situ daarii jiraa”jedhu iddoon shimalli itti argamu yookaan biqiluti situ aanee jiraa,ana irraa fagoo jira yookaan immoo iddoon ani jiru shimalli kan biqilu miti jedhee yeroo hiriyaan yaada waliif dabarsaniidha.Yaada kanas obbo Mootummaa Galatuu shimalli akka Godina Shawaa Kaabaatti Aanaa Warra Jaarsoo Ganda Waaju libaanfi Aanaa Gabra Gurraachaa Ganda Biriitiitti kan biqilu ta’uu dubbatu. Itti dabalees faaruun “Shimalli

haanxa'ee boba'ee akka abiddaa"jedhu,shimalli cimina isaa irraa kan ka'e amalan cabuu kan hin qabne yoo rukuttaanu itti cime amala haanxa'u kan qabu ta'uu hubachiisa.

Kana malees afwalaloo "Shimalli haanxa'ee boba'ee akka abiddaa" jedhu keessatti shimala baay'ee rukuttaan itti baay'ateyyuu akka abiddaa boba'uun isaa cimina isaa ibsa.Kara biroo shimalli haanxa'e boba'e akka abiddaa kan jedhu jechi "akka" jedhukun gosoota dubbii qolaa keessaa akkaasatti fayyadamuu isaa mul'ata.

*Afee.16.(C). K/B- Baallamii yaa tumaa nuugi*

*K/J/Q- Oohoo*

*K/B- Tumaa guugi*

*K/J/Q- Oohoo*

*K/B- Dudduguggi yaa shimala too sin abdadhaa.*

*K/J/Q-Dudduguggi yaa shimala too sin abdadhaa.*

*(Madda:Mootummaa Galatuufi Bokona Qorichee 13/07/013 ganda Abbuu keekkuu}*

Akka afeen armaan olii agarsiisutti "baallamiin"gosa margaa keessa kan miidhagina qabufi sororoo kan ta'e yoo ta'u "tumaa nuugi" immoo wantootni shimala dibanii akka jabatufi bifa isaa jijjiratu godhu tokko dibaa nuugi/dhama xanaaguma/waan ta'eef ati akkuman ani si kununse jabadhuu mirga na oolchi waan jedhu hubachiisufi.

Afee kana keessatti gosni dubbii qolaa ateessaadha.kunnis haala fayyadamuun shimala isaatti dhaamsa qabu dhaammate mul'isa.

### 4.6.2. Faaruu Madaan Shimalaa Ulfaataa Ta'uu Agarsiisu

Faaruu shimalaa keessatti dhaamsi biroon faaruu madaan shimalaa baa'ee haamaa ta'uu isaa ibsuudha.Faaruu madaan shimalaa haamaa ta'uu isaa agarsiisu kundhaamsa lama gurguddootu mul'ata isaanis tokko madaan shimalaa baay'ee hamaa kan ta'eefi fayyufi illee yeroo dheeraa kan fudhatu ta'u isaa kan ibsuufi.inni lammaffaan immoo rukutta of gannaa guddaan kan taasifamu ta'uu isaa ibsuudha. Fakkeenyaaf:

*Afee.17.(A). K/B-Oohoo meehee*

*Yaa Alamaayyoo Warquu*

*Mataan shimalaan haadan hinmarguu*

*K/J/Q-Oohoo meehee*

*Yaa Alamaayyoo Warquu*

*Mataan shimalaan haadan hinmarguu*

*K/B- Oohoo meehee yaa birraa yaa birraa*

*K/J/Q-Oohoo meehee*

*K/B-Birraa furrii hinmarguu*

*K/J/Q- Oohoo meehee*

*K/B-Shaggani yaa gadhee*

*K/J/Q- Oohoo meehee*

*K/B- Kee shagganni hindarbuu*

*K/J/Q-Oohoo meehee*

*(Madda: Fayyisaa Waaqjiraafi Mootummaa Galatuu 11/07/2013 ganda Abbuu keekkuu)*

Afwalaloon "…mataan shimalaan haadan hinmarguu" jedhu rukkuttaan shimalaan baay'ee kan ulfaatu ta'uu isaafi ulfaatina isaa irra kan ka'e iddoo inni rukkute illee deebi'ee rifeensi bakka sana kan hin margine ta'uu isa hubachiisa. "Shaggani yaa gadhee kee shagganni hindarbuu" Afeen kun gadheen amma afaanii hin geechuu yeroo hunda shaggaanta garuu waan sirra barbaadamu gochaan hin agarru,kee sadarkaa afaanii qofattin yoo shimalli si argate fayya si baasu jechuun akkeekkachiisu agarsiisa.

*Afee.17.(B).K/B-Ayizoo shimala yaa burkutuu*

*Of eegii yoo sirukutuu*

*K/J/Q-Ayizoo shimala yaa burkutuu*

*Of eegii yoo sirukutuu*

*K/B- Girootoo girootoo*

*K/J/Q-Ayizoo*

*K/B-Shimala yaa burkutuu*

*K/J/Q- Of eegii yoo si rukutuu*

*K/B-Giroon dur hangafaa*

*K/J/Q- Ayizoo*

*K/B-Shimala yaa burkutuu*

*K/J/Q-Of eegii yoo si rukutuu*

*K/B-Yaa rukuttaa shimee*

*K/J/Q-Ayizoo*

*K/B- Shimala yaa burkutuu*

*K/J/Q-Of eegii yoo si rukutuu*

*K/B-Nama hangafagafaa*

*K/J/Q- Ayizoo*

(Madda:Dammissee Abbabaafi Dachuu Roobaa 19/06/2013 ganda Abbuu Keekkuu )

Akka afee "Shimala yaa burkutuu si hindhiisuu yoo sirukutuu" jedhuu shimalli yeroo rukkutaan itti baay'eetefi kunnuunsi isaa gadi bu'aa dhufa yeroo kana immoo haanxa'uu fi amala burkutaa'u qaba.yaa burkutaa'u yookaan yaa haanxa'u malee yoo nama rukkutu garuu madaan isaa summii namatti ta'uun baay'ee nama kan dhukkubuudha.kanaafuu of eegiinyoo si rukkutuu dhaamsa dhoksaan afwalaloo kana keessatti mul'atuudha.

Afee.17.*(C).K/B- Oohoo meeyee yaa fokkortuu qe'ee keessaa*

*Shimalli mataa nama dirmammeessaa*

*(Madda:Dammissee Abbabaafi Dachuu Roobaa 16/05/2013 ganda Abbu keekkuu)*

Afee "Yaa fokkortu qa'ee keessaa"jedhu dhiirummaan ati qabdu qa'ee yoo ta'ee alatti iddoo dhiiri fokkorutti hin argamtu ati dhiirummaan kee mana keessatti qofa namni qa'ee keessatti qofa ani dhiira kan jedhu yoo iddoo dhiiri jiru ga'e dursa dheessee kan galu isa jechuudha.dabalataan Afeen "shimalli mataa nama dirmammeessaa"jedhu rukkutaan shimala mataa namaa balleessaa yookaan madaa namnati godha dhaamsa jedhu dabarsa.kanaafuu ati waa'ee shimalaa hin beektu yaada jedhu dabarsa.

### 4.6.3. Faaruu Haala Qabannaa shimalaa Mul'isu

Ergawwaan faaruu shimalaa dhiichisaa keessaatti darban keessa inni biroon haala qabannaa shimalaati.Namni faaruu shimalaa keessatti hirmaatu tokko waan beeku qabu keessaaa inni tokko

akkaataa qabannaa shimalaati yoo kana ta’uu baate yeroo rukkutaa shimalaa dhiichisa keessatti ka’e salphumaatti rukuttamuu yookaan nama biroo rukkuchiisu waan danda’uufihalli qabannaa shimalaa murteessa ta’uu isaa hubachiisu faaruun yeroo ibsan ni mul’atu.

*Afee. 18.(A). K/B-Oohoo meehee*

*yaa gadhee yaa gadhitti*

*Qabannaan shimee qakkamitti*

*K/J/Q-Oohoo,meehee*

*K/B- kaleessa galgalaa*

*K/J/Q-Oohoo meehee*

*K/B- Yaa galgaleessituu*

*K/J/Q- Oohoo meehee*

*K/B-Anu jira jettee*

*K/J/Q- Oohoo meehee*

*K/B- Maa na jajjabeessitu.*

*(Madda:obbo Damissee Abbaabaafi Dachuu Roobaa 21/03/09 ganda Abbuu Keekkuu)*

Afee“…qabannaan shimee akkamittii”jedhu haalli qabannaa shimalaa dhiichisa keessatti murteessa waan ta’eef haalli qabannaa kee kun sirri miti yookaan sirreessi qabadhuu yookaan immoo dhiichisa kana keessa ba’i ni rukkutamtaa gorsa jedhu dabarsuufi hirmaattoonni faaruu hunduu akka of ilaalan kan yaadachiisu ta’uu isaati.Dabalataanis afwalaloon “Anu jira jettee maa na jajjabeessitu” yaadni jedhu iddoon ani jirutti shakki tokkoillee hin qabdu maaf jennee maal shakkite jedhuufi.Kara biraatin afwalaloon anu jira jette maa na jajabeessitu jedhu kun haala dubbii qolaatin yoo ilaalle ateessan yoo ibsuudha.

### 4.6.4.Faaruu Rukuttaan Shimalaa Daangaa Qabaachuu Agarsiisu

Faaruu dhiichisa shimalaa keessatti namoonni achikeessati hirmaatan yeroo shimala rukuttaan amma rukutaa qabu sababni isaanii kaayyoo waliin taphachuuti malee walitti bu’uuti miti waan ta’eefi.Yaada kanas hirmaattonni faarichaa dhiichisa armaan gadiin dhugoomsu.

*19. Afee.A.K/B-Oohoo meehee*

*Rukkuttaan shimee likkiittii*

*Yeroon bayi*

*Yeroon gali*

*Yaa kirbiittii*

*K/J/Q-Oohoo meehee*

*Rukkuttaan shimee likkiittii*

*Yeroon gali*

*Yeroon gali*

*Yaa kirbiittii*

*K/B- Oohoo meehee aannan burree elmuun*

*K/J/Q- Oohoo meehee*

*K/B-Xuxxuruursaniitii*

*K/J/Q- Oohoo meehee*

*K/B- Ofii hingahin malee*

*K/J/Q-Oohoo meehee*

*K/B-Yoo sheen nama geessee*

*K/J/Q- Oohoo meehee*

*K/B- Fuffunuunsaniitii*

*K/J/Q-Oohoo meehee*

(Madda:Mootummaa Galatuufi Dammissee Abbabaa 16/06/2013 ganda Abbuu keekkuu)

Akka afwalaloon kun namni dhiichisa yeroo taphatu rukkuttaan shimala amma rukkuttamu fi yeroo rukkuttamu kan qabu ta’uu waan qabuufi daangaa isaa irra yoo darbe garuu jeequmsa kaasufi waan ta’eef keessa ba’i yeroon jechuu agarsiisa.Gama biraatin namni ati lola isaa hin barbaanee tokko inni garuu lola kee yoo barbaade ta’e amma isa ga’uutti quubsun gobuu barbaachisa akka ta’e ibsa.

Afwalaloo kun cimni dargaggoota olaanaa ta’uu irraa kan ka’e kirbiittin bakka buuse ibse waan ta’eef gosoota malleen dubbiin keessa iddeessatti fayyadamuu isaa mul’isa.

### 4.6.5. Faaruu Shimalli Fayyadamtoota Isaa Waliin Hariiroo Cimaa qabaachuu Agarsiisu

Dargaggoonni faaruu shimalaa keessatti hariiroo isaan shimalafi isaan gidduu jiru yeroo agarsiisan ni mul’ata.hariiroo qabachuu qofas osoo hin taane antummaa isaan waliin qaban kanas yeroo faaruu shimalaa akkas jechuun ibsu.

*Afee.20.(A). K/B-Shimala koo wayya*

*Michuun nama ganaa*

*Koodee barbaanni hinargu saranaa*

*K/J/Q-Shimala koo wayya*

*Michuun nama ganaa*

*Koodee*

*Koodee barbaanni hinargu saranaa*

*K/B-Shimala koo wayya*

*Shimee koo shimee koo har'aafkaleessaa*

*K/J/Q-Shimala koo wayya*

*K/B-Qixxee obboleessaa*

*K/B-Eenyuun siin qixxeessaa*

*K/J/Q- Shimala koo wayya*

*K/B-Michuun nama ganaa*

*K/J/Q-Koodee Koodee barbaanni hinargu saranaa*

*(Madda:Fayyisaa Waaqjiraa fi Dachuu Roobaa16/06/2013 Magaala tullu milkii)*

Akka afwalaloo "shimala koo wayya michuun nama ganaa, koode barbaanni hin argu saranaa"kan jedhu michuu caala shimala wayya yeroo gaddaas ta'ee yeroo gammachuus kan hin jennee shimalli akka obbooleessati garuu obboleessi barabaadameef kan argamu miti yeroo kanaati na qaqqabuu hin danda'u waan ta'eef shimala kooti amanuutu gaaridha kan jedhiu mul'isa.Gama birootii hawaasa walii jiruu jireenya adeemsisu keessatti wal ganuun akka jiru afwalaloo kan keessatti ni ibsama.

Dargaggoon faaruu isaa keessatti hariiroo shimala walii qabu ibsuuf "shimee har'afi kaaleessa qixxee obboleessa eenyuun siin qixxeeessa"shimalli har'a yookaan boru kan hin jijjiramne kansiif naaf caalu hin jiru akkuma obboleessa kooti ati kan jedhu shimala tti yeroo dubbatuudha.dubbii kun immoo dubbii qolaakeessatti ateessaan yeroo yeroo wal fakkeessun ibsu kan mulatuudha.

Afee.(*B).K/B-Baallamii yaa tumaa nuugii*

*K/J/Q-Oohoo*

*K/B-Tumaa nuugii*

*K/J/Q-Oohoo*

*K/B-Dudduguugii yaa shimala koo sin abdadhaa*

*K/J/Q-Baallamii yaa tumaa nuugii*

*K/B-Oohoo*

*K/J/Q-Tumaa nuugii*

*K/B-Oohoo*

*K/J/Q-  Dudduguugii yaa shimala koo sin abdadhaa*

*K/B-Ani hinnyaadhu mulluu yaa tumaa nuugii*

*K/J/Q-Oohoo*

*K/B-Tumaa nuugii*

*K/J/Q-Oohoo*

*K/B-Mulluu gara soraa yaa tumaa nuugii*

*K/J/Q-Oohoo*

*K/B-Tumaa nuugii*

*K/J/Q- Oohoo*

*K/B-Ani hinjaal'u gadhee yaa tumaa nuugii*

*K/J/Q-Oohoo*

*K/B-Tumaa nuugii*

*K/J/Q-Oohoo*

*K/B-Gadhee gaafa lolaa yaa tumaa nuugii*

*K/J/Q-Oohoo*

*K/B-Tumaa nuugii*

*K/J/Q-Oohoo*

*K/B-Dudduguugii yaa shimala koo sin abdadhaa*

*K/J/Q-Baallamii yaa tumaa nuugii*

*K/B-Oohoo*

*K/J/Q-Tumaa nuugii*

*K/B-Oohoo*

*K/J/Q-Dudduguugii yaa shimala koo sin abdadhaa*

*(Madda:Mootummaa Galatuufi Bokonaa Qorichee 19/04/013 ganda Abbuu keekkuu)*

Afwalaloo “dudduguugi yaa shimala koo siin abdadhaa”jedhu shimalli cimaa ta’uu isaa osoo si qabu shakki tokko illee hin qabu,diina reebii gara koo qaphaneessi jedheyeroo shimala walii haasa’uudha.kun immoo dubbii qola ateessatti fayyadamuun yoo faarsuudha.Dabalataan afwalaloon “Ani jaallu gadhee; gadhee guyya lola”jedhu gadheen afaaniin sobee of jajjabeessa malee yeroo lolli ka’e dursa kan dheessu isa waan ta’eef hin abdatamuu jechuudha.

### 4.6.6. Faaruu Dabeessa Qeequ

Faaruu dhiichisa keessatti yeroo qeerroon wal qeequ ni mul’ata.wal qeequ isaanii kanas Karalee adda addaa ibsatu isaan keessaa inni guddaan karaa faaruu dhiichisaa fayyadamuuni.Yeroo faaruu dhiichisa fayyadamuun wal qeeqan waan lamaaf ta’uu danda’a.Inni tokko dhiichisa namni sodaatu akka lugnatti akka ilaalamufi, Inni lammaffaan immoo namni sodaatu illee yoo jiraate akka of jajjabeessuuf kakasuu ta’a. qeerroonis amala isaa kana hubachuun dhichisaa armaan gadii fayyadamuun qeequ.

*Afee.21.A. Yaa Abbabaa,Abbabaan ulee kaase*

*Gadhee malli raase.*

*(Madda:Dammissee Abbabaa 17/06/013 ganda Abbu keekkuu*)

Akka afwalaloon olii hubachiisutti Namni Abbabaa jedhamu nama dhiichisa baay’ee beekamaa ta’e rukuttaa shimala irratti illee nama beekama naannoo qoratan kun filate. Kanaaf namni yartuun dhiichisa inni keessatti hirmaate keessatii hirmaachu ni sodaatu waan ta’ef yeroo baay’ee gurra ol kaasun faarsu kun immoo dubbi qola keessa arbeessatti yeroo fayyadamuun ibsan mul’isa.

### 4.6.7.faaruu shimalli kan hin bilchaanne ta’uu isaa ibsu

Namni dhiichisa irratti hirmaatu tokko waan dhiichisaaf ni ta’a jedhee yaadu hunda isaa sirreessee qopheeffachuun ga’ee isaati.sababni isaas waan dhiichisa kana keessatti ummamu waan hin beekamneef jechuudha.wantoota qopheeffatu keessaa inni tokko shimala waan ta’eef shimalli qopheeffate kun immoo ammam ga’umsa qaba jabeenyi isaa maal fakkaata,dhalaadha moo kormaadha waan jedhu hunda ilaalu danda’uu qaba.kanuma irraa ka’uun dargaggoon yeroo faaruun akkas jehuun wal hubachiisu;

Afee.22.*K/B- Oohoo meeyee*

*Shimalli hangitti kichuudhaa*

*Gadheen hundumaan michuudhaa*

*K/J/Q-Oohoo meeyee*

*Shimalli hangittin kichuudhaa*

*Gadheen hundumaan michuudhaa*

*(Madda Fayyisaa Waaqjiraa 17/6/013 ganda Abbuu keekkuu)*

Afeen “Shimalli hangitti kichuudhaa”jedhu shimalli kun kan hin bilchannee yookaan immoo muruuf hin geenyee yoo muramees kan hin fayyannee kanaaf isa kana caalu barbaadi jechuudha.”Gadheen hundumaan michuudhaa”kan jedhu immoo gadheen nama isaaf ta’uufi isatti ta’uu adda hin baafatuu waanuma arge waliin hiriyaa godhata yaada jedhu dabarsa.

### 4.6.8. Faaruu wal Tuffii waliin waliinii Agarsiisu

Faaruun shimalaa amala gareettin waan raawwatamuuf gareen kun immoo namoonni iddoo adda addaatii walitti dhufu yeroo kana immoo lagan,gosaan fi araddaan yeroo wal qoodan ni mul’ata.mul’achuu qofas osoo hin taane yeroo faaruu fakkeessuun wal qeeqaan baayinaan ni mul’ata.fakkeenyaaf; .

*Afee.23. K/B-Oohoo meehee*

*Maal ittiin reebuuf bitta shugguxii?*

*Shimala keen irra butii*

*K/J/Q-Oohoo meehee*

*Maal ittiin reebuuf bitta shugguxii?*

*Shimala keen irra butii*

*K/B-Oohoo meehee sareen qabe curree*

*K/J/Q-Oohoo meehee*

*K/B-Afaanitti baataa*

*K/J/Q-Oohoo meehee*

*K/B-Gadheen gate surree*

*K/J/Q-Oohoo meehee*

*K/B-Qilee gadi kaataa*

*K/J/Q-Oohoo meehee*

*K/B-Maal goota bitta shugguxii*

*Shimala kee irra butii*

*(Madda:Dammissee Abbabaafi Mootummaa Galatuu 18/09/013 ganda Abbuu keekkuu)*

Afee “maal ittiin gootaa bitta shukkuxxii”jedhu namni nu geechu yookaan name nu ol taate kamtu jiraaf shukkuxxi bituun barbaachisee shimalli nutti qabnuyuu isaniif ga’adha jechuudha.

Gamabiroonis dabeessi yoo lola arge sodaan guuttamuu isaarraa kan ka’e waan qabee gadhiisullee kan wallaaalu ta’uu afee“Gadheen gate surree qilee gadi kaataa” jedhu nihubachiisa. Akka afeekanaatti gadheen gadhummaa isaa irraa kan ka’e waan fuudhee gadhiisu yoo walalu asiifi achi fiiguu danda’a.as keessatti baayee ittiin nama faallaa isaa itti qeeqquufi malee namichi dhuguma suree gatee miti yaa ta’u malee haala dubbii qolaatti yoo ilaalle gurra guddisuudha.

*Afee.23,B. Lolee yaa lolee*

*Eessatti wal lole*

*Cuubee qolaa qola irratti maa hodhani*

*Erga qola Erga qolannaa beekte maa si horfani*

*Oohoo meeyee yaa leetti*

*Hin agarreef kaatti uleetti*

Afeen kun kan hubachiisu namni jireenya hawaasummaa waliin jiratu keessatti wal jaalachuunifi wal dhabuun waanuma jiruudha. Namni tokko namaan wal lolee yoo moo’amee, ammas of hubachuu baatee nama biraatti lola kaasuu barbaadi; namni sun akka of hubatuuf afwalaloo dhiichisaa,‟ Cuubee qolaa qola irratti maa hodhani, erga qolannaa beekte maa si horfani” jechuun gadhummaa isaa itti himu. Afwalaloon cabsaa 2ffaa irratti argamu, namichi lola namatti kaasuuf fiiguu malee, onnee kan hin qabne, tanaan dura lola seenee waan uleen nama godhu kan hin argine ta’uu isaa agarsiisa. Faayidaan afwalaloo dhiichisa kanaas, namni tokko akka nama birootti lola hinkaasnef, amma inni ga’u jala sararanii kallatumaan itti himuudha.

# BOQONNAA SHAN; GOLOBAAFI YABOO

## 5.1 Goloba

Qorannoon kun Faaruu shimalaa dhiichisa keessatti haala xiinwalaloo Hawaasa Oromoo AanaaWarra Jaarsoo irratti kan xiyyeeffatee adeemsifameedha.Kaayyoon waliigala qorannoo kanaas dhiichisa haala kam keessatti akka dhimma ba'an ragaaleen deegaruudha.Kaayyoo kana galmaan ga'uuf,malleen funaansa odeeffannoo kan akka afgaaffii,waraabbii suursagalee,daawwa nnaafi marii gareetti fayyadameera.

Yeroon qorannoo kana gaggeessutti afgaaffii maanguddootaafi dargaggoota dhiichisaafi waa'ee dhiichisaa beekan, akkasumas, marii gareellee waliin adeemsiseen ragaan funaannameera.Bakka dhiichisni jirutti argamuun daawwannaan odeeffannoon funaannamera.Kunis,waan suursagaleen waraabbameefi suura kaafamee odeeffannoon walitti qabameera.

Ragaaleen malleen funaansa odeeffannoo fayyadamuun walitti qabaman kunniin akkaataa tartiiba isaanitiin kaa'amanii mata duree isaanii jalatti qaacceffamaniiru. Kanarratti hundaa'uun yaanni golobaa akkaataa armaan gadiin taa'era.

- ✓ Dhiichifni afwalaloo yeedaleeffamee sochii qaamaa malee kan hindhihaanne;kalaqa hawaasaa kan uummanni waan itti dhagahame keessoo ofiitii baasanii ittiin ibsataniidha.
- ✓ Akka Oromoo Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsootti dhiichisni haala garagaraa keessatti tajaajila.Haalonni kunniinis,haala,hawaasummaa,siyaasa,ayyaanota,hojiirratti,ci dharratti, wayitii wajjiin wal qabsiifamee akkaataa garagaraan dhiichifama.
- ✓ Ergaan faaruu shimala haala dhiichisaan darbu keessatt, haalota haala hawaasummaa keessatti wal mararsiifachuu, wal gorsuu, tokkummaafi jaalala isaanii cimsuu, waan aadaa hawaasichaafi uummaticha miidhuuf dhufe balaaleffachuu,haala siyaasaa keessattis siyaasa mootummaa bulchaa jiruu balaaleffachuun diduu, wal onnachiisuu, qeequu, goota darbe faarsuun kan har'aa jajjabeessuu, akkasumas dabeessa qaanessuun komii keessa isaanii faaruu shimala dhiichisa keessatti ibsachuufi k.k.f ni jira.
- ✓ Hurrubummaa dhiichisa haala keessatti dhiichifamu ilaalchisee gargaar ta'uu danda'a.fak keenyaaf hurrubummaan dhiichisa kabaja sirna amantii, hojiifi yeroo cidhaa adeemsiifamaan addaddummaa qaba.Kabaja sirna amantii keessatti warri dhiiraa ulee qabatanii, goofaree filatanii, daabee jaldeessaa koowwatanii, shaashii yookin fooxaa

qal'oo mataatti maratanii miilaan utalanii shubbisu. Guyyaa kana xiyyeeffannoon isaanii kan amantii qofa irratti osoo hintaane, dhimmoota hawaasaa, siyaasaafi aadaa irratti xiyyeeffachuun dhiichisu.Haalli hurrubbummaan dhiichisa keessaatti raawwachuu danda'an bifa geengoon hiriira galuun galanii funduratti sosocho'uufi wal keessa makamanii socho'un ta'uu mala.Yeroo haamaa hojii irratti waljajjabeessuudhaaf dhiichisatti fayyadaman haamaa harkaan haamaatuma afaaniin ni weeddisu.

Yeroo himamii isaanii fullaafatanii duubatti deebi'anii himamii haaraa qabatan, haamtuu akka uleetti waaqa keessa qabanii miilan lafa dhiitanii shubbisanii dhiichisuun warra duubatti hafe jajjabeessu.Hurrubummaan dhiichisaa dhimmoota siyaasaa keessattis yaa ta'u, hawaasummaa keessatti ergaa isaan dabarsuu barbaadaniin wal qabsiisanii haalli sochiifi mallattoon isaan agarsiisan adda adda.Meeshaaleen dhiichisaaf barbaachisanillee adda.  Wayitii Birraa waliin wal qabsiisanii yeroo dhiichisan abaaboo Birraafi ulee isaanii harkaan qabatanii sirboota birraa waliin wal qabatu dhiichisaa deemu.sirboonni isaan sirban keessaa kanneen akka goobee,sibaarasuu fa'aadha. Uummanni Oromoo Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo haalotii adda addaa keessatti dhiichisatti dhimma yaa ba'an malee yeroo ammaa kana, karaa mootummaa, amantiifi gama eenyummaa ofii dagachuutin gufuu guddaan dhiichisarratti aggamamaa jira. Gama mootummaatin gaafa jennu, mootummaan dargaggoota dhiichisa dhiichisan irraa nageenya sababa godhachuun ulee irraa guuree guba; goofarees qabee irraa haada.Siyaasa dhiichisan jechuun qabee hidha yookin ni reeba.Gufuun dhiichisaa inni biroon immoo,eenyummaa ofii dagachuudha. Kunis, yeroo ammaa kana sababoota adda addaatin biyya keessa oliifi gadi deemaniif, yeroo gara aanichaatti deebi'an aadaa ofii tuffatanii kan alagaa hordofu.

## 5.2 .Yaboo

Gudunfaa armaan olii kana irratti hunda'uun,faaruu dhiichisa Oromoo godina shawaa kaabaa keessaa aanaa Warra Jaarsoo maal akka fakkaatu haala xiinwalaloo irratti hunda'uu yoo ilaalle hawaasni kun bara dheeraaf jiruufi jireenya isaa keessatti waan itti toleefi rakkoo,quuqqaa isaafi gaddas ta'ee gammachuu kan ittii ibsatu, kalaqa  mataa isaa danda'e qabaachuu isaa agarsiisa.
Waanuma kana irraa kan ka'e yaadiwwaan gudunfaa jalatti ka'an kunniin seenawwan yeroo darbe irra seena ammaa irra ga'uu isaafi seenaan kun immoo asi irratti dhaabate kan hafu osoo hin taane hawaasa boruufi akka darbuuqabu kan hubachiisudha.Sababni isaas faaruun dhiichisa

keessatti darbu kun ergaa adda adda of keessatti dabarsa waan ta'eefi akka riiqichaa ta'ee hawaasa har'a jirufi kan boru kan wal qunnamsiisuun aadaa, seenaafi duudhaaummatichaa barsiisu waan ta'eefi.Kanaaf aadaa, duudhaafi seenaa kana tiksanii akka turuuf qorataan kun haala armaan gadii kanaan yaada furmaata lafa ka'eera.Qaamni dhimmi kun ilaalatu kamuu yaada kana hubannoo keessa galchuun furmaata yoo kenne gaari ta'a jedhame yaadama..

- ✓ Dhiichisni faaruu shimalaa hojii kalaqaa hawaasaa ta'ee, kan uummatichi jiruufi jireenya isaa kallattii maraan sakatta'ee haalotii garagaraa keessatti dhimmaa itti ba'aa turee/ jiruuf, akkasums, hawaasichaaf bu'aa guddaa waan qabuuf Waajjirri Aadaafi Turizimii aanichaa hawaasicha jajjabeessuun akka dhaloota boruutti darbu gochuu qaba.
- ✓ Meeshaaleen hurrubummaa faaruu dhiichisa shimalaa keessatti barbaachisu kanneen akka shimalaa, dibbee,haala uffannaa huccuu kan akka huccuu aadaa, haala murannaa rifeensaa keessattuu goofareefi daabee jaldeessaa ergaa guddaa dabarsu waan ta'eef, Waajjirri Aadaafi Turizimii aanichaa qorannoo gadi fageenyaa gaggeessuun dhaloota boruuf ol kaa'uu qabu.
- ✓ Afwalaloon dhiichisaas, gooroo afoolaa keessaa isa tokko waan ta'eef, akkuma gooroowwan afoolaa kanneen biroo kitaabilee barnootaa keessatti barreeffamee ittiin barsiisan, afwalaloon dhiichisaa illee afaan barsiisuu keessatti ga'ee ol aanaa waan qabuuf, kitaaba barataa keessatti Ministeerri Barnootaa qopheessuu dheessuu qaba.
- ✓ Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa dhimmoota dhiichisaan ibsamaniin ta'ee, kanneen akka faayidaafi ergaa,haala hurrubbiifi fakkoommiwwan dhiichisa keessatti fayyadan kan akka shimala,goofareenfi daabe jaldeessa maqaa dhahuu ni danda'ama.Kanasi yaaxina walaloo naannoo faarsuu jedhutti dhimma bahuun haala eenyummaa naannoo sana kan ibsuudha.Akkasumas,dhiichisni jiruufi jireenya hawaasichaa kallattii kamiinuu waan ibsuuf, qorannoo kana keessatti sababa hanqina baajataafi yerootiin hundi waan hintuqamneef qorannoo haala gaarii ta'een qorattoonni fookloorii osoo gaggeessanii gaarii ta'a.
- ✓ Yeroo ammaa qaamni mootummaa nageenya sababa godhachuun, qeerroon goofaree akka hinfille,shimala qabatee gara dhiichisaa akka hindhufne, qabanii goofaree irraa haaduufi ulee (shimala) irraa guuranii gubuun sirriitti waan jiruuf, akka aadaafi meeshaaleen aadaa kun hinbanneef qaamni nageenya eegu (poolisiin) gochaa kanarraa of

qusachuu qaba. Gama biraatin immoo, Waajjirri Aadaafi Turizimii Aanaa Warra Jaarsoo hordoffii gochuun osoo hin badiin akka dhaloota dhufuuf darbu gochuu qaba.

- ✓ Namoonni amantiin wal qabsiisaniifi hanqina hubannootin dhiichisaaf ilaalcha sirrii hinqabneef, waajjirri Aadaafi Turizimi Aanichaa qorannoo gadi fageenyaa qopheessee kallattii mijataa ta'een uummataaf hubannoo kennuu qaba.
- ✓ Dargaggeeyyin aanichaa gaaddisa Oromummaa jalatti ijaaramanii jaalalaafi tokkummaa isaanii cimsachuun dirree dhiichisni jiruttis ta'ee bakka birootti wal loluun akka hin barbaachisne hubatanii wal hubachiisuu qabu.
- ✓ Afwalaloon dhiichisaa faaruu shimalaa sababootii adda addaatin jijjiiramaafi badaa waan deemuuf, Waajjirri AadaafiTurizimii Aanaa Warra Jaarsoo waraabbiinis yaa ta'u, barreeffamaan dhaloota boruuf ol kaa'uu qaba.

## Wabiile


Abreham Alemu Fanta (2006). Ethnicity and Local Identity in the Folklore of the South Western Oromo of Ethiopia: A Comparative Study. Amsterdam University

________(2000). Jimma Oromo Oral Narratives: A Preliminary Descriptive Analysis. MA Thesis, School of Graduate Studies: Addis Ababa University.

Addisuu Tolasaa (1990). The historical Transformation of folklore Genres: The Gerarsa as national literature of the Oromo. Bloomington.

Addunyaa Barkeessaa. (2011) .*Akkamtaa*.Finfinnee,Oromiyaa

Adugna, Ashenafi Belay. (2014). Exploring Environmental Discourses in Oral Literature: Ecocritical Analysis of Oromo Proverbs. Journal of Languages and Culture 5: 24–35.

Alamaayyoofi Alamituu. (2010) .*Seensa Afoolaa*.Kan hinmaxxanfamne (Yuunivarsiitii Jimmaa).

Alamaayyoo Hayilee.(2007). *Sirna Gada*. Siyaasa Oromoo Tuulama.Finfinnee: Birahan Saalam

Anderzejewski, B. W. (1985). Literature in Cushitic Languages Other than Somali. In Literature in African Languages. Cambrige: Cambrdige University Press.

Asafa Tefera.(2004).*Theorizing the present Towards a Sociology of Oromo Literature*. Jaarsoo Waaqoo's Poetry.Finfinnee Branna printing Enterpries.

_________________ (2006).*Anaan'yaa*.Finfinnee.

_________.(2009). *Eela*: Seenaa Oguma Oromoo. Finfinnee.

Barber .J .(1997). *Poetry and Poetics* .Cambridge : Harvard University Press.

Bascom,W. R.(1965)."*Four Function of Folklore*."in Dundes,A.1965.The Study*of folklore*. Burkelay: Printice-Hall, Inc.

Beekan Gulummaa. (2014). *Qasaatii*. Amboo,Oromiyaa.

________________(2015). *Dimdimoo*.Finfinnee,Oromiyaa.

Ben Amos, D. (1977). Folkore In Afircan Society: In RAL. Vo1. 6No 6

Campbell (2010). Reading Beyond a Universal Nature: Hopes for the Future of Ecocriticism. Washington State University

Bukenya.A. (1994).*Understanding Oral Literature*. Nirobi: Nirobi University Press.

Dastaa Dassaalanyi.(2002). *Bu"uura Qorannoo*. Finfinnee: Dhaabbata Manxxansa Boolee.

David E.Gray (2004). Doing Research In the Real World. London: SAGE publications Ltd.

Dirribii Damuusee. (2012). Ilaalcha Oromoo.Barroo Aadaa,Seenaafi Amantaa Oromoo,Finfinnee

Dorson, M. R. (1972). Folklore and Folklife: An Introdaction. Chicago: The University of Chicago Press.

Dundes Alan.(1965). *The Study Of Folklore*. Endle Wood Cliffs: N.J Prentice Hall, Inc.

Fedhasaa Taaddasaa (2013). Subii:Bu"uura Hogbarruu Oromoo. Finfinnee: Mana maxxansaa subii.

Finnegan, R.(1970). *Oral literature in Africa*.Oxford, Claredon press.

__________.(1976). *Oral Literature in Africa*. Oxford: Oxford University Press.

__________.(1977).*Oral Poetry*.*Composition Performance and Context.*Cambridge: Cambridge University Press.

Filee Jaalataa. (2016).*Beekumtaa Oromoo*.Raajii,Finfinnee

Georges, R. A and Jones, M. O. (1995).*Folkloristics*: An Introduction. Bloomington and Indiana Polis: Indiana University Press.

Getaachoo Rabbirraa.(2014).*Furtuu*.Kuraz International publishing Enterprise Addis Ababa, Ethiopia.

GirmaaTaaddasaa.(2009). "*Faaruu shimala dhiichisa salaalee keessatti*".Waraqaa qorannoodigirii lammaffaa guuttachuuf qophaa'e, yuunivarstii Finfinnee, Kan hinmaxxanfamne.

Guddon, J.A.A.(1982)*A Dictionary Of Literary Terms*.New York : Published by peguin Books.

Hayiluu Hundee .(2016). "*Xiinxala Adeemsa Sirna Gaa'elaa Oromoo Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu"*.Waraqaa Qorannoo Digirii Lammeessoo Guuttachuuf Qophaa'e,Yuunivarsiitii Finfinnee,Kan Hinmaxxanfamne.

Hinseenee Makuriyaa. (2010*). Gaachaana Kormaa*. Addis Ababaa: printed by Far East Plc.

Jaarraafi W.B. (2000/2008).*Bantuu Haaraa*.Finfinnee E-may Printers.

Josef Walmanbeg. (2004).*Classics of Semiotics*. New York: Free Press.

Kidaanuu Zallaqaa. (2016).*Safuufi Aadaa*.Sagalii,Finfinnee

Masfin Tashoomaa. (1995). *Tapha Ijoollee Wiirtuu Jildii 7*.Gumii Qormaat AfaanOromootiin Biiroo Aadaafi turizimii Oromiyaatti, Finfinnee

Melakenen Mengistu.(2006).*Fundamental of Literature*.Addis Ababaa:Addis Ababaa University

Mengesha Ritiku. (1970) .*Oromo Folk*-Tales.England,London University press

Misgaanuu Gulummaa. (2011).*Dilbii.Finfinnee*,Oromiyaa

Mitikkee Bitawulliny .(2001). *Nyaata Aadaa Wallaga Lixaa*.Wiirtuu Jildii 9.QajeelchaQormaata Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa,Finfinnee

Nagarii Leencoo.(1993). *Mararoo*.Wiirtuu Jilidii,6. Qajeelcha QormaataBiiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa, Finfinnee

Okpewho,I.(1992).*African Oral Literature*.Back grounds,Character andContinuity. Bloomingto : India University press.

Oring Elliot (1986). Folk Groups and folk Genres: An introduction. Utah: Utah university press

Rabbirraa Tarrafaa .(2009). *Gadaa*.Finfinnee.Itoophiyaa

Richard Bauman (1974) *Verbal Art as Performance*.Yuniversity of texas at Austin.

Rubin,David.C.(1995).Memory in Oral Traditions Retrieved fromhttp://en/ Wikpedia.org/wik/ Oral Literture.

Sabsibee Geetahuun.(2012).*Qaaccessa qabiyyee sirba shaggooyyee*.waraqaa qorannoo digrii lammaffaa guuttachuuf qophaa’e, Yuunivarsiitii Finfinnee,kan hinmaxxanfa mne.

Seenessaa Nagaashuu.(2012) .*Seenaa Badhaadha Dilgaasa*.waraqaa qorannoo digirii lammaffaa guuttachuuf qophaa’e,yuunivarstii Finfinnee, Kan hinmaxxanfamne.

Shawayyee Beellamoofi Fireehiwot Tulluu (1999) *Afoola Oromoo Tuulamaa,JildiiII*,Qajeelcha Qormaata Afaan Oromootiin Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaatti, Finfinnee

Sims C.M and Martine, S. (1965). *Living Foklore.An introduction to the study of people and theirtraditions.* Logan Utah: Utah State University Press.

Sims and Stephen .(2005).*Living Folklore*.An introduction to study of people on their traditions.Longanutah University press.

Tafarii Ayyaanaa. (2004). *Afaan Oromoo* New Syematic Books series.Aster Nega publishing interprise.

Terseglave M. (1957). Folk Poetry: Literary Lexicon 32. Ljubljana DSZ

Warquu Gaaddisaafi Kanneen biroo (1993).Wiirtuu:Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo Jil.6ffaa .Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromoyaa.Mana maxxansaa liberaal.

Wiirtuu Jiildii 9ffaa (2001). Gumii Qormaata Afaan Oromoo. Biiroo Aadaa fi Beksisa Oromiyaa: Finfinnee.

Wasanee Bashaa.(2001/2005). *Qartuu*.Finfinnee.

Woodward, Ian. (2007). *Understanding Material Culture.* Los Angeles: Sage Publications.

Yaadannoo Gaaromsaa. (2014) .*Hora Obaa.*Finfinnee,Oromiyaa

## Dabalee .A

Afgaaffii jamaawwan dhiichisa irratti argamaniifi namoota beekumsaafi muuxannoo dhiichisa irratti qaban kan Aanaa Warra Jaarsoo keessatti argaman keessaa namoota muraasa waliin Dhiichisa irratti gaaffiifi deebii qaacceessuuf taasifamu.

Qorannoon kun ergaa dhiichisa Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo irratti xiyyeeffata. Kaayyoon qorannichaas digrii lammaffaa guuttachuuf kan qophaa'e yoo ta'u, innis dhiichisni Oromoo Aanaa Yaayyaa Guullallee maal akka fakkaatu sakatta'uun, yoo hanqinni jiraate furmaata barbaadudha. Qoratichi af-gaaffii taasisuun, yaada isin kennitan hundaaf duraan duursee isin galateeffachaa; yaadni isin kennitan kamiiyyuu, akka dogoggoraatti hinilaallamu.Kanaaf, yaadni keessan qorannoo kanaaf iddoo guddaa qaba.

1.Shimala jechuun maali?

2.Haalli rukkutaa shimalaa dhiichisa keessatti seera qabaa?

3.Faaruu shimalaa dhiichisa keessatti eenyutu qooda fudhaata?

4.Akkaatan rukkutaa shimalaa dhiichisa keessatti

A.Seera qabaa?

B.Seera qaba yoo ta'e seerri isaa akkami?

5.Yoomessi faaruu shimala dhiichisa keessatti

A.Rukkuttaan shimalaa dhiichisa keessatti yeroo akkamii adeemsifaama?

B.Faaruun shimalaa dhiichisaa baay'inaan yeroo kam dhiyaata?

6.Rukkutaan shimalaa faaruu dhiichisa keessatti ga'ee maali qaba?

7.Haalli kununsi shimalaa yeroo amma irra jiru maali fakkaata?

## Dabalee . B

Gaaffilee daawwannaadhaaf dhiyaatan

Dhiichisa keessatti haalli rukkutaa shimalaa maali fakkaata?

Faaruu shimala bifa dhiichisaan dhiyaatu keessatti baay'inaan eenyutu hirmaata?

Yeroo faaruun shimala bifa dhiichisaattin dhiyaatu haalli dhaabbii hirmaattoota maali fakkaata?

Shaayiin faaruu shimalaa dhiichisa keessatti gochoota akkam akkamii agarsiisa?

Dhiichisa faaruu shimalaa keessatti haalli wal harkaa fudhinsa maal fakkaata?yeroo kam kam wal harkaa fuudhan?

Dhiichisa keessatti shimalli ga'ee maali qaba?

Haalli rukkutaa shimalaa dhiichisa keessatti yoo maal ta'e adeemsifaama?

## Dabalee.C.

Odeeffanoo namoota raga irraa funaannadhee

| lakka | Maqaa guutuu | Guyyaa odeeffanoon kun guurame | Umurii | Aanaa irra fudhatame | Ganda/magaala/ | Ga'ee hojii |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Abbabaa Heeyyii | 03/05/2013 | 75 | Warra Jaarsoo | Abbuu Keekkuu | Qote bulaa |
| 2 | Bojaa Qorichee | 11/05/2013 | 35 | Warra Jaarsoo | Jammoo Godeessoo | Qote bulaa |
| 3 | Bokonaa Qorichee | 11/05/2013 | 40 | Warra Jaarsoo | Jammoo Godeessoo | Qote bulaa |
| 4 | Dachuu Roobaa | 11/05/2013 | 23 | Warra Jaarsoo | Abbuu keekkuu | Barataa |
| 5 | Dammissee Abbabaa | 11/05/2013 | 38 | Warra Jaarsoo | Abbuu keekkuu | Qote bulaa |
| 6 | Fayyisaa Waaqjiraa | 04/03/2013 | 30 | Warra Jaarsoo | Abbuu keekkuu | Qote bulaa |
| 7 | Fiqaaduu Tashoomaa | 04/03/2013 | 28 | Warra Jaarsoo | Abbuu keekkuu | Qote bulaa |
| | Ganaanoo Mootummaa | 03/05/2013 | 24 | Warra Jaarsoo | Abbuu keekkuu | Qote bulaa |
| 9 | Girmaa Addunyaa | 11/05/2013 | 33 | Warra Jaarsoo | Abbuu keekkuu | Barataa |
| 10 | Maammoo Waaqjiraa | 03/05/2013 | 27 | Warra Jaarsoo | Abbuu keekkuu | Dafqaan bulaa |
| 11 | Mootummaa Galaatuu | 12/03/2013 | 45 | Warra Jaarsoo | Abbuu keekkuu | Qote bulaa |
| 12 | Roobaa Boggalaa | 19/04/2013 | 43 | Warra Jaarsoo | Abbuu keekkuu | Qote bulaa |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 13 | Taaddasaa Mootumma | 19/04/2013 | 32 | Warra Jaarsoo | Magaala Tulluu milkii | Dafqaa bulaa |
| 14 | Tashoomaa Naga’oo | 04/12/2013 | 66 | Warra Jaarsoo | Abbuu keekkuu | Qote bulaa |
| 15 | Waaqjiraa Alamaayyoo | 12/3/2013 | 82 | Warra Jaarsoo | Abbuu keekkuu | Qote bulaa |
| 16 | Tufaa Abbabaa | 11/5/2013 | 35 | | Abbuu keekkuu | Qote bulaa |

**Dabalee .D.**





*Suura.1.Odeeffannoo yeroo Waajjira aadaafi turizimiira Aanaa warra jaarsoo irraa Irraa fudhu agarsiisu.*

*suura,2.Odeeffannooyeroo namoota waliin taasisu agarsiisu*





Suura,3.Namoota Odeeffannoo kennuuf filataman

*Suura.4.Fakkii Shimalaa Agarsiisu*



*Suura .5.Shimala shiboofi toleen irra marame agarsiisu*



Suura.6.Haala Rukkuttaa Shimalaa Agarsiisu



Suura.7.Iddoo ol ka’aa Shimala  Agarsiisu.



suura.8.Dhiichisni Haala Geengoottin RaawwatamuuAgarsiisu.



suura,9. Ulee Shimalli Bakka Bu’aa Dhufe Agarsiisu

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu fi wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda wabii keessa kaa'uu koo nan mirkaeessa.

Maqaa:___________________________

Mallattoo_________________________

Guyyaa___________________________

Ani Dr.______________________barataan kun hojii isaa of ittisuuf dhihaachuu danda'uu isaa mallattoo kootin nan mirkaneessa.

Maqaa:______________________

Mallattoo____________________

Guyyaa______________________